

**INSTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI
QORANNOO SEERAA OROMIYAA**



**Qorannoo Imaammata Leenjii Instiitiyuutii Leenjii
Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa:
Barbaachisummaa fi Haala Raawwii Isaa**

Gulaaltotni:

Misgaanuu Mul'ataa fi

Darajjee Ayyaanaa

Milkii Makuriyaa

Hagayya 2004

BAAFATA

BOQONNAA 1	5
GUMEE QORANNOO IMAAMMATA LEENJII	5
BOQONNAA 2	11
MAALUMMAA, BARBAACHISUMMAA LEENJII FI MALOOTA KENNA LEENJII BU'AA QABEESSA TAASISAN	11
Seensa	11
2.1. Maalummaa fi Barbaachisummaa Leenjii	11
2.2. Gosoota Leenjii	12
i. Leenjii hojiin duraa (Induction training):	12
ii. Leenjii hojii irraa bakka hojiitti kennamu (On-the-job training):	12
iii. Leenjii hojii irraa wiirtuulee keessatti kennamu (Off-the-job training):	13
2.3. Barbaachisummaa Leenjii	13
2.4. Seena Gabaabaa Leenjii Seeraa	14
2.5. Barbaachisummaa, Kaayyoo, Amalootaa fi Qabiyyee Leenjii Seeraa	17
2.6. Qajeeltoowwan kenna leenjii fi haalawwan adeemsa leenjii irratti dhiibbaa uuman	23
2.7. Maloota Kenna Leenjii (Instructional Methods)	24
i. Ibsa daree (Lecturing and Explaining)	24
ii. Leenjii elektronikawaa (E-Learning)	28
iii. Dhimmoota Qabatamoo Qo'achuu (Case Studies)	29
iv. Agarsiisa (Demonstration)	31

v. Marii Garee (Discussion Method):-.....	32
vi. Gaaffilee keessummeessuu	33
vii. Hojii Fakkeettii Fayyadamuu (Role-play)	34
viii. Leenjii Shaakallii	35
2.5. Meeshaalee Leenjii.....	38
2.5.1. Gabatee Gurraacha (Aadii) fi 'Filiip chaartii'	39
2.5.2. Islaayidii (slides)	40
2.5.3. Handaawutii (supporting notes)	41
2.5.4. Viidiyoo.....	42
2.5.5. Projektarii (overhead projector)	42
2.5.7. Haala Leenjistoondi Koorsii Leenjii Kennan itti Filatamanii fi Gahuumsa Qabaachuu Qaban	44
2.6. Moodeloota Leenjii (Models of Training).....	50
2.7. Qajeeltoowwan Leenjii Gaheessotaa (Principles of Adult Learning)	55
2.7.1. Sagantaa leenjii Leenjifamtoota Giddu-galeessa Godhate Qopheessuu.....	56
2.8. Leenjii Karoorsuu fi Qopheessuu (Lesson Planning & Preparation)	58
2.8.1. Qajeeltoowwan karoorsa leenjii fi kenna leenjii keessatti gargaarsa qaban:-	59
2.9. Kaarikulamii fi Moojuulii Qopheessuu.....	61
2.9.1. Kaarikulamii Leenjii: Maalummaa fi Barbachisummaa.....	61
2.9.2. Moojuulii Leenjii.....	65
2.10. Koorsii leenjii Qopheessuu (Course development).....	66

2.11. Fedhii Leenjii	69
2.12. Sakatta'a Raawwii Leenjifamtootaa.....	75
2.13. Bu'aa Leenjii Madaaluu (Evaluation Training)	78
BOQONNAA 3.....	82
3.1. MAALUMMAA,QABIYYEE FI BARBAACHISUMMAA IMAAMMATA LEENJII: MUUXANNOO DHAABBILEE BIYYA KEESSAA FI BIYYA AMBAA.....	82
3.1.1. Maalummaa fi Qabiyyee Imaammata Leenjii	82
3.1.2. Barbaachisummaa Imaammata leenjii.....	84
3.2. Imaammata Leenjii: Muuxannoo Dhaabbilee fi Manneen Hojii Biyya Keenyaa Fi Biyyoota Ambaa.....	85
3.2.1. Muxannoo Biyya Keenyaa	85
A. Imaammata Leenjii Instiitiyuutii Manaajimentii Itoophiyaa	85
B. Imaammata Leenjii Yunivarsiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa	91
3.2.2. Imaammata Leenjii Muuxannoo Biyyoota Ambaa	96
A. Muuxannoo Kaawunsilii Istaaford Booroo (Stafford Borough Council)	96
B. Muuxannoo Pappuwaa Niwu Giinii (Papua New Guinea).....	99
C. Muuxannoo Ministeera Pablik Servisii Rippablika Ugaandaa	101
BOQONNAA 4.....	107
IMAAMMATA LEENJII INSTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA.....	107
4.1. Hundeeffama Instiitiyuutichaa	107
4.2. Ergama, Kaayyoo fi Gosoota Leenjii Instiitiyuutichaa	108

4.2.1. <i>Ergama Adeemsa Hojii Ijoo Leenjii fi Tajaajila Gorsaa</i>	108
4.2.2. <i>Kaayyoo</i>	109
4.2.3. <i>Gosoota Leenjii</i>	109
4.3. <i>Bulchiinsa Kenna Tajaajila Leenjii Instiitiyuutichaa</i>	110
4.4. <i>Imaammata Leenjii ILOQHQSO</i>	111
4.5. <i>YAADA GUDUUNFAA FI FURMAATAA</i>	118
4.5.1. <i>Yaada Guduunfaa</i>	118
4.5.2. <i>Yaada Furmaataa</i>	119

BOQONNAA 1

GUMEE QORANNOO IMAAMMATA LEENJII

1. Seensa

Heerri mootummaa RDFI bara 1987 (A.L.I tti) erga ragga'ee as fedhii fi faayidaa lammiilee jiddu-galeessa godhachuudhaan mootummaan ijaarsa sirna dimokraasii, nageenyaa fi misooma biyyaa galmaan gahuuf tarsiimoo fi sagantaalee adda addaa baaseera. Sirna dimokraasii ijaaruu fi nageenyaa fi misooma argamsiisuuf carraaqqii godhamu galmaan gahuu keessatti sirna haqaa cimaa ijaaruun dirqama ta'uu hubachuun mootummaan sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa akka biyyoolessaatti labsee saganticha hojiitti hiikuudhaafis sochii adda addaa godhaa jira.

Rakkoo sirna haqaa biyya keenyaa hundee gad-fageeffate kanaaf furmaata barbaaduuf sirna haqaa biyyattii irratti qorannoon mootummaadhaan gaggeeffamee ture¹. Rakkoo jiran keessaa inni adda duree jedhamee qorannichaan lafa kaa'ame rakkoo gahuumsa ogeessota qaamolee haqaa yoo ta'u sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa sadarkaa biyyaa fi naannooleetti diriiruuf jedhu keessattis xiyyeeffannoon guddaan kennamee hojii bal'aan hojjetamuu qabus gahuumsa ogeessota kanneenii cimsuuf leenjii walirraa hin cinne kennamuu akka qabu akeekke ture².

Kanarraa ka'uudhaan sirna haqaa naannoo keenyaa fooyyessuuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa *Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa* bara 1999 tti danbiin hundeesseera³.

Inistiitiyuutichis sirna haqaa cimaa ijaaruuf leenjii ogeessota qaamolee haqaatiif kennuu (gahuumsa ogeessota qaamolee haqaa) akka toora xiyyeeffannoo tarsiimowaa tokkootti qabatee socho'aa jira⁴. Toora xiyyeeffannoo tarsiimowaa kanaan bu'aa tarsiimowaan argachuuf yaadames '*sirna haqaa naannichaa ogeessota gahuumsa olaanaa qabaniin*

¹ Comprehensive Justice System Reform Program the BASELINE STUDY REPORT, Ministry of Capacity Building Justice System Reform Program Office, February, 2005. Kan argamu :

www.cilc.nl/uploads/CILC%20Ethiopia%20D%2005-0103.pdf

² Akkuma Miiljalee 1ffaa

³ Danbii lakk. 77/1999

⁴ *Sirna Madaallii Bu'aa Karoora Tarsiimoo Inistiitiyuutichaa, Amajjii 2003, Kan Hin Maxxanfame (fuula 42).*

ijaarame' isa jedhu dha. Toorri xiyyeeffannoo kun kan ittiin galma gahu kaayyoowwan tarsiimowaa 14 gahan kan kaa'aman yoo ta'u, isaan keessaa kanneen gurguddoo fi adeemsa keessaa waliin walqabatan: qulqullina fi uwwisa leenjii dabaluu, bulchiinsa odeeffannoo fooyyessuu fi hariiroo hojii dabaluu isaan jedhanii dha⁵.

Toorri xiyyeeffannoo gahuumsa qaamolee haqaa kunis sagantaawwan leenjii gosa sadii of keessaa kan qabu yoo ta'u, isaaniis: Sagantaa Leenjii Hojiin Duraa, Leenjii Hojii Irraa Yeroo Gabaabaa fi Leenjii Hojii Irraa Yeroo Dheeraa kan jedhamanii dha. Sagantaan leenjii hojii irraa /LHI/ gahuumsa abbootii seeraa fi abbootii alangaa hojiirra jirani itti fufiinsaan ijaaraa deemuuf, rakkoo hojii keessatti mudatanii fi qabatamaa ta'an hiikuuf, tajaajila qindoomina qabuu fi wal fakkaataa ta'e kennuu akka danda'an gargaaruuf akkasumas dandeettii fi ogummaa haarawaa ta'an babal'isuuf ogeessota qaamolee haqaatiif leenjii kennamu dha. Gabaabumatti, leenjiin hojiirraa dandeettii raawwachiisummaa cimsuuf kan gargaaruu dha jechuun ni danda'ama.

Leenjiin hojiin duraa /LHD/ immoo leenjii namoota gara qaamolee haqaatti haaraa makamuuf jedhan ogummaa, beekumsaa fi naamusa olaanaa abbaa seeraa fi abbaa alangaa irraa barbaadaman gonfachiisuu, akkasumas miiraa fi ilaalcha tajaajiltummaa horachiisuu irratti kan xiyyeeffatu dha.

Sagantaan LHD' waggaa tokkoof walakkaaf, sagantaan LHI yeroo dheeraa baatii shaniif, sagantaan LHI yeroo gabaabaa immoo hanga guyyoota shaniitti yeroo turuuf kan kennamanii dha.

Instiitiyuutichi itti gaafatamummaa olaanaa gama toora xiyyeeffannoo tarsiimowaa gahuumsa ogeessota qaamolee haqaatiin irratti gatame kana milkeessuuf hojiiwwan hedduu hojjechuu akka qabu waantotni akeekan ni jiru. Keessumaayyuu immoo Instiitiyutichi qulqullina, gahuumsaa fi uwwisa leenjii mirkaneessuun walqabatee adeemsa sirnaawaa fi walfakkaataa ta'e tokko qabaachuu fi ittiin gaggeeffamuu irratti rakkooleen akka jiran ni beekama.

Waan kana ta'eef, qorannoo gaggeessuun rakkoowwan adeemsa kenna leenjii keessatti mul'atan adda baasuudhaan furmaata barbaaduufiin barbaachisaa ta'ee argameera.

⁵ *Akkuma miljalee 4ffaa, fuula 47*

2. Hima rakkoo

Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa ogeessota qaamolee haqaa naannichaatiif tajaajila leenjii kennuudhaan yeroo ammaa hojii bal'aa hojjetaa akka jiru ni beekama. Haata'uyyuu malee, adeemsii fi hoggansi kenna leenjii Instiitiyuutichaa akka barbaadamutti sirnaawaa fi bifa saayinsawaa ta'een kan gaggeeffamu miti. Kun immoo qulqullinaa fi uwwisa akkasumas bulchiinsa leenjii waliin rakkoolee walqabatan kan uumu waan ta'eef, leenjiin Instiitiyuutichi kennu ergamaa fi kaayyoo qabate bira akka hin dhaqqabne kan godhu dha.

3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon waliigalaa qorannoo kanaa bu'aa toora xiyyeeffannoo tarsiimowaa leenjiitiin argachuuf yaadame milkeessuu keessatti rakkoo jiru adda baasuu fi sirna diriiruu qabu agarsiisuu dha. Dabalataan qo'annoon kun kaayyoowwan addaa armaan gadii ni qabaata:

- Adeemsa fi hooggansa kenna leenjiitiin walqabatee muuxannoowwan rogummaa qaban tokko tokko ilaaluu
- bu'aa adeemsa fi hooggansa leenjii sirnaawaa ta'e qabaachuu irraa argamu yookin miidhaa sirnicha dhabuudhaan dhaqqabu xiinxaluu.

4. Faayida Qorannichaa

Qorannoon kun fayidaa hedduu ni argamsiisa. Qorannoo kana bu'uureffachuun sirni bulchiinsa leenjii saayinsawaa ta'e ni diriira. Kanaafis qorannichi muuxannoo jiru agarsiisuudhaan bu'uura ta'uun kan gargaaru dha.

Sirni diriiruus rakkoolee gama qulqullinaa fi gahuumsa kenna leenjiitiin wal qabataniin mul'atan hundee irraa furuuf ni gargaara. Akkasumas uwwisni leenjii haqa-qabeessaa fi dhaqqaabummaan isaa mirkanaa'e akka jiraatu ni dandeessisa.

Gama biraatiin hooggansii fi kenniinsi tajaajila leenjii karoora leenjii waliin ta'uun atoomamuun akka gaggeeffamuu fi qajeelfamu ni dandeessisa. Kun immoo adeemsi kenna

leenjii sirnaawaa, walfakkaataa, si'aawaa, bu'a qabeessaa fi iftoomina qabu akka diriiru taasisa. Raawwii tajaajila kenna leenjii yeroo yerootti sakatta'uu fi madaaluudhaan hir'inootni mul'atan furamaa akka deemanis haalli mijataan akka uumamu ni dandeessisa.

Dabalataanis leenjiin Instiitiyuutichaan kennamu meeshaalee fi maateriyaalota leenjii qulqullina qabaniif fi gahuumsa olaanaa calaqqisiisaniin akka deeggaramu kan mirkaneessan ta'u. Imaammattanii fi qajeelfamootni qophaa'an kunneen leenjistootni adeemsaa fi akkaataa kenna leenjii Instiitiyuutichaa dhaqna akka godhatan /internalize/, hojiitti hiikinsa isaas bifa salphaa fi bu'a qabeessa ta'een akka raawwatan haala mijataa uumuuf ni fayyadu.

Kun immoo qaamoleen haqaa fooyya'iinsa tajaajila leenjii uumamuutiin deeggaramuudhaan raawwii isaanii akka cimsatan godha. Ibsa waliigalaatiin sirni haqaa naanichaa akka guddatu qorannichi fayidaa olaanaa ni qabaata.

5. Mala Qorannoo

Qorannoo kana gaggeessuuf maddaaleen odeeffannoo gara garaa hojiirra oolaniif kan jiran yoo ta'u, adda duraan muuxannoon dhaabbilee leenjii /barnootaa/, barruuleen, qorannoowwanii fi kitaabotni rogummaa qaban sakatta'amaniiru. Dabalataanis gaaffiin afaanii qaamolee filataman muraasaa waliin gaggeeffameera.

Barruuleen sakatta'amanis madda elektiroonikaa fi laabrariiwwan irraa yoo ta'u, muuxannoowwan ilaalchisee imaammattani leenjii dhaabbilee biyya keessaa fi biyya ambaa tajaajila leenjii /barnootaa/ kennanii ilaalamaniiru.

Haaluma kanaan sakatta'iinsa barruulee irraa odeeffannoon argame gosoota leenjii fi amala isaanii, maloota kenna leenjii, gosoota madaallii, sirna sakatta'a leenjii fi kkf agarsiisuuf fayidaarra oolaniiru.

Muuxannoowwanis adeemsaa fi hooggansa leenjiitiin walqabatee sirna jiru agarsiisuu haala danda'aniin ilaalamaniiru.

Odeeffannoowwan gaaffilee afaanii irraa argaman jalqabbii kenna leenjii fi rakkoolee yookin danqaawwan dhabamuu imaammata leenjii, keessattuu kan Instiitiyuutii keenyaan wal qabatani ka'an agarsiisuuf gargaaraniiru.

Bu'uuruma kanaan qaamolee gara garaa Instiitiyuutichaa irraa gaaffilee afaanii gaafataman malee Yuunivarsiitii siivil sarvisii Itoophiyaa, Ministeera siivil sarvisii Itoophiyaa Komishinii Siivil Sarvisii Oromiyaa, Instiitiyuutii Manaajimentii Itoophiyaa, Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaa, Ministeera Barnootaa RDFI, Mana Murtii Walii Galaa fi Biiroo Haqaa Oromiyaa irraa odeeffannoo fi muuxannoo hiruun madda odeeffannoo qorannichaa ta'aniiru. Biyyoota ambaa irraas muuxannoon dhaabbilee 2 ilaalameera.

Qaamoleen kunneen kan filataman gahee fi hojii isaanii irraa ka'uun muuxannoo fi odeeffannoo qorannichaaf roggummaa qabu ni kennu jedhamee waan amanameefi dha. Keessattuu muuxannoo kenna leenjii sirnaawaa ta'e qabaachuun akka biyya keenyaatti fakkeenyummaa kan qabu muuxannoon Yuunivarsiitii Siivil Sarvisii fi Instiitiyuutiin Manaajimentii Itoophiyaa ilaalamaniiru.

Walumaagalatti, gabateen armaan gadii baay'ina gaaffilee afaanii gaafatamanii fi qaamolee gaaffichi dhiyaateef kan agarsiisu dha.

Lak.	Madda Ragaa	Gaaffii Afaanii	
1.	Instiitiyuutii keessaa	2	
	• Qorattoota		
	• Leenjistoota		6
	• Instiitiyuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa Federaalaa		2
2.	Yuunivarsiitii siivil sarvisii Itoophiyaa	1	

3.	Komishinii Siivil Sarvisii Oromiyaa	1
4.	Yuniversitii Finfinnee	1
5.	Mana Murtii Waliigala Oromiyaa	2
6.	Biroo Haqaa Oromiyaa	1
7.	Institiyyuutii Manaajimentii Itoophiyaa	1
Ida'ama		17

*Dabalataan waltajjiwwan marii Institiyyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa keessatti godhaman irratti yaadotni hooggantootaa fi raawwatoota leenjitiin ka'anii fi gabaasotni dhiyaatan kanneen qorannoo kanaaf rogummaa qaban akka madda odeeffannootti gargaaraniiru.

6. Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoo kana irraa qaamoleen hedduun fayyadamtoota ta'u. Sadarkaa duraa irratti Institiyyuutichi, qaamoleen hooggansa leenjii fi leenjistootni kallattiin fayyadamtoota dha. Qaamoleen haqaa naannichaa fi ogeessotni leenjicha fudhatanis leenjii fedhii isaanii bu'uureffate, iftoominaa fi gahuumsa qabu waan argataniif fayyadamoo dha. Mootummaa fi hawaasni naannichaas leenjiin Institiyyuutichaan kennamu bu'a qabeessummaa baajataa kan mirkaneessu akkasumas sirni haqaa cimaa ta'e akka jiraatu waan deeggaruuf fayyadamaa ni ta'a. Dhaabbileen biroo leenjii kennanii fi Institiyyuuticha waliin hariiroo qabanis fayyadamtoota qorannichaati.

BOQONNAA 2

MAALUMMAA, BARBAACHISUMMAA LEENJII FI MALOOTTA KENNA LEENJII BU'AA QABEESSA TAASISAN

Seensa

Leenjiin ogeessota gara garaaf kennamu fedhii fi kaayyoo manneen hojii milkeessuu keessatti akkasumas dandeettii raawwachiisummaa ogeessotaa fi hooggansaalee cimsuudhaan guddina diinagdee, hawaasummaa fi siyaasa biyya tokkoo keessatti dhimma bakka olaanaa argataa dhufe akka ta'e beekamaa dha. Bu'uuruma kanaan sirnii fi malli leenjiin ittiin kennamu yeroo gara yerootti guddataa fi fooyya'aa dhufeera. Leenjiin ogeessota qaamolee haqaatiif keennamu, keessattuu leenjiin abbaa seerummaa, sababoota gara garaatiin bifa sirnaawaa fi idilaawaa ta'een kennamuu kan eegale yeroo dhiyoo keessa dha. Dhaabbileen leenjii qaamolee haqaatiif kennanis yeroo jalqabaaf biyya Ameerikaatti bara 1950'oota keessa hundaa'uu danda'aniiru. Itti aansuudhaanis biyyoota Awurooppaa, Awustraaliyaa fi biyyoota guddataa jiran keessatti babal'achaa deemuu danda'eera⁶.

2.1. Maalummaa fi Barbaachisummaa Leenjii

Leenjii jechuun maal akka ta'e barreeffamootni gara garaa hiikkaa itti kennaniiru. Barreeffamni tokko:

*'Training is essentially the instructing of others in information new to them and its application. It may, and often does, involve the teaching of new skills, methods and procedures'*⁷ Jechuun kaa'eera.

Hiikkaan armaan olitti kenname akka agarsiisutti leenjiin gocha ogummaa, mala yookin adeemsa haaraa qaama adda bahe tokkoof bifa odeeffannootiin dabarfamu kamiyyuu kan dabalatu akka ta'e dha.

⁶ A and M. Bhattari, Institutional framework for legal and Judicial Training in south Asia, law and development work paper series, No 2

⁷ Principles and Methods of Training, The training manual and module prepared by Food and Agriculture Organization of the United Nations (FAO), 1995. Kan argamu, <http://www.fao.org/docrep/W8088E/w8088e03.htm>

Gama biraatiin hiikaa leenjiif kenname tokko akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama:

Training is a set of a systematic process designed to meet learning objectives related to trainees' current or future jobs⁸. These processes can be grouped into the following phases; needs analysis, design, development, implementation, and evaluation⁹.

Akka hiikkaa kanaatti immoo leenjiin adeemsa sirnaawaa xiinxala fedhii leenjii gaggeessuu irraa jalqabee hanga madaallii bu'aa leenjiitti jiru kan dabalatu ta'ee hojii yeroo leenjichi kennamu yookin fulduratti leenjifamaan raawwatu waliin walqabatee kan qophaa'u akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

2.2. Gosoota Leenjii

Leenjiiwwan ogeessotaaf kennaman gosoota gara garaa kan qaban yoo ta'u, gosootni leenjii beekamoo ta'an kanneen armaan gadii ti:

i. Leenjii hojiin duraa (Induction training):

Leenjiin bifa kanaa ogeessota haaraa ramadamaniif hojii bifa bu'a qabeessaa fi saffisa qabuun raawwachuuf akka dandeessisu yaadamee kan kennamu dha. Leenjiin hojiin duraa ogeessotni haaraan malootaa fi adeemsaalee hojii beekuu dhabuudhaan dogongora hin malle akka hin raawwatne kan gargaaru dha. Qabiyyee fi dheerinni yeroo leenjii hojiirraa akkaataa amalaa fi gita hojii ogeessotaatiin walhiruu danda'a¹⁰.

ii. Leenjii hojii irraa bakka hojiitti kennamu (On-the-job training):

Leenjiin akkanaa immoo bakkuma ogeessi hojii isaa hojjetutti argamuudhaan gosa leenjii kennamu dha. Leenjiin bifa kanaa raawwataan akkamitti hojii isaa akka hojjetu, mala

⁸ Training-delivery-methods. Kan argamu <http://www.enotes.com/training-delivery-methods-reference/training-delivery-methods>. Kan dhaqqabame Amajjii 15,2012.

⁹ Reference for Business, Encyclopedia of Business, 2nd ed. [Tr-Z, Kan argamu: http://www.referenceforbusiness.com/index.html](http://www.referenceforbusiness.com/index.html)

¹⁰ The following areas may be included in induction training; learning about the duties of the job, meeting new colleagues, seeing the layout of the premises, learning the values and aims of the business, learning about the internal workings and policies of the business. (*Akkuma miiljalee olii*)

agarsiisaatiinii /demonstration/ fi k.k.f¹¹ ‘niin kan kennamu yoo ta’u, bu’a qabeessummaa fi baasii xiqqaan raawwatamuu isaatiin kan beekamu dha. Haata’uuyuu malee leenjiin bakka hojiitti kennamu kun bu’aa-bayiiwwan kan qabu yoo ta’u: isaan keessas, qulqullinni leenjichaa gahuumsa leenjisa qofarratti kan hundaa’u ta’uu isaa, leenjisaan leenjifamaa isaatti amala gaarii hin taane dabarsuu danda’uu isaa fi naannawaan leenjichi itti kennamu bakka hojii waan ta’eef jeequmsa qabaachuu isaa fa’i¹².

iii. Leenjii hojii irraa wiirtuulee keessatti kennamu (Off-the-job training):

Leenjiin akkanaa immoo gosa leenjii leenjifamtootni yeroo murtaa’eef hojii isaaniirraa ka’uun bakka biraa deemuun fudhatani dha. Leenjiin kunis bifaa fi turmaata yeroo gara garaatiif kennamuu danda’a.¹³ Gosti leenjii kun leenjifamaan gahuumsaa fi ogummaa bal’aa akka argatuu fi ofitti amanamummaa akka horatu gochuuf gahee olaanaa ni qabaatu¹⁴.

2.3. Barbaachisummaa Leenjii

Akkuma barnootaa leenjiinis beekumsa, ogummaa fi ilaalcha irratti hubannoo dabarsuuf meeshaa gargaaru dha. Barbaachisummaa leenjii ilaalchisees ilaalchi adda addaa kan calaqqisiifaman yoo ta’u, kaayyoowwan waliigalaa leenjiin kamiyyuu galmaan gahuu

¹¹ *The main methods of on-the-job training include: 1. **Coaching** - a more intensive method of training that involves a close working relationship between an experienced employee and the trainee, or 2. **Job rotation** - where the trainee is given several jobs in succession, to gain experience of a wide range of activities (e.g. a graduate management trainee might spend periods in several different departments), and 3. **Projects** - employees join a project team - which gives them exposure to other parts of the business and allow them to take part in new activities. Most successful project teams are "multi-disciplinary". Coaching is a process of providing one-on-one guidance and instruction to improve the work performance of the person being coached in a specific area. Usually, coaching is directed at employees with performance deficiencies, but it can also serve as a motivational tool for those performing adequately. Typically the supervisor acts as the coach. The coach must be skilled both in how to perform the task(s) and how to train others to do them.*

(Akkuma miiljalee olii)

¹² Akkuma miiljalee olii.

¹³ Common methods of off-the-job training include: day release (employee takes time off work to attend a local college or training centre), distance learning / evening classes, block release courses - which may involve several weeks at a local college, and sandwich courses - where the employee spends a longer period of time at college (e.g. six months) before returning to work *(Akkuma miiljalee olii)*.

¹⁴ Akkuma miiljalee olii.

danda’u jedhamanii Gamtaa Awurooppaatti kaawunsilii barnootaa fi leenjiitiin yaada taa’e haa ilaallu¹⁵:

...the general aims which society attributes to education and training include: (a) the development of individual, who can thus realize his/her full potential and live a good life, (b) the development of society, in particular, by fostering democracy, reducing the disparities and inequities among individuals and groups, (c) the development of the economy, by ensuring the skills of the labour force correspond to the economic and technological evolution.

Ibsa kana irraa akka hubatamutti, leenjiin namoota dhuunfaa, hawaasaa fi diinagdee guddisuu keessatti gaheen inni qabu olaanaa ta’uu isaa ti.

Barbaachisummaa leenjii waliin walqabatee yaada hayyuun “Grabowski” jedhamu ibse ilaaluun barbaachisaa dha.

Training prepares an individual to acquire a skill that will result in a specific kind of behavior, whereas education generally provides opportunities to live and perform better in every dimension of life. Thus training narrows whereas education broadens an individual’s range of responses.¹⁶

Akka yaada barreessaa kanaatti baruumsa beekumsa argamsiisuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, leenjiin garuu hojii irratti kan fuulleeffatu dha. Leenjiin jijjiirama fiduu waliin walqabata. ¹⁷ Kanaaf leenjiin baruumsa bal’aa ta’e kennuurra dhimma hojii leenjifamaa irratti ogummaa murtaa’e waliin walbarsiisu irratti xiyyeeffata.

2.4. Seenaa Gabaabaa Leenjii Seeraa

Barbaachisummaa leenjii seeraa ilaalchisee yaadotni walfaallessan garagaraa ka’aa turaniiru. Qaamni abbaa seerummaa Ameerikaa barbaachisummaa leenjii abbootii seeraa

¹⁵ Report from the education council to the European council, on the concrete objectives of education and training systems, Lisbon 2000. Kan ilaalame Onkoloeessaa 2011 ALA.

Kan argamu, http://ec.europa.eu/education/policies/2010/doc/rep_fut_obj_en.pdf

¹⁶ Living Stone Armytage, the need for containing Judicial Education, UNSW law journal, vol. 16 Np 3 1993, fuula 537.

¹⁷ Akkuma Miiljalee olii.

tiif beekamtii erga kennee jaarraa walakkaa ta'uuf adeema¹⁸. Akka hayyuun 'Li' jedhamu ibsetti:

*The American judiciary, in addressing the long-pressing needs of the state courts, has come to realize that judicial education is one of the most effective and perhaps an indispensable means of enhancing the fair and efficient administration of justice.*¹⁹

Ibsa armaaan olii kana irraa kan hubatamu leenjiin abbaa seerummaatiif kennamu fedhii fi kaayyoo manneen murtii milkeessuu keessattis ta'e bulchiinsi haqaa biyya tokkoo madaalawaa fi gahuumsa kan qabu akka ta'u taasisuu keessatti dhimma bakki guddaan kennamuuf akka ta'e dha.

Inglizzi keessattis bara 1974'tti leenjiin abbaa seerummaatiif kennamu barbaachisaa akka ta'e hubatamee gumiin leenjii abbaa seerummaa hundaa'era. Leenjiin abbootii seeraas sirnaawaa fi idilaawaa (formalized) ta'ee jalqabameera.²⁰ Biyya Awustraaliyaattis leenjiin abbaa seerummaa bara 1983 irraa jalqabee bifa akka qabaatu ta'era²¹.

Biyyoota gara garaa keessatti bifa kanaan leenjiin ogeessota seeraa ammayyaawaa fi idilaa'aa ta'e babal'achaa kan deeme yoo ta'ellee, barbaachisummaa leenjii abbaa seerummaatiin walqabatee mormiiwwan garagaraa ka'uun isaanii hin oolle. Biyya Inglizzitti hundeeffamuu dhaabbilee leenjii abbaa seerummaa kan morme 'Lord Hailsham' 'gahumsi abbaa seerummaa hojiratti shaakalliin kan argamu dha malee leenjiidhaan kan argamu miti' yaada jedhu calaqqisiisaa tureera.²² Biyya Awustraaliyaattis mormii walfakkaataan kan ka'ee ture yoo ta'u, mana murtii waliigalaa 'Kuwiins land' tti abbaa seeraa kan ture 'Dowsett' akka itti aanu kanatti mormii isaa ibseera:

¹⁸ Akkuma Miiljalee olii fuula 542

¹⁹ Akkuma Miiljalee olii.

²⁰ Akkuma olii, fuula 543.

²¹ '...By the call for a formalized approach Michael Girby states 'it is assumed that years of practice as barrister is the necessary and sufficient qualification for judges. I believe we could do better... we need a national (judicial training) institute'. (*Akkuma Miiljalee olii.*)

²² Akkuma miiljalee olii.

Why can we not trust judges to keep up to the extent necessary without creating another level of bureaucratic supervision? Of course, there is no reason... there is a serious threat to our status and our independence in accepting a systematized judicial education program²³.

Ibsi kun ifatti akka agarsiisutti mormii fi rincicni dhaabbilee leenjii seeraa idilaa'aa ta'e kennan irratti dhiyaataa ture inni guddaan bilisummaa abbaa seerummaa balaarra buusuu danda'a yaaddoo jedhurraa kan maddu dha.

Mormiiwwan walfakkaataan biyyootaa fi beektota garagaraa irraa ka'aa kan turan yoo ta'ellee, hayyootni barbaachisummaa leenjii abbaa seerummaa sirnaawaa deeggaranis hedduu turan. 'Sir Ivor Richardson' akkas jedha.

We can no longer depend almost entirely on self education by the individual judge, supplemented by informal discussions with judicial colleagues. A more systematic and professional approach is needed.²⁴

Ibsi 'Richardson' kun immoo abbootiin seeraa ofiin akka baratan yookin marii al-idilaawaa abbootii seeraa jidduutti gaggeeffamuun qofa gahuumsa abbaa seerummaa akka barbaadamutti mirkaneessuun akka hin danda'amne kan agarsiisuu dha.

Ilaalcha gama Ameerikaanotaan ture "Richardson" yeroo deeggaru:

'The reservoir of knowledge and social experience of judges needs to be supplemented by an educational programme... [F]ormal judicial education programmers' are; of stimulating awareness of changing social and economic perspectives and values; and generally of enabling us to keep abreast of all those facets of our work in changing times²⁵, jedheera.

Ibsi kun gahuumsi abbootiin seeraa kara adda addaa argatan sagantaalee leenjii sirnaawaa fi idilaawaa ta'aniin deeggaramuu akka qabu yaada ibsu dha.

²³ Akkuma miiljalee olii, fuula 544

²⁴ Akkuma miiljalee olii, fuula 546.

²⁵ Kanuma olii

Yeroo ammaa ilaalchi leenjiin abbaa seerummaa sirnaawaa bifa ta'een kennamuu hin qabu jedhu duubatti hafaa (outdated) ta'uun isaa liqimfamaa dhufeera.²⁶ Bu'uuruma kanaan Ameerikaa keessatti bara 1950'oota keessa, Inglizzitti immoo bara 1979 leenjiin abbaa seerummaa bifa sirnaawaa fi idilaawaa ta'e (formalized) qabateera²⁷. Biyyoota Awurooppaa biroo keessattis dhaabbileen leenjii ogeessota seeraa waggoota 20 fi 30 dura babal'ataa turaniiru.²⁸ Kanaaf yeroo ammaa gaaffii kan ta'u barbaachisummaa leenjii seeraa osoo hin taane akkamittii fi eenyuun leenjiin seeraa kennamuu qaba isa jedhudha.²⁹

Akka biyya keenyaattis leenjiin ogeessota qaamolee haqaatiif kennamu yeroo ammaa xiyyeeffannaa olaanaa argatee kan jiru yoo ta'u, sadarkaa federaalaa fi naannoleettis dhaabbileen leenjii kana kennanis hundeeffamanii jiru. Hunda caala immoo karoorri guddinaa fi traansfoormeeshinii bara 2002-2007' tti hojiirra ooluuf qophaa'e abbootii seeraa fi abbootii alangaa ta'uun ogeessota haaraa qacaramaniif leenjiin hojiin duraa duraa kennamu akka qabu ni kaa'a. Akkasumas abbootii seeraa fi abbootii alangaa sadarkaa kamittiyyuu hojiirra jiraniif leenjiin gabaabaa sakatta'a fedhii bu'uureffate waggaatti yoo xiqqaate yeroo tokko kennamuu akka qabu lafa kaa'eera. Karoorichi akka ibsutti leenjiin hojiirra kennamu kamiyyuu hanqinaalee ogeessotni kun qaban guutuuf kan gargaaruu fi gahuumsa isaan gama ogummaa, beekumsa, ilaalchaa fi naamusaatiin qaban kan cimsu ta'uu qaba³⁰.

2.5. Barbaachisummaa, Kaayyoo, Amalootaa fi Qabiyyee Leenjii Seeraa

Leenjiin seeraa abbaa seerummaa tiif dabalatee ogeessota qaamolee haqaa gara garaatiif kennamu sirna haqaa gahuumsa qabu ijaaruu keessatti shoora olaanaa kan taphatu akka ta'e ni beekama. Barbaachisummaan leenjii qaamolee kanneeniif kennamu kunis fayidaawwan hooggansaa, baasii xiqqeessuu fi amantaa uummata dabaluu wajjin

²⁶ Akkuma Miiljalee 7ffaa, fuula 7

²⁷ Akkuma Miiljalee olii

²⁸ Akkuma Miiljalee olii

²⁹ Akkuma miiljalee olii

³⁰ Karoora Guddinaa fi Traansifoormeeshinii Itoophiyaa, fuula 101 fi 102.

<http://www.mofed.gov.et/English/Resources/Documents/GTP%20English2.pdf>

walqabataniin kan ibsamu dha³¹. Barbaachisummaa leenjii seeraa yeroo ibsu hayyuun ‘Felix Frufurter’ jedhamu akkas jedha.

*In the last analysis the law is what the lawyers are. And the law and the lawyers are what the law schools make them*³².

Akka ibsa kana irraa hubachuun danda’amutti seerrii fi ogeessotni seeraa dhaabbilee barnoota seeraa irratti kallattiin kan rarra’an ta’uu isaati.

Leenjiin ogeessota seeraatiif kennamu gosa sadi qaba: leenjii ogeessota haaraa hojii waliin wal barsiisuuf kennamu (induction in to new responsibilities and preparation for change) leenjii hojiirraa (continuing education - refresher, maintenance & modernization) fi leenjii hojii fooyyessuu (career development) jedhamu.³³ Leenjiin ogeessota seeraatiif kennamu amaloota ogummaa isaanii waliin walqabachuu qaba.

Akka hayyuun ‘Houle’ jedhamu ibsutti leenjiin ogummaa abbaa seerummaa amaloota torba qaba. Innis yeroo ibsu:

*Characteristics of the judicial profession which must be acquired on becoming a judge are (1) transition which may be traumatic and unprepared; (2) integration with a larger judicial body; (3) Isolation of practice; (4) unique decision making obligation; (5) changing judicial roles; (6) absence of financial incentive to participation in rearing; (7) extreme heterogeneity of new judges in age and experience.*³⁴

Amalootni leenjii abbaa seerummaa ‘Houle’ ibse kunneen baay’een isaanii leenjii ogeessota haaraa hojii waliin wal barsiisuuf kennaman akka ta’an ni hubatamu.

³¹ Dr Danielaa Piana, Prof. Cherly Thomas (+2), Judicial Training In The 21st Century: An Assessment Tool For European Countries, Draft Report Prepared For CEPEJ (European commission for the efficiency of justice), By The Judicial Studies Alliance, 2007. Kan ilaalame Sadaasa 2011 ALA
Kan argamu, www.ucl.ac.uk/laws/socio-legal/.../Preliminary_Report_162007.pdf

³² Felix Frankfurter, The Growing Disjunction between Legal Education and The Legal Profession, Michigan Law Review, Vol. 91:34, Page 34.

³³ ‘Journal of professional legal Education’, Jiildii (volume) 11 ffaa, lakkoofsa 1, fuula. 54

³⁴ Akkuma Miiljalee olii, fuula 54 fi 55

Qabiyyeen leenjii seeraa bifa shan qabaachuu danda'a: seera bu'uuraa, seera adeemsa, bulchiinsaa fi hooggansa, ogummaa abbaa seerummaa fi naamusa. Leenjiiwwan ogeessota seeraaf kennamanis gosa shan qabu: leenjii ogeessota haaraaf kennamu (induction), leenjii waantota haaraa wajjin walbararsiisu (update), leenjii muuxannoo wal jijjiirraa (experience exchange), leenjii hubannoo addaa gonfachiisuu (specialization) fi leenjii haaromsaa (refresher training) kan jedhanii dha.³⁵

Kaayyoo fi galmi leenjii seeraas akkasuma garaa garummaa qaba. Kaayyoo fi galmi leenjii seeraa 'waldaa biyyoolessaa dhaabbilee leenjii abbaa seerummaa mootummaalee naannoo Ameerikaa' (national association of states judicial educators - NASJE) kan akka itti aanutti ibsame kana dha.

*'The NASJE principles and standards defined the goal of CJE: to maintain and improve the professional competency of all persons in performing judicial functions, thereby enhancing the performance of the judicial system as a whole.'*³⁶
*The objectives of CJE as (1) to assist the judges acquire the knowledge, skills, and attitudes required to perform their judicial responsibilities fairly correctly and efficiently (2) to promote judges adherence to the highest standards of personal and official conduct (3) to preserve the integrity and impartiality of the judicial system through the elimination of bias and prejudice (4) to promote effective court practice procedures, (5) to improve the administration of justice, (6) to enhance public confidence in the judicial system'*³⁷

Akka kaayyoo waliigalaa leenjii waldichaa olitti ibsame irraa hubachuun danda'amutti leenjiin abbootii seeraaf kennamu gahuumsa abbootii seeraa cimsuutti dabalatee sirna abbaa serummaa akka waliigalaatti fooyyessuuf kan kaayyeffate dha.

'Giddu gala leenjii abbaa seerummaa Kaanaadaatti' immoo leenjiin kaayyoo kennamuuf "Livingston" yeroo ibsu:

³⁵ Akkuma miiljalee olii

³⁶ Akkuma Miiljalee olii

³⁷ Akkuma Miiljalee olii

To stimulate continuing professional and personal growth; to engender a high level of social awareness, ethical sensitivity and pride in excellence; within an independent judiciary; there by improving the administration of justice³⁸

‘Giddu-gala leenjii abbaa seerummaa Kaanaadaatti’ leenjiin ogeessota qaamolee haqaatiif kennamu gahuumsaa fi naamusa ogummaa cimsuun bulchiinsa haqaa fooyyessuun kaayyoo isaa isa duraa ta’uu ni hubatama.

Hayyuun ‘Gold’ jedhamu gahuumsa ogummaa abbaa seerummaatiin walqabsiisee yaada isaa akka itti aanu kanatti kaa’eera:

Competence is the aggregate of skills, knowledge and attitudes required for proficient practice. Without skills, knowledge itself is rarely of great use.³⁹ ...and the acquisition of skills must perforce, be active, participatory and involve the student in performing the skill. This mode of instruction is sometimes described as presentation, practice and feedback’. Skills can’t be learned without practice and deficiencies can’t be identified without critical comment ... skills are learned incrementally and sequentially and are build up on one another.⁴⁰

Gahuumsi ida’ama ogummaa, beekumsaa fi ilaalcha hojii tokko raawwachuuf qabnu yoo ta’u, haala dabalaa deemuu fi duraa duuba isaa eeggateen kan baramu dha.

Akka waliigalaatti, leenjiin ogeessota qaamolee haqaaf kennamu haala qabatamaa leenjifamtootni irra jiran irratti hundaa’uun qabiyyeen isaa adda addaa tahuu danda’a. Leenjifamtoota haaraa gara sirnichaatti makamaniif leenjiin kennamu qabiyyee armaan gadii irratti xiyyeeffata.⁴¹

- Naamusa ogummaa (code of conduct)
- Haqummaa (fairness issues)
- Gahee miseensota mana hojii

³⁸ Akkuma Miiljalee oli, fuula 56

³⁹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 57

⁴⁰ Akkuma Miiljalee olii, fuula 58

⁴¹ Akkuma Miiljalee olii

- Sirna bulchiinsa mana murtii (court system management)
- Maloota hooggansa dhimmootaa (case management techniques)
- Seerota bu'uuraa ijoo ta'an (overviews of substantive laws)
- Ogummaa komunikeeshinii dhaddachaa (court-room communication skills)
- Amala, gochaa fi raawwii jajjabeeffamu (demeanour)
- Quunnamtii uummataa fi miidiyaa, kkf

Leenjiin ogeessota hojiirra jiraniif (continuing judicial education) kennamu immoo qabxiilee itti aanan irratti xiyyeeffata.⁴²

- *Dandeettii seeraa*:- seerota irratti fooyya'iinsota uumaman irratti (updates on law), seerotaa fi adeemsota mana murtii (court rules and procedures), dhimmoota seeraa walxaxoo ta'an irratti xiinxala gadi fagoo gochuu (indepth analysis of complex legal issues), falaasamootaa fi hojiimaata kenna murtii madaaluu, k.k.f⁴³
- *Naamusaa fi amala* (comportment and demeanour⁴⁴)
- *Ogummaa hooggansa hojii abbaa seerummaa* (judicial management skills⁴⁵)
- *Dhimmoota biroo deeggarsa qaban* (comtemporary and interdisciplinary issues)⁴⁶
- *Ilaalcha tajaajiltummaa fi kaka'uumsa* (personal development⁴⁷)

Dhimmootni leenjiin ogeessota seeraatiif itti kennaman kunis biyya yookin dhaabbata leenjii tokko irraa kan biraatti garaa garummaa yeroo qabaatan qabatamaan ni mul'ata.

⁴² Akkuma Miiljalee olii

⁴³ Akkuma Miiljalee olii

⁴⁴ Judicial code of conduct; fostering fairness through the recognition and elimination of bias or prejudice; cultural awareness, decisiveness and judicial temperament. (*Akkuma Miiljalee olii*)

⁴⁵ Case, trial and jury management; settlement skills, personal management, skills to cope with the growth of litigation and increasing complexity of legal issues and proceedings, and court system planning administration. Judicial code of conduct; fostering fairness through the recognition and elimination of bias or prejudice; cultural awareness, decisiveness and judicial temperament. (*Akkuma Miiljalee olii*)

⁴⁶ Updates on scientific and behavioral sciences relevant to any judicial practice; knowledge of contemporary social issues; and the and humanities. (*Akkuma Miiljalee olii*)

⁴⁷ Revitalization and rededication to public service awareness of the need to maintain high levels of personal well being; and stress management. Updates on scientific and behavioral sciences relevant to any judicial practice; knowledge of contemporary social issues; and the and humanities. (*Akkuma Miiljalee olii*)

Akka fakkeenyaatti, daataa dhimmoota (gosoota) leenjii dhaabbilee leenjii Mootummaalee Naannolee Ameerikaatiin kenname agarsiisu ilaaluun ni danda'ama.⁴⁸

Gabatee 1.

Lakk	Mata dureewwan leenjii	Matadureewwan waliigalaa leenjiin irratti kenname keessaa dhibbentaa inni qabu
1	Hooggansa humna namaa fi mana hojii waliin leenjiiwwan walqabatan (organizational and personel management)	25%
2	Haqa daa'immaniifi dargaggoota ga'ela hin geenyeen walqabatee (juvenile justice topics)	10%
3	Saayinsii hawaasaa, namoomaa fi naamusa (social science, humanities, ethics and discipline)	15%
4	Walitti dhufeenya keessaa (domestic r/ns)	15%

Leenjiin abbaa seerummaa biyyoota tokko tokko keessatti fedhii irratti kan hundaa'e yeroo ta'u, biyyoota kaan kessatti garuu dirqamaan kan kennamu dha.⁴⁹

Biyya Awustraaliyaatti leenjiin hojiirraa qaama abbaa seerummaf kennamu fedhii qofa irratti kan hundaa'e yeroo ta'u, mootummaalee naannoo Ameerikaa 50 keessatti garuu leenjii seeraa sa'aatii 20 hanga 50 gahu waggaa hordofuuf ogeessotni marti dirqama qabu.⁵⁰

⁴⁸ Akkuma Miiljalee olii, fuula 59. (Adol/.1990-Wax. 1991)

⁴⁹ Akkuma miiljalee olii, fuula 62.

⁵⁰ Mandatory continuing education is commonly used as a basis for re-licensure and re-certification of professionals. (*Akkuma Miiljalee olii*)

Mootummaalee naannoo Ameerikaa keessaa 31(%70) kan ta'an immoo leenjii seeraa hojiirraa akka dirqama ogeessota seeraa isaanii ta'eetti seerota isaanii keessatti tumanii qabu ykn barmaata yeroo dheeraa qabu.⁵¹

2.6. Qajeeltoowwan kenna leenjii fi haalawwan adeemsa leenjii irratti dhiibbaa uuman

Leenjiin tokko bu'a qabeessa kan jedhamu barsiisuu yoo danda'e dha. Namni leenjii kennu tokkos dhimma leenjisu gadi fageenyaan beekuu qofa osoo hin taane mala kenna leenjii irrattis beekumsa gahaa qabaachuu qaba. Baruumisa argachuu leenjifamtootaa yeroo jennu, beekumsa haaraa, ogummaa fi ilaalcha waliin walqabsiifamee kan ibsamuu dha. Leenjiin gahuumsa bu'uureffate gahuumsa raawwii hojii guddisuuf akkasumas jijjiirama uumuuf kan deeggaru dha.⁵²

Adeemsi waa baruu immoo adeemsota sadi keessa kan darbuu dha. Inni duraa beekumsa haaraa argachuu fi yaadachuu dha. Beekumsa haaraa simachuu(fudhachuu) qofti waan tokko baruuf gahaa ta'uu hin danda'u. Beekumsa argame kana hubachuuf, akkasumas yoom, eessaa fi akkamitti akka itti fayyadamu yaadaan xiinxaluun barbaachisaa dha. Kanaaf hubachuun waan tokko yaadachuu qofa osoo hin taane hojiirra oolmaa odeeffannichaa mirkaneeffachuu (make sense) dabalata.⁵³

Gara biraatiin adeemsi waa baruu odeeffannoo /dhimma/ tokko hubachuu irratti kan dhaabbatu miti. Waanta baran sana hojiitti hiikuuf gahuumsa raawwii hojii fi gochaa tokko raawwachuu danda'uudhaan kan ibsamu dha. Akka waliigalaatti raawwiin gahuumsa qabu beekumsa gahaa, beekumsa haaraa argamu yaaduufi qabatamaan hojjechuun kan argamudha⁵⁴.

⁵¹ Akkuma Miiljalee olii

⁵² Train the trainer:- Training fundamentals: Instructor's reference manual, United Nations (ST/ESCAP/2158/1.2 Module 1

⁵³ Akkuma Miiljalee olii

⁵⁴ Akkuma Miiljalee olii

Leenjiin adeemsa hawaasummaa, miirawummaa fi kalaqummaa of keessatti qabatu yoo ta'u, haalawwan garagaraatiinis kan dhiibbaan irra gahu dha.⁵⁵ Haalawwan kanneen keessaa:-

- Kaka'uumsa leenjifamaa
- Walitti dhufeenya leenjifamaan leenjistoota waliin qabuun
- Dhaqqabummaa meeshaalee leenjii fi yeroo leenjii
- Qophii sammuu (mood) leenjifamaa fi haalawwan biroo
- Dhimma leenjii irratti barnoota leenjifamaan dura fudhate
- Akkaataa kenna leenjichaa fi
- Akkaataa leenjifamaan rogummaa leenjichaa itti hubate kan jedhan fa'i.

2.7. Maloota Kenna Leenjii (Instructional Methods)

Malootni kenna leenjii, leenjii kennamu tokko galmaan gahuuf gochaa leenjisaan raawwachuuf karoorfatu kamiyyuu dabalachuu danda'a. Malootni kenna leenjii hangafoota ta'aniis kanneen itti aanuun dhiyaatani dha.

i. Ibsa daree (Lecturing and Explaining)

Ibsi daree yaadrimeewwanii fi qajeeltoowwan akkasumas firiiwwan dubbii (facts) bu'uura ta'an qabachiisuudhaaf mala bal'inaan hojiirra ooludha.⁵⁶ Ibsi daree bu'a-qabeessa⁵⁷ jedhamu amaloota armaan gadii ni qabaata:

- ➔ Hima ifa ta'een, fakkeenyaan deeggaramee ibsamuu fi fedhii leenjii leenjifamtootaa waliin rogummaa qabaachuu,
- ➔ Qindaa'inaa fi yaa'insa odeeffannoo⁵⁸,

⁵⁵ Akkuma Miiljalee olii (1.3 moojulii 1)

⁵⁶ Akkuma Miiljalee olii, 3.1 moojulii 3

⁵⁷ To be a successful communicator a trainer should use voice effectively; know his subject; know what he want to say, prepare his message carefully, arrange his points logically, display interest and enthusiasm, sound convincing and sincere. (*Akka miiljalee lakk.7*)

⁵⁸ To facilitate understanding, the trainer proceeds from: Known to unknown; Simple to complex; Whole to part and back to whole; Concrete to abstract; Particular to general; Observations to reasoning and from Point to point to in logical order. (*Akkuma miiljalee olii*)

- Mata dureewwan, yaadrimeewwanii fi qajeeltoowwan ijoo ta'an walitti hidhuu danda'uu,
- Dhuma mata duree xiqqaa kamirrattiyyuu qabxiilee ijoo cuunfanii darbuu,
- Istaaylii dhiyeessaa rogummaa fi ifa ta'e fayyadamuu,
- Meeshaalee gargaarsa leenjii haala gaariin saxaxaman (well designed learning aids) deeggaramuu,
- Hirmaannaa leenjifamtootaa kan jajjabeessu.

Ibsi daree /lecture method/ yeroo dheeraaf dhaabbilee leenjii fi barnootaa keessatti kan fayidaarra oolaa turee fi yeroo ammaas bal'inaan mala gargaaru dha. Malli kun leenjifamtoota /barattoota/ hedduu bakka tokkotti leenjisuuf kan gargaaru⁵⁹ waan ta'eef baasii xiqqaa qofa barbaada.⁶⁰ Malli kun dugda duuba dhimmoota adda addaa irratti odeeffannoo fi yaadota ibsuuf, yaadrimeewwan bu'uuraa fi maloota adda addaa leenjifamtoota qabsiisuuf ni gargaara.⁶¹ Hayyuun 'Cashin' jedhamu sababoota mala kana gargaaramuun barbaachisuuf akka armaan gaditti ibseera.⁶²

- Odeeffannoo haaraa maddaalee biroo irraa hin argamne dabarsuuf gargaara.
- Yaadrimeewwan ijoo ta'an gidduutti walfakkeenya fi garaagarummaa jiru agarsiisuuf
- Leenjifamtootni yaada leenjisaan irratti waliigalu akka baran ni gargaara.
- Dhimmi leenjii irratti kennamu daree leenjichaa fi kayyoolee koorsichaa akka tolu mijeessuu

Qorannoo dhimma kana irratti kan gaggeesse 'Mckeachie Etal' yaada guduunfaa '*lecture method is only as efficient as other methods of teaching as means of transmitting*

⁵⁹ Lecture method is preferable when the group is large - say 30 or more, when knowledge or understanding is to be imparted by an expert, when a body of factual information has to be communicated in a short time, when information is not readily available to group members. (*Akkuma miiljalee olii*)

⁶⁰ Akkuma miiljalee 51 olii, fuula 67

⁶¹ Akkuma miiljalee Olii

⁶² Akkuma miiljalee Olii

knowledge' jedhu irra gaheera.⁶³ Malli leekcharii leenjii beekumsa dabarsuuf kaayyeffate irratti akkuma mala kaanii fayyaduu akka danda'u kan agarsiisuu dha.

Akkasumas hayyuun 'Buigh' (1998) jedhamu barruu isaa tokko keessatti *'lecture is as effective as other methods as a means of transmitting information, but not more so. It is less effective than other methods of promoting thought and changing learner's attitude'* jedheera.⁶⁴ Malli leekcharii odeeffannoo dabarsuu irratti yoo ta'e malee akka maloota kaanii bu'a qabeessa akka hin taane kan hubachiisu dha.

Kun kan ta'uu danda'eef mala kana keessatti leenjifamtootni gaheen isaan qaban laafaa (passive role) ta'uu isaatiin carraa walirraa baruu fi hirmaannaa taasisuu hin argatan waan ta'eefi dha.⁶⁵

Bu'a qabeessummaa mala leenjii kanaa dabaluudhaaf kan gargaaran yaadota hayyuu 'Gibbs' (1992) jedhamuun teechifaman haa ilaalluu .⁶⁶

In lecture method the trainer should ensure that he provides students with clear signals to help them appreciate direction, links and points of separation between parts of the content. These are called sign posts. Make sure that they can "see the wood as well as the trees" make links between the present lecture and past or future lectures. Avoid high information density.

Akka 'Gibbs'tti mala leenjii leekcharii keessatti leenjifamtoota hirmaachisuun pirojektarii (overhead transparency) fayyadamuun dhuma leenjii irratti yaada guduunfaa (cuunfaa-summary) dhiyeessuun, yaadannoo, maappii yaadrimeewwanii (concept maps) diyaagramii (spray diagrams), maappii sammuu (mind maps) fayyadamuun, yaadannoowwan kanneen weessaayitii ofiirratti gadhiisuun bu'a-qabeessummaa mala leenjii kana dabaluuf kan gargaarani dha.⁶⁷

⁶³ Akkuma miiljalee olii

⁶⁴ Akkuma miiljalee Olii

⁶⁵ Akkuma miiljalee Olii

⁶⁶ Akkuma miiljalee Olii, fuula 69

⁶⁷ Akkuma miiljalee olii

Qorannoon yuuniversiitii ‘Lancaster’ jedhamutti hubannaa barattoonni leekcharii akkamii akka jaalatan (barbaadan) adda baasuuf gaggeefames bu’aa akka itti aanutti ibsame kan argamsiise dha. Hayyuun ‘Ramsdan’ jedhamu yeroo ibsu.⁶⁸

...learners praised those lecturers who introduced variety interactions structure and intensity, demonstration and changes of tone, use of outlines and lists, pauses to allow clarifications, short intermissions for review of material/questions, repetition of main points, final recap of the key points.

Ibsa kana irraa akka baruun danda’amutti, gosti leekcharii filatamaan dhiyeessa bifa gara garaa kan of keessatti qabate, xiyyeeffannaa cimaan⁶⁹ kan kennamu, tartiiba dhimma leenjii kan agarsiisu, jidduu jidduun dhaabachaa gaaffilee fi yaadota kan keessummeessuu fi qabxiilee ijoo cuunfuun irra kan deebi’uu⁷⁰ akka ta’e dha. Leenjisaan tokko leenjisuuf dhiyaachuun dura dhimma leenjii kennu irratti dubbisa haaromsaa gochuu qaba. Maddaalee wabii dabalataa dhimma leenjii sana irratti jiran qabachuus qaba. Gaaffilee deebii isaanii hin beekneef leenjisaan kan hin beekne ta’uu leenjifamtootaaf himee darbuu qaba. Leenjii jalqabaa irratti dhimmoota isa rakkisan irratti yaadannoo qabachuun, leenjisaan, leenjii itti aanu raawwachuun dura irra deebi’ee dhimmoota kanneen ilaaluu isa barbaachisa.⁷¹ Akkasumas leenjisaan yeroo leenjii kennu miira aaritiinii⁷² fi dhimma qabate

⁶⁸ Akkuma miiljalee Oliy, fuula 70

⁶⁹ Receiving an impression is the first step in learning. Therefore, the trainer must ensure that the trainee receives strong impressions. The strength of the impression will depend on: The number of senses involved; The vividness of the impression; Whether the impression registers. The only way the trainer can know if people have learned the material is by observing their behaviour; their actions; their written impressions; and their speech. (Akka miiljalee lakk.8 olii)

⁷⁰ Your listeners will probably not be able to remember everything you have said, especially if you have presented several ideas. A short, simple restatement of the essential message(s) helps the listeners to remember and respond. (Akkuma miiljalee olii)

⁷¹ Akkuma Miiljalee 51 olii, 3.13 moojulii 3

⁷² Desirable qualities of speech: Clear, pleasant, fluent, varied, coordinated with gesture. (Akkuma miiljalee lakk. 8 olii)

irraa maquun irra hinjiraatu⁷³. Yaadota hirmaattota irraa ka'anis soroorummaan ilaaluu fi deebisuu qaba⁷⁴.

ii. Leenjii elektronikawaa (E-Learning)

Leenjiin elektronikawaa gargaarsa meeshaalee elektronikawaa gargaaramuun leenjii kennamu yoo ta'u, innis kompitaraa fi websaayitii kan bu'uureffate (computer-based training (CBT), or web-based training (WBT)) yookin mala barnoota fagoo meeshaalee teeknoolojii biroo fayyadamuun kennamu ta'uu danda'a⁷⁵.

Leenjiin meeshaalee elektonikawaa fayyadamuun kennamu kunis yeroo fi baasii leenjifamtootaa qusachuun, leenjifamtoota bakka adda addaa jiraniif leenjii walfakkaataa kennuuf kan dandeessisu ta'uun, leenjifamtootni muddama tokko malee leenjicha bilisa ta'anii akka hordofan gochuuf akkasumas dhaqqabummaa leenjii dabaludhaaf fayidaa olaanaa qaba. Leenjiin elektoonikawaa kun, keessattuu beekumsa adeemsa hojii waliin

⁷³ Nervousness, forgetfulness and losing track are communication hazards to be prevented using notes and by rehearsing the presentation of your message. (*Akkuma miiljalee olii*)

⁷⁴ Look upon critical statements or questions as a form of feedback. The information in them can tell you whether you are on the right track. However difficult it might be, handle yourself pleasantly and diplomatically, using responses such as: I'm glad you brought that up. It's an interesting question; Perhaps you could explain that a little more before we have a look at it; I can understand how you feel about the matter, but try and look at it this way; I understand your concerns. Let's try to come up with some alternatives; I can see that the matter is of great concern to you; Let's discuss it personally at the coffee break. (*Akkuma miiljalee olii*)

⁷⁵ Distance learning occurs when trainers and trainees are in remote locations; typically, technology is used to broadcast a trainer's lecture to many trainees in many separate locations. Distance learning can be much less expensive than paying for trainees in multiple locations to travel for a lecture, but it may reduce motivation to learn because of the remoteness of the trainer. Computer-based training and web-based training are virtually similar. With this type of training, content is delivered through the computer, using any combination of text, video, audio, chat rooms, or interactive assessment. It can be as basic as reading text on a screen or as advanced as answering quiz questions based on a computerized video that the trainee has viewed. The difference between CBT and WBT is that, with CBT, the training program is stored on a hard-drive, a CD-ROM, or diskette. This means that it is not easy to update and may be more difficult for employees to access. (*Akkuma miiljalee lakk.11 olii*)

walqabatanii fi ilaalcha raawwattoota sireessuuf kennaman irratti mala bu'a qabeessa ta'e dha⁷⁶.

iii. Dhimmoota Qabatamoo Qo'achuu (Case Studies⁷⁷)

Dhimmoota qo'achuun rakkoo haala qabatamaa hojiirra jiruun walbarsiisuuf kan gargaaru dha. Dhimmoota qo'achuun ijoowwan dubbii hedduu kaasuuf, akkasumas, furmaataa fi hiikkaawwan gara garaa jiraachuu danda'an xiinxaluu fi rakkoo walxaxaa ta'e furuuf mala leenjii gargaarsa olaanaa qabu dha. Kanaaf dhimmootni qorataman ifaa fi barsiisoo akkasumas yaadrimeewwanii fi qajeeltoowwan kan walsimsiisuu danda'an ta'uu qabu.⁷⁸

Dhimmootni (cases) leenjii qabatamaa gochuudhaaf gahee guddaa qabu. Kanaafis qabxiileen armaan gadii ilaalcha keessa galuu qabu.⁷⁹

a. Dhimmi kamiyyuu ijoo dubbii adda bahee fi ifa ta'e qabaachuu qaba.

Kaayyoo leenjii keessatti dhimmoota xiinxalamuu qaban barreessaan '*Derek Abell*' jedhamu '*sorting out the wheat from the chaff, getting to the essential issues and learning to ask the right questions, are key objectives in case teaching*' jechuun ibseera.

Akka yaada barreessichaatti dhimmoota qo'achuun (case studies) qabxiwwan leenjii tokko keessatti ijoo ta'an qabatama taasisuu fi bakka rakkoon jiru agarsiisuuf kan gargaarani dha.

⁷⁶ E-learning develops declarative knowledge through repeated presentation of facts, using a variety of formats and presentation styles. It can do an excellent job of describing when and how to apply knowledge to various situations. Procedural knowledge is developed by allowing trainees to practice applying the knowledge to various situations simulated by the software. This training delivery method is valuable because it can automatically document trainee's responses, interpret them, and provide appropriate practice modules to improve areas of weakness. (*Akkuma miiljalee olii*)

⁷⁷ Case studies are most often used to simulate strategic decision-making situations, rather than the day-to-day decisions that occur in the in-basket. The trainee is first presented with a history of the situation in which a real or imaginary organization finds itself. The key elements and problems, as perceived by the organization's key decision makers, may also be provided. The value of the case approach is the trainees' application of known concepts and principles and the discovery of new ones. The solutions are not as important as the appropriateness with which principles are applied and the logic with which solutions are developed. (*Akkuma miiljalee lakk. 8 olii*)

⁷⁸ Akkuma Miiljalee 53 olii, 3.9 moojulii 3

⁷⁹ Derek Abell, What makes a good case, Echo: The Newsletter of The European Case Clearing House Autumn/Fall, 1997, fuula 1-5, Kan ilaalame sadaasa 2011 ALA. Kan argamu, <http://www2.econ.iastate.edu/classes/econ362/hallam/CaseStudies/WhatMakesAGoodCase.pdf>

Faayidaa dhimmoota fayyadamuun leenjii keessatti qabu barreessaan kun fakkeenyaan yeroo ibsus.

... Like bait for a fish, a good case really needs a hook- to get the participant excited enough to take a bite and, with the bite, eventually to swallow the larger issues and perspectives hook, line and sinker . And the hook serves to initiate a more extensive process of debate, resolution and generalization⁸⁰.

Akka ibsa fakkeenyaan armaan olitti eerame irraa hubatamu dhimmoota qo'achuun kenna leenjii keessatti miira leenjifamaa harkisuu kan danda'u waan ta'eef, leenjifamtootni kaka'uumsa godhatanii qaxiilee leenjichi dhaqqabsiisuu barbaadu akka xiinxalan waan dandeessisuuf kaayyoo leenjii galmaan gahuu keessatti gahee olaanaa qaba.

b. Dhimmi fayyadamnu ijoo-dubbii leenjichi qabate waliin rogummaa qabaachuu qaba.⁸¹

c. Dhimmi fayyadamnu mariisisaa (controversial) ta'uu qaba.

Dhimmi mariisisaa fi gaariin kan akkamii akka ta'e yeroo ibsu barreeffamni tokko:

Good cases are those where one set of data may lend itself to different interpretations, different judgements, different decisions, and consequently, different actions. Some of the best cases are those where consensus among the participants is gradually developed in the classroom, to the point where there is a strong movement in a certain direction followed by new questions which fundamentally challenge such a consensus' jechuun kaa'a.⁸²

Akka ibsa isa kanaatti immoo dhimmi qo'atamu tokko mariisisaa jedhamuu kan danda'u yaadota adda addaa kaasuu fi kallattii gara garaatiin ilaalamuu kan danda'u, hiikkaawwanii fi murtiiwwan gara garaa haalli itti kennaman yoo kan uumaman ta'e dha.

⁸⁰ Akkuma miiljalee Oliy

⁸¹ To ensure the relevance one must keep two lists as a constant reminder of relevance: a list of case needs. Then one will have the luxury of picking one or two intersections where new cases can and should be written. (*Akkuma miiljalee olii, fuula 145*)

⁸² Akkuma miiljalee Oliy

d. *Dhimmootni bu'a qabeessummaa leenjii dabaluufta yaadota garagaraa walbira qabuun walmadaalchisan ni filatamu.*⁸³

e. *Dhimmootni leenjii irratti fayyadamnu odeeffannoo gahaa ta'e bifa waliigalaa ta'een (generalization) kan hammatan ta'uu qabu.*⁸⁴

f. *Dhimmi fayyadamnu bifa gaariidhaan caaseffamuu fi akka salphaatti namaa galuu danda'utti barreeffamuu qaba.*⁸⁵

g. *Dhimmootni leenjiif dhiyatan (qophaa'an) gaggabaaboo ta'uu qabu (short and succinct).*⁸⁶

iv. Agarsiisa (Demonstration)

Malli leenjii agarsiisaa, leenjii ogummaa waliin walqabatu irratti bal'inaan kan gargaaruu fi bu'a qabeessummaa qabu dha. Akkuma mala leenjii ibsa daree malli kunis maloota kenna leenjii kaawwan waliin bifa wal deeggaruun kennamuu kan qabu dha.⁸⁷ Leenjifamtootni yeroo leenjii agarsiisaa fudhatan, karooras ta'e raawwii agarsiisaa taasisaniif qajeelfamni kennamuufi qaba. Leenjiin agarsiisaa yeroo gaggeeffamu, leenjisaan⁸⁸:-

- ✦ Agarsiisni isaa leenjifamtootatti kan mul'atu ta'uu, leenjifamtootni fedhii akka horatanii fi maal akka agarsiisuufi maaliif akka sana godhus ibsuu qaba.
- ✦ Agarsiisa sana gochaa qofaadhaan agarsiisuu fi bakkee agarsiisichi itti rakkisaa ta'u adda baasuun,
- ✦ Agarsiisa godhame haasaadhaan deeggaruun dhiyeessuu. Haasaan agarsiisa ibsuuf godhamu kan baay'atu yoo ta'e, leenjiifamtootni agarsiisa sana akka hin hordofne waan godhuuf xiqqaachuu qaba.

⁸³ Akkuma miiljalee Olee, fuula 73.

⁸⁴ Akkuma miiljalee Olee.

⁸⁵ "Many potentially good cases do not succeed because of poor structuring & poor prose. Well structured & well-written cases usually go through at least half a dozen drafts to ensure crispness and clarity." *(Akkuma miiljalee Olee, fuula 74.)*

⁸⁶ Akkuma miiljalee olee

⁸⁷ Akkuma Miiljalee olee

⁸⁸ Akkuma Miiljalee 53, 3.3 moojulii 3

- Leenjifamtootni agarsiisicha hordofuu akka danda’an suuta agarsiisuu fi leenjifamtootni raawwachuu akka danda’an ofitti amanamummaa keessatti uumuu,
- Leenjifamtootni guutummaan agarsiisicha hubachuu mirkaneessuu fi gabaabbinaan qabxiilee ijoo ta’an akka kaasan gochuun barbaachisaa dha.

Leenjifamtootni agarsiisa yeroo shaakalanitti leenjisaan naannawaa mijeessuu, adeemsa sirriin raawwachuu fi dhiisuu hordofuu fi durduubee kennuu, fedhiin akka shaakalanii fi hojii isaan agarsiisan jajjabeessuu qaba.⁸⁹

v. Marii Garee (Discussion Method):-

Mariin garee mala leenjii hirmaachisaa ta’ee fi leekcharii gabaabaa odeeffannoo bu’uuraa kennuun kan jalqabamu yoo ta’u, itti aansuunis leenjifamtoota gidduutti yookin leenjisa fi leenjifamtoota gidduutti bifa mariin kan itti fufu dha.

Mala leenjii kana keessatti gaaffileen leenjisa yookin leenjifamtootaan ka’anii fi ibsa itti kennamaniin leenjichi kan gabbataa deemu ta’a⁹⁰. Malli leenjii marii kun beekumsa adeemsa fi tarsiimoo waliin walqabatu irratti mala leekcharii caala bu’a qabeessa, yoo ta’u yeroo leenjifamtootni ilaalcha yookin ejjennoo kaayyoo leenjichaa waliin faallaa ta’e qabanitti yookin kaayyoon leenjii ogummaa hirmaattotaa fooyyessuu ta’e garuu mala filatamaa miti⁹¹.

⁸⁹ Akkuma Miiljalee olii

⁹⁰ Questioning (by trainees or the trainer) and discussions enhance learning because they provide clarification and keep trainees focused on the material. Discussions allow the trainee to be actively engaged in the content of the lecture, which improves recall and use in the future. Trainee questions demonstrate the level of understanding about the content of the lecture. Trainer questions stimulate thinking about the key learning points. (*Akkuma miilajalee lakk. 10*)

⁹¹ The lecture, and especially the discussion, helps to modify employee attitudes by providing new insights, facts, and understanding. (*Akkuma miilajalee olii.*)

Malli leenjii kun yaadota (hubannoo) wal jijjiiruu fi waliin ta'uun rakkoolee furuuf mala daran bu'a-qabeessa ta'ee fi hirmaannaa bu'aa tokkoon tokkoo leenjifamatoota mirkaneessuuf gargaarudha.⁹²

Mala kana keessatti to'achuun rakkisaa waan ta'uuf leenjisaan bakkaa fi yeroo mariin itti gaggeeffamu qindeessuudhaan hordoffii gochuu qaba. Dadhabbinni inni biraa malli kun qabu eenyummaa fi cimina mari'attoota dursanii adda baasuun rakkisaa waan ta'uuf garee tokkotti kan ramadaman hubannoo sadarkaa garagaraa kan qabanii fi wal utubuu kan danda'an yoo ta'e filatamaa dha. Kanaaf leenjisaan:⁹³

- Gaaffiiwwan marii hirmaachisoo fi mariisoo ta'uu mirkaneeffachuu
- Leenjifamtoota gareetti qooduu fi dursitoota garee filuun (ramaduun) dura, dugda duuba isaanii sakatta'uu
- Marii fi hirmaannaa ho'aa malee miirri dorgommii gaarii hin taane akka hin uumamne qajeelchuu
- Akkaataa itti mari'atan, ajajoota gaaffilee marii ibsuu, mariin booda maaltu irraa akka eegamu hubachiisuu,
- Marii irrattis argamuun rakkoo jiru gaafachuu miseensota garee hirmaannaa hin qabne akka hirmaatan jajjabeessuu qaba.

Bu'aa marii daree waliigalaa keessatti gareewwan dhiyeessan irratti leenjisaan tattaaffii gareewwan maraatiifuu beekamtii fi kabajaa barbaachisu ni kenna, ejjennoo alloogessa ta'es ni qabaata.

vi. Gaaffilee keessummeessuu

Malli kun maloota kenna leenjiif gargaaran keessaa isa bu'a qabeessaa fi rakkisaa ta'e dha.

Gaaffileen kenna leenjii irratti ka'an:⁹⁴

- Fedhii fi kaka'uumsa leenjifamtoota ni cimsu
- Leenjifamtootni biroo beekumsa akka argatan ni gargaaru
- Marii ni babal'isu

⁹² Akkuma Miiljalee 53, 3.4 moojulii 3

⁹³ Akkuma Miiljalee olii, 3.6 moojulii 3

⁹⁴ Akkuma Miiljalee olii

- Leenjifamtootni leenjii fudhatan akkaa yaadaniif fi xiinxalan ni taasisu.
- Hubannaa leenjifamtootaa sakatta'uuf ni gargaaru.

Gaaffileen kunneenis gabaaboo fi ifa kan ta'an akkasumas bakka sirriitti kan gaafataman ta'uu qabu. Gaaffileen kunis yeroo tokkotti waan tokko qofa kan gaafataniif fi kaayyoowaa ta'uu qabu. Gaaffiin tokkoo ol yeroo gaafatamu tartiiba sirriin kaa'uufi yeroo itti yaadinsaa kennuun barbaachisaa dha. Deebii gareewwaniin dhiyaatu irratti leenjisaan durduubee osoo hin kenniin darbuu hin qabu. Deebii sirrii hin taaneef sirreeffama kennuu kan qabu yoo ta'u, garee yookin leenjifamaa deebii sirrii hin taane dhiyeessu rifachiisuu yookin qaannessuu hin qabu.⁹⁵

vii. Hojii Fakkeettii Fayyadamuu (Role-play)⁹⁶

Malli leenjii kun leenjifamtootni hojii qabatamaa akka hojjetaa jiraniif fakkeessuun ogummaa isaanii akka guddifatan, raawwii fi miira isaanii akka madaalan kan dandeessisuu dha. Mala leenjii kana keessatti leenjisaan odeeffannoo kennuu fi gocha fakkeessuu to'achuudhaan deeggarsa ni godha. Yoo rakkoon cimaa ta'e raawwii leenjifamtootaa irratti mul'ate leenjisaan addaan kutuu fi yaada sirreessaa kennuu qaba.⁹⁷

Akka waliigalaatti, kenna leenjii kamiyyuu keessatti maloota armaan olitti ilaalaman kanneen madaaluu fi isa rogummaa qabu adda baasuun fayyadamuun barbaachisaa dha. Akka qorannoon agarsiisutti maloota garagaraa deeggarsa qabaataniifi leenjifamaan akka dhagahaa, ilaalaa, dubbachaa fi hojjachaa leenji'uu dandeessisan filachuun leenjicha bu'a qabeessa taasisa.⁹⁸

⁹⁵ Akkuma Miiljalee olii, 3.7 moojulii 3

⁹⁶ The role play is a simulation of a single event or situation. Trainees who are actors in the role play are provided with a general description of the situation, a description of their roles (e.g., their objectives, emotions, and concerns) and the problem they face. (*Akkuma miiljalee lakk. 9*)

⁹⁷ Akkuma Miiljalee 53 olii, 3.10 moojulii 3

⁹⁸ Akkuma Miiljalee olii, 3.11 moojulii 3

viii. Leenjii Shaakallii

Leenjiin shaakallii biyyoota hedduu keessatti qaama leenjii hojiin duraa godhamee fudhatama.⁹⁹ Wiirtuu leenjii biyyoolessa Faransaay ‘Ecole Nationale Magistrature (ENM)’ keessatti leenjiin hojii duraa ogeessota abbootii seeraa fi abbootii alangaa ta’aniif kennamu waggaa lamaa fi baatii torba kan turu yoo ta’u, yeroo turtii kana keessaa baatiin 2 shaakallii qaamolee haqaatiin ala jiran (*local councils, private companies, state administrations, international organisations, NGOs, etc.*) keessatti kan gaggeeffamu dha. Leenjifamtootni shaakallii kana irraa erga deebi’aniis baatii torba booda shaakallii lammaffaa waggaa tokkoof turu manneen murtii keessatti ni bahu¹⁰⁰.

Kaayyoo haala shaakallichaas ‘*Roger Errera*’ yeroo ibsu:

The objective of one-year internship in a court is that they use and apply the knowledge they have acquired at the ENM. They are closely involved in the practical, daily work of the courts: they prepare civil or criminal cases, hear witnesses, have contacts with the police and the Gendarmerie, write draft judgments, prepare hearings, act as rapporteurs, etc’’. The students also spend two months with a barrister. After choosing their first assignment the students will spend 4 months in what is called a “ stage de pré-affectation”. They will be interns in the same position as that of their first assignment, but in a different court¹⁰¹.

Yeroo leenjifamtootni shaakallii irra jiranittis abbootiin seeraa fi abbootii alangaa dhiyeenyatti argaman leenjifamtoota kan hordofanii fi to’atan yoo ta’u, leenjifamtoota

⁹⁹ In countries that have adopted a system of bureaucratic recruitment, newly recruited magistrates do not as a rule have any previous professional experience. As a consequence, in those countries judges-to-be and prosecutors-to-be must undergo a prolonged period of initial training before being assigned to perform specific judicial functions autonomously. (*Research Institute on Judicial Systems (IRSIG), National Research Council (CNR), Recruitment, Professional Evaluation and Career of Judges and Prosecutors in Europe: Austria, France, Germany, Italy, The Netherlands And Spain, Research Project With Financial Support From The Italian Ministry Of Education, University And Research (FISR Programme), fuula 53.*)

¹⁰⁰ Akkuma Miiljalee olii

¹⁰¹ Akkuma Miiljalee Olii

kana of-eeggannoodhaan ni madaalu. Bu'aan madaallii kunis leenjifamtootni ciminaa fi laafina isaanii akka baraniif baatii sadi sadiin ni ibsamaaf¹⁰².

Biyya Jarmanitti immoo ogeessotni baruumsa seeraatiin eebbifamanii fi qormaata biyyoolessaa qophaa'uuf darban akka hojjetaa siivil sarvisiitti kanfaltii muraasa argachaa shaakallii seeraa waggaa 2 turuuf ramadamu.¹⁰³ Yeroon shaakallii isaanii kunis sadarkaa gara garaa kan of keessatti qabu yoo ta'u, akka naannoolee biyyattiitti wal hira. 'North-Rhine /Westphalia/' keessatti, fakkeenyaaf, leenjifamaan tokko baatii shaniif mana murtii dhimmoota hariiroo hawaasaa sadarkaa duraatti ilaalu irra, baatii sadiif abbaa alangaa waliin dhaddacha yakkaa irra, baatii sadiif ammas waajjiraalee bulchiinsaa keessa, baatii kudhaniif immoo ogeessota seeraa biratti (a practising lawyer, solicitor, barrister), leenjichi dhimma addaa fedhii dhuunfaa leenjifamaa irratti kan hundaa'e yoo ta'e immoo baatii sadi bakka fedhii isaatti shaakallii irra kan turu ta.a¹⁰⁴

The aim of education in these various stages is to instruct trainees in the practical skills concerning the application of the law. Students are supposed to learn how to draft judgements, to weigh and evaluate evidence, to write indictments, to produce written pleadings. The idea also is that a trainee should accompany the lawyer who is instructing him during daily work as often as possible¹⁰⁵.

Dirqamaa fi hojii leenjifamaan yeroo shaakallii raawwachuu qabuu fi qaama shaakalchiisu yeroo ibsu barreessichi akka itti aanu jedha:

The trainee should work under the instructor's supervision and take over some of the workload so that he can, for example, learn how to examine witnesses , how to plead in court, to find the issues of fact which are relevant to the decision of the case and how to meet clients. Practical training in these stages is accompanied by

¹⁰² Akkuma Miiljalee Oliy

¹⁰³ Akkuma Miiljalee Oliy, fuula 74

¹⁰⁴ Akkuma Miiljalee Oliy, fuula 82.

¹⁰⁵ Akkuma Miiljalee Oliy, fuula 75.

courses which are given by experienced practitioners, mostly judges but also prosecutors and other Lawyers¹⁰⁶.

Leenjifamtoota shaakallii kana milkaa'inaan xumuranii fi qormaata yeroo lammaffaa fudhachuun darban qofatu ogeessa seeraa (abbaa seeraa, abbaa alangaa, kkf) ta'uu danda'a jechuu dha.

Biyya xaaliyaaniittis ogeessotni abbaa seeraa fi abbaa alangaa ta'anii yeroo calalaman leenjii hojiin duraa hanga baatii 18 turu ni fudhatu. Leenjiin kunis sadarkaawwan gurguddoo lamatti kan qoodamu yoo ta'u, isaanis leenjii waliigalaa (ordinary training or tirocinio ordinario) fi leenjii addaa (specific training-tirocinio mirato) jedhamuun beekamu. Leenjiin waliigalaa baatii 13 kan turu yoo ta'u kaayyoo akka armaan gadiitti ibsame qaba¹⁰⁷:

... to widen the technical knowledge of the uditore giudiziario and above all to familiarize her/him with the actual judicial work through various experiences of on the job training.

Leenjifamtootni dhuma sadarkaawwan leenjii lamaanirrattiyyuu gahuumsi isaanii kan madaalamu yoo ta'u, madaallichis gabaasaa fi yaada ogeessota seeraa (advisory opinions of the magistrates), itti gaafatamtoota waajjiraalee fi mana maree bulchiinsa naannoo bakka leenjifamtootni shaakallii isaanii itti taasisaniitiin gaggeeffama. Bu'aan madaallii kunis gaarii ta'uu yoo baate, leenjifamaan shaakalicha irra deebiin akka fudhatu ni godhama. Yeroo lammaffaa irratti kan hin milkoofneef yoo ta'e leenjicha irraa akka haqamu ta'a¹⁰⁸.

¹⁰⁶ Akkuuma Miiljalee Oliy

¹⁰⁷ Six months in the civil sector and seven months in the criminal sector (four months in criminal jurisdiction and three months in a prosecutor's office). At the end of the "ordinary training" the CSM assigns each *uditore giudiziario* to a specific function in a specific judicial office either as a judge or as a prosecutor. For the following five months the *uditori giudiziari* are then assigned to a program of on-the-job training in the specific functions of their first destination as judges or prosecutors. The on the job training is complemented and integrated by seminars on various topics held both at the local and national levels. (*Akkuma Miiljalee Oliy, Fuula 137*)

¹⁰⁸ Akkuuma Miiljalee Oliy

Biyya Awustriyaatti ogeessotni seeraa kaadhimamaa abbaa seerummaatiin /judge office candidate/ erga qacaraman booda leenjii hojiin duraa fudhatu. Kaadhimamtootni kunneen kan leenjifaman abbootii seeraatiini dha. Akka qajeelfamoota biyyattiitti abbaan seeraa kamiyyuu hojii abbaa seerummaa hojjechuun cinaatti kaadhimamtoota shaakalchiisuufis dirqama qaba. Kaadhimamtootni kunneen sadarkaa manneen murtii aanaatti kan shaakalan yoo ta’u, baatii 3-5 yeroo ta’u keessatti shaakalchiisaan isaanii ni jijjiirama. Shaakalichi dhimmoota yakkaa, hariiroo hawaasaa, dhimmoota daldalaa fi hojjetaa fi hojjechiisaa kan dabalatu dha. Shakalichi waajjira abbaa alangaa fi abukaattotaattis ni gaggeeffama¹⁰⁹.

Shaakaltoota kanas abbaan seeraa shaakalchiisu (the supervising judge) leenjifamtoota isaa ni madaala. Madaalichis bal’inaan bifa gabaasaatiin baatii sadi sadiin kan dhiyaatu yoo ta’u gahuumsa, gochaawwanii fi eenyummaa (personality) leenjifamtootaa kan ibsu ta’uu qaba¹¹⁰.

2.5. Meeshaalee Leenjii

Meeshaaleen gargaarsa leenjii bu’a qabeessummaa leenjii mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qabu. Meeshaaleen gargaarsa leenjii sirnaan kan hojiirra oolan yoo ta’e, yeroo leenjichi fudhatu qusachuu, fedhii leenjifamtootaa dabaluuf akkasumas salphaatti leenjii kennuuf gargaaru. Keessattuu meeshaaleen oodiyoo viizsu’aalii miira leenjifamtootaa harkisuuf akkasumas fedhii leenjii dabaluuf gahuumsa olaanaa qabu.¹¹¹

¹⁰⁹ In addition there are special training courses in several specific traditional areas. These specific items include the acquisition of relational capacities, forensic skills, the acquisition of knowledge of non-legal subjects and the use of information technologies. (*Akkuma Miiljalee olii, fuula 8 fi 9*)

¹¹⁰ It consists of an evaluation of traditional knowledge, reliability, decision-making ability, working speed, the capacity to work under stress, the mode of expression (written or oral), the social and personal behavior and a general description of the candidate. (*Akkuma Miiljalee Olij*)

¹¹¹ All learning is made possible through our senses. The more senses are brought into use, the more effective is the learning; 97 percent of learning is achieved through simultaneous appeal to the eye and ear. It is because of this that we should make use of audiovisual aids in training. Aids to training are aids only. They are not substitutes for training. Trainers should use training aids to supplement their training rather than to replace all or part of it. The trainer who shows a chart or illustration without any explanation, or who shows slides, videos or films without preparing the trainees to receive them, is guilty of not doing his or her job. (*Akkuma Miiljalee lakk. 8*)

Meeshaaleen gargaarsa leenjii ‘projektiivii’ fi meeshaalee gargaarsa leenjii ‘pirojektiivii hin taane’ jedhamanii beekamu. Meeshaaleen gargaarsa leenjii projectiivii’ jedhaman meeshaalee leenjii kanneen akka fakkiiwwan socho’an, vidiyoo, islaayidii halluu qabeessa,projektarii (overhead projector transparencies) fi k.k.f yoo ta’an; meeshaaleen gargaarsa leenjii pirojektiivii hin taane (non-projective) gabatee gurraacha, gabatee adii,chaartiiwwanii fi diyaagraamota,egzibiitiiwwan/ exhibits/, handaawutiiwwan, teeppii/ tape recorder/ fa’i¹¹².

Meeshaaleen leenjii meeshaalee leenjisaan yeroo leenjii kennu itti gargaaramu kamiyyuu kan dabalatu yoo ta’u,meeshaaleen leenjii kunneenis adeemsa leenjii keessatti fayidaawwan armaan gadii ni qabaatu.¹¹³

- Fedhii fi xiyyeeffannoo leenjifamtootaa ni dabalu.
- Leenjifamtootni akka hin nuffine ni gargaaru.
- Leenjifamtootni dhimmicha akka hin daganne akka xiinxalan ni gargaaru.

2.5.1. Gabatee Gurraacha (Aadii) fi ‘Filiip chaartii’

Meeshaaleen leenjii kunneen dhaabbilee leenjii fi manneen barnootaa keessatti kan baramanii fi bu’a qabeessummaa kan qabanidha. Meeshaalee kanneenitti yeroo fayyadamnus gurguddisnee ifa goonee barreessuun barbaachisaa dha

a. Gabatee gurraacha

Gabateen gurraachi meeshaa gargaarsa leenjii bal’inaan hojiirra ooluu fi baasii xiqqoo qofa barbaadu dha. Gabateen gurraachi fayyadamaaf salphaa yoo ta’ellee, leenjisaan yeroo barreessuu leenjifamtoota irraa akka garagalu waan dirqamuuf (loses eye contact) ibsi kennamu hawwataa (dramatic) akka hin taane godha. Dhukkeen inni uumuu (dusty) fi halluu dhugaa dhabuun isaa dadhabbinoota gabatee gurraacha fayyadamuu ti.¹¹⁴

¹¹² Akkuma miiljalee olii

¹¹³ Akkuma Miiljalee olii

¹¹⁴ Akkuma miiljalee Olii

b. Gabatee adii

Gabatee adiin halluu bifa garagaraa fayyadamuu kan dandeessisu yoo ta’u, dhukkee kan hin uumnee fi bakka xiqqoo qofa kan qabatu dha. Haata’uyyuu malee gatii salphaan argachuuf kan nama rakkisu (expensive) fi maarkaroota addaa kan barbaadu dha.¹¹⁵ . Gabatee adiirratti yeroo fayyadamnu markaroota qalama gurraachaa, cuquliisaa fi diimaa qaban qofa fayyadamuutu filatama.¹¹⁶

c. Fliiphaartii

Filiiphaartiin salphaatti bakkaa bakkatti sochoosuun kan danda’amuu fi irra deebiin fayyadamuuf kan dandeessisu dha. Garuu akkuma gabatee gurraachaas ta’e adii quunnamtii ijaa (eye contact) leenjisaa kan xiqqeessu dha.¹¹⁷

2.5.2. Islaayidii (slides¹¹⁸)

Meeshaaleen leenjii kun yeroo si’anaa bal’inaan kan fayidaarra oolaa jiraniifi qopheessuuf rakkisaa fi dadhabsiisaa kan hin taane dha. Isalaayidiin ibsa hallu-qabeessa ta’e keessattuu suuraawwan agarsiisuuf kan dandeessisu dha. Islaayidiin ogummaa addaa kan gaafatu ta’uu fi quunnamtiin leenjisaa fi hirmaattota jidduu jiru laafaa akka ta’u gochuun isaa akka dadhabbinaatti kan irratti ka’udha.¹¹⁹

Barreeffamni islaayidii irratti fayyadamnus guddina foontii 20 fi isaa ol ta’ee qalama gurraacha, diimaa fi cuquliisa yoo ta’e filatama. Fuula tokko irrattis himoota 7 hin caalle yookin jechoota 50 ol fayyadamuun hin filatamu.¹²⁰

¹¹⁵ Akkuma miiljalee Oliy

¹¹⁶ Akkuma Miiljalee 53, 4.2 moojulii 4

¹¹⁷ Akkuma miiljalee Oliy

¹¹⁸ Slides are relatively inexpensive to procure, are easily used, they facilitate study of a topic one step at a time, they can be used in conjunction with a tape-recorder (tape/slide sequence), all trainees get the same clear view, each frame can be studied and discussed at leisure during the screening. And to use slides effectively: do not treat as entertainment, select slides that are relevant, plan your presentation, include an introduction and conclusion, do not prolong the presentation, ensure the equipment is sound and well set up before the presentation. *(Akkuma miiljalee lakk. 8)*

¹¹⁹ Akkuma miiljalee 53

¹²⁰ Akkuma Miiljalee olii, 4.3 moojulii 4

2.5.3. Handaawutii (supporting notes)

Yaadannoowwan leenjifamtootaaf kennaman meeshaalee leenjii keessaa daran bu'a qabeessummaa kan qabanii fi sirna caaseffama mataa isaanii kan qabanii dha¹²¹. Yaadannoowwan qabxiilee ijoo ta'an irratti xiyyeeffachuuf, irra deebiin dubbisuu fi baruumsa dabalataa argachuufis(further learning) ni gargaaru. Dabalataanis leenjifamtootni yeroon itti yaadannoo qabachuuf balleessan waan hin uumamneef leenjicha sirnaan akka hordofanii fi hirmaatan gargaara.¹²²

Yaadannoowwan leenjii yeroo qophaa'anis fayyadamtootaaf akka galanitti (user friendly) bifa qindaa'iina qabanii fi walitti hidhata qabaniin qophaa'uu qabu. Akkasumas fakkeenyaan kan deeggaramanii fi kaayyoolee adda bahan kan uwwisan ta'uu qabu. Yaadannoon leenjii (handouts), bifa salphaatti namaa galuun himootaa fi keewwattoota gaggabaaboodhaan barreeffamuu qaba.¹²³

Handaawutiin leenjii tokko yeroo qophaa'u baafata fuulaa, kaayyoo, seensa, matadureewwan, matadureewwan xixiqqaa, maappiiwwanii fi diyaagraamiiwwan, yaada guduunfaa fi miiltoolee of keessatti qabachuu danda'a.¹²⁴

Foormaatiin barreeffama yaadannoo leenjii filatamaa ta'es irraan gadee tokkoon (one column layout), bitarraa kan ka'u (left aligned), guddina qubee 10-12 ta'e, Times New Roman, bakka xiyyeeffannoon barbaachisuutti jala muruurra gurraachessuu yookin Itaalikii (bold or italic) gochuu, lakkoofsaan tarreessuurra buuletii fayyadamuu, yeroo danda'amaa ta'etti barreeffamarra diyaagramii fi chaartota fayyadamuu (yoo wal wajjin fayyadamna ta'e walcinaatti chaartota kara bitaan gochuudhaan fayyadamuu),

¹²¹ Handouts should be : brief and sharp containing only essential details, accurate and complete, designed clearly and attractively with good use of white space, planned, of a standard size, presented in a logical sequence, pitched at a level appropriate to the audience, and should include diagrams if appropriate and always have a title. *(Akkuma miiljalee lakk. 8 olii)*

¹²² Akkuma Miiljalee 53 olii, 4.3 moojulii 4

¹²³ Akkuma Miiljalee olii, 4.3 fi 4.4 moojulii 4

¹²⁴ Akkuma Miiljalee olii, 4.4 moojulii 4

wabiiwwanii fi maddaalee akka miiltootti ibsuu fi miiljalee gargaaramuu dhiisuu, kanneen fakkaatan bu'a-qabeessummaa leenjii kan guddisan ta'uu qorannoowwan ni agarsiisu.¹²⁵

2.5.4. Viidiyoo

Viidiyoon meeshaalee gargaarsa leenjiif barbaachisan keessaa isa tokko yoo ta'u, innis mala biraatiin kan argamuu hin dandeenye muuxannoowwan adda addaa agarsiisuuf (ilaaluuf) fayidaa olaanaa qabu. Xiyyeeffannoon leenjifamtootaa akka waan biraatiin hin fudhatamne viidiyoon qulqullina kan qabu ta'uu qaba.¹²⁶

Leenjii daree keessatti yeroo viidiyoo fayyadamnus jidduu jidduun dhaabuudhaan leenjifamtootni gaaffileen xumura irratti deebisuuf irraa eeggamu yoo jiraate akka yaadan gochuun, akkasumas bakka leenjifamtoota maratti mul'atu gochuun¹²⁷ leenjichi bu'a qabeessa akka ta'u ni gargaara.

2.5.5. Projektarii (overhead projector)

Projektariin leenjisa fi hirmaattotni kallattiin quunnamtii ijaa akka qabaatan kan gargaaru yoo ta'u, leenjisaan taa'ees, dhaabbatees akka ibsu kan eeyyamuu dha.¹²⁸ Projektariin halluu adda addaa gargaaramuuf kan dandeessisu yoo ta'u, ariitii (saffisaa) fi qulqullinaan (clean) leenjiisaan bifa hawwataa ta'een hirmaattota waliin akka quunnamtii qabaatu ni gargaara¹²⁹.

¹²⁵ Akkuma Miiljalee olii, 4.5 moojulii 4

¹²⁶ Akkuma Miiljalee olii

¹²⁷ While using videos make sure videos are directly related to the subject; do not use them merely for entertainment or to give yourself a rest; make sure all trainees can see the monitor ;the video should be introduced; trainees should be told what it is about and what they should look for ;review the video in a discussion after screening. (*Akkuma miiljalee lakk. 8 olii*)

¹²⁸ Akkuma miiljalee Olii

¹²⁹ The overhead projector is one of the most useful training aids. It can replace the need for chalkboards, whiteboards and charts. The overhead projector can be used for presentation to a group of any size. All material for use on an overhead projector needs to be reproduced on to transparencies using either special pens or printers with either non-permanent or permanent ink (the latter if the trainer wants to keep and reuse the transparencies). It is also possible to make either black and white or colour transparencies using a specially designed photocopier. Computer-generated transparencies can be excellent. (*Akkuma miiljalee lakk. 8 olii*)

Haata'uyyuu malee projektariin gatiin isaa mi'aa ta'uu, geejjibaaf rakkisaa ta'uun isaa fi daree leenjii dhiphaa keessatti dhiphina kan uumu ta'uun isaa akka dadhabbinaatti kan fudhatamu dha.

Malootni leenjiin ittiin kennaman kunneen sagantaa leenjii tokkorraa kan biraatti akkasumas dhaabbata leenjii adda addaa jidduutti gargar ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, daataa maloota dhaabbilee leenjii mootummaalee naannoo Ameerikaa keessatti leenjiin ittiin kennaman (dhibbentaan¹³⁰) agarsiisu akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama.

Gabatee 2

Lakk	Mala kenna leenjii dhaabbileen fayyadaman	Baay'ina (dhaabbilee leenjii naannolee Amerikaa)
1	Mala kenna leenjii leekcharii dhaabbileen fayyadaman	4/5 ^{ffaa}
2	Mala kenna leenjii marii fi gaaffii fi deebii kan fayyadaman	2/3 ^{ffaa}
3	Mala rakkoolee furuu (problem solving)	2/3 ^{ffaa}
4	Dhimmoota xiinxaluu (case studies)	1/3 ^{ffaa}
5	Yaadannoo fi manu'alii kan kennan	2/3 ^{ffaa}
6	Handaawutii kan kennan	1/4 ^{ffaa}

¹³⁰ Armytage, Livingston, 11 J. Prof. Legal Educ. 51 (1993) Policy Development in Continuing Judicial Education: An Assessment of Some Approaches Taken in N.S.W., U.S.A., U.K., and Canada; fuula 59, (data 1991, 173 Hundzik), kan ilaalame sadaasa 23, 2011, Kanargamu, <http://heinonline.org/HOL/LandingPage?collection=journals&handle=hein.journals/proleged11&div=9&id=&page=>

2.5.7. Haala Leenjistoanni Koorsii Leenjii Kennan itti Filatamanii fi Gahuumsa Qabaachuu Qaban

i. Gahuumsa Leenjistootni Qabaachuu Qaban

Akkuma beekamu guddinni sirna haqaa biyya tokkoo sirna calallii ogeessota qaamolee haqaa fi leenjii isaaniif kennamu irratti kan hundaa’u dha. ‘*Michel Allaix*’ barruu isaa tokko keessatti ‘*Where the quality of justice is concerned discussions ... point to the training of judges as a key parameter*’ jechuun ibsa.¹³¹

Kanaaf qulqullinni leenjii ogeessota qaamolee haqaatiif kennamu bu’a qabeessummaa leenjichaatiif akkasumas guddina sirna haqaa biyya tokkootiif gahee olaanaa qabaata. Qulqullina leenjii kennamuutiif immoo gahuumsa leenjisa iddoo guddaa qaba. Dhaabbilee leenjii seeraa Biyyoota Awurooppaa keessatti argaman keessatti rakkoowwan leenjii waliin walqabatanii mul’atan gurguddoo qorannoon adda baafaman /barriers to training/ keessaa inni tokko rakkoo filannoo fi gahuumsa leenjistootaa /recruitment and skill of trainers/ waliin wal qabatuu dha.¹³²

Bu’aan qorannoo baankii addunyaa garee seeraatiin gaggeeffame tokkos rakkoo dhaabbilee leenjii abbaa seerummaa gara garaa keessatti gama leenjistootaatiin mul’atu furuudhaaf akka yaada furmaataatti taa’e akkas jedha:

*It is important to improve the quality of training programs by establishing a system ... providing adequate incentives to increase the number of qualified trainers*¹³³.

Baay’ina leenjistoota gahuumsa qabanii dabaludhaaf sirni onnachiiftuu gahaa ta’e diriiruu akka qabu kan akeeku dha.

¹³¹ Mr Michel Allaix, Deputy Director of the National School of Magistrates (ENM) of France, The quality of judicial training in the light of the recent European developments, strusberg, sadaasa 2005, fuula 2.

¹³² Judicial Training And Education Assessment Tool , Meeting The Changing Needs Of Judges In Europe, A Report By Judicial Studies Alliance (For CEPEJ), Oct. 2007

¹³³ A and M. Bhattarai , Institutional Framework for Legal and Judicial Training in South Asia Bangladesh and Nepal, law and development series 2, fuula 17.

Dhaabbilee leenjii abbaa seerummaa biyyoota Laatin Ameerikaa hedduu keessatti raawwattootni leenjii dhaabbiin qacaraman muraasa qofa yoo ta'an isaanis hojii bulchiinsaa fi loojistikii /administrative and logistical matters/, kaarikulamii qopheessuu , leenjii leenjistummaa kennuu /training of trainers/ fi k.k.f irratti hirmaatu¹³⁴.

Gama biraatiin, akka muuxannoo Instiitiyuutii biyyoolessa leenjii fi barnoota abbaa seerummaa Niwu Giiniitti /Judicial education and training - JEAT) leenjistoota hojii leenjistummaaf muudamaniin alatti ogeessotni gargaarsa ogummaa /beekumsaa/ kennan hojii leenjiitiif dabalataan haalli itti hirmaachifaman ni jira¹³⁵.

Qorannoon Gamtaa Awurooppaatiin (EU) gaggeeffame tokkos argannoo isaa keessatti dhaabbilee fi biyyoota awurooppaa leenjii seeraa kennan keessaa leenjistoota abbaa seeraa fi abbaa alangaa hin ta'iin kan fayyadaman /hirmaachisan / qubaan kan lakkaa'aman qofa ta'uu agarsiisa¹³⁶. Akka muuxannoo dhaabbilee leenjii seeraa Awustraaliyaatti immoo namni leenjisa seeraa ta'ee filamu abbaa seerummaan, abukaattummaan, pirofeesara yunivarsiitii yookin eksipartoota seeraa biroo ta'uun kan hojjetee fi gahuumsa olaanaa hojjiiratti agarsiisuun ta'a¹³⁷.

Imaammattii fi Qajeelfamni Leenjii Yuunivarsiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa bara 2009 bahe kwt 1.7.10 fi 2.16 jalatti *'trainers are required to have commitment to vision, mission*

¹³⁴ Linn Hammergren, Judicial Training and Justice Reform, Fuula 13, Hagayya 1998.

¹³⁵ Imaammata Leenjii Wiirtuu leenjii fi barnoota abbaa seerummaa Niwu Giinii, adoolessa, 2003, Fuula 8.

Kan argamu: www.pngjudiciary.gov.pg/jecpng/.../2d_jec_policy_n_5yr_plan.pdf

¹³⁶ Raffaele Sabato, ENI for the training of judges and public prosecutors, fuula 11-12, 2006.)

Kan argamu: www.coe.int/t/dghl/cooperation/copej/lisbon-en.pdf.

¹³⁷ (Dr Cheryl Thomas, review of judicial training and education in other jurisdiction, fuula 47)

Kan argamu: www.ucl.ac.uk/laws/socio-legal/docs/. pdf.

*and goal of the training service, and patience, confidence, empathy ,and credibility*¹³⁸ ,
jechuun kaa'a.

Gama biraatiin, walgahii dhaabbilee leenjii abbaa seerummaa neetworkii Lisbon 7ffaa Strasbourg' tti gaggeeffame irratti naamusa leenjisaan abbootii seeraa tokko naamusa abbootii seeraa fi abbootii alangaa irraa eeggamu mara kan qabuu fi fakkeenyummaa qabaachuu qaba¹³⁹ .

Wiixineen Qajeelfama leenjii fi misooma humna namaa Ministeera Siivil Sarvisii Itoophiyaa ulaagaalee leenjistootni siivil sarvaantii keessaa ittiin filaman jedhee kaa'e keessaa hangafootni: fedhii leenjistummaa, ogummaa kominikeeshinii /communication skills¹⁴⁰/ fi dhimma leenjii kennamurratti gahuumsa teeknikaa inni qabu kanneen jedhanii dha¹⁴¹ .

Qorannoon gamtaa Awurooppaatiin gaggeeffame gama biraatiin ulaagaa filannoo leenjistootaa irratti argannoo isaa akka itti aanutti kaa'eera.

*Criteria for choice of trainers are indicated with reference to theoretical expertise in the subject matter sometimes assumed on the basis of seniority, publications, etc.; only some delegations have made reference to didactic abilities. We recommend that an ideal profile for a judicial trainer includes at the same time judicial and teaching abilities whereas other criteria including publications, seniority and the like are less relevant.*¹⁴²

¹³⁸ Imammata fi qajeelfama yuunivarsiitichaa, fuula 9 fi 18, caamsaa bara 2009.

¹³⁹ 'As well as being a profession, to hold the position of judge or prosecutor, the judicial trainer is to be steeped in such values as those of dignity, fairness, due diligence and respect for confidentiality.'

(Akkuma miiljalee 130, fuula 8.)

¹⁴⁰ The profession of trainer requires communication skills. This calls for training in interviewing and listening and, more broadly, a grounding in oral techniques

¹⁴¹ Wixinee qajeelfama leenjii fi misooma humna namaa Ministeera Siivili Sarvisii Itoophiyaa, fuula 18-kwt 10, Amajjii 2003- Mariif kan dhiyaate, Finfinnee.

¹⁴² Linn Hammergren, Judicial Training and Justice Reform, Fuula 11, Hagayya 1998.

Leenjisa seeraa ta'ee filamuuf namni tokko dandeettii leenjistummaa fi abbaa seerummaa inni qabu irratti xiyyeeffatamuu akka qabu kan agarsiisu dha.

ii. Haala Calallii Leenjistootaa fi Leenjii Leenjistummaa

Akka muuxannoo Instiitiyuutii leenjii fi barnoota abbaa seerummaa Niwu Giiniitti /Judicial education and training - JEAT) leenjistootni kan calalaman koree leenjii abbaa seerummaa jedhamuun hundeeffamuun yoo ta'u ogeessotni leenjistummaaf filatamanis koree kanaan dursaa haqaa (chief justice) tiif dhiyaatanii ni muudamu¹⁴³.

Akka muuxannoo Instiitiyuutii Biyyoolessa leenjii fi barnoota abbaa seerummaa Niwu Giiniitti /Judicial education and training - JEAT) koreen calallii leenjistootaa gaggeessu kunis abbootii seeraa fi muudamaa registraara fa'a (judges appointed by the Chief Justice; senior magistrates appointed by the chief magistrate, the registrar or the registrar's nominee) irraa ogeessota walitti babbahaniin kan ijaarame dha¹⁴⁴.

Awustraaliyaa keessatti leenjistootni seeraa leenjii leenjistummaa itti fufiinsa qabu kan fudhatan yoo ta'u, leenjiin qophaahus qajeeltoowwan maloota leenjii /training methodologies/, walitti dhufeenya leenjisa fi leenji'aa, tiworii komunikeeshinii /communication theory and personality development/, itti fayyadama teeknolojii gargaarsa leenjii qaban fa'a kan haammate dha. Leenjiin kunis eksipartoota alaatiin kan kennamuufi dha¹⁴⁵.

Gama biraatiin konfirensii dhaabbilee leenjii abbaa seerummaa tokko irratti dhimmoota leenjiin leenjistummaa irratti kenamuu qabu jedhaman akka itti aanutti kan taa'e dha:

¹⁴³ Imaammata Leenjii Wiirtuu leenjii fi barnoota abbaa seerummaa Niwu Giinii, adoolessa, 2003, Fuula 8
Kan argamu: www.pngjudiciary.gov.pg/jecpng/.../2d_jec_policy_n_5yr_plan.pdf

¹⁴⁴ Imaammata Leenjii Wiirtuu leenjii fi barnoota abbaa seerummaa Niwu Giinii, adoolessa, 2003, Fuula 8)
Kan argamu: www.pngjudiciary.gov.pg/jecpng/.../2d_jec_policy_n_5yr_plan.pdf

¹⁴⁵ Akkuma Miiljalee lakk.5ffaa; 'review of judicial training and education in other jurisdiction', fuula 47).
Kan argamu: www.ucl.ac.uk/laws/socio-legal/docs/pdf.

*Skills that judicial educators need to acquire include adult pedagogy, resource networking, the methodology of curriculum development, the development of teaching plans and tools, distance learning techniques and fundraising.*¹⁴⁶

Koorsiiwwan leenjii leenjistummaa irratti kennamuu qaban *peedaagoojii* gaheessota, *neetworkiingii*, mala kaarikulamii qopheessuu, karoora fi meeshaalee leenjii, fi kkf dabalachuu akka qabu kan agarsiisu dha.

2.5.8. Barbaachisummaa fi Sirreessa Meeshaalee Gargaarsa Leenjii (Visual Aids & Support Materials Usage)

Jechamni warra Chaaynaa beekamaa ta'e tokko '*A picture is worth a thousand words*' jedha. Innis fakkiin tokko gatii jechoota kumaa qabdi akka jechuuti. Jechamichi bu'aawwan qorannoo waliinis yeroo walbira qabamee ilaalamu dhugaa fakkaata. Namni wanta dhagahu keessaa dhibbeentaa 20(%) kan yaadatu yoo ta'u, kan argu keessaa garuu %30 yaadata jedhu qorannoowwan. Wanta dhagahuu fi argu irraa immoo %40-50 yaadata¹⁴⁷.

Kanaaf leenjiin yeroo kennamu meeshaalee gargaarsaa ijaan ilaallaman (visual aids) fayyadamuun bu'a qabeessummaa leenjii daran kan ol kaasudha.¹⁴⁸

Meeshaalee gargaarsaa kanneen filachuuf immoo kaayyoo leenjichaa, baay'ina hirmaattootaa fi yeroo qophiidhaaf barbaachisu bu'uureffachuun dirqama ta'a. Baay'inni hirmaattotaa gargaarsota leenjii maraafuu (to all visual aids) mijataa ta'u namoota 10-30 tti dha.¹⁴⁹

¹⁴⁶ The 2nd International Conference on the Training of the Judiciary: Judicial Education in a World of Challenge and Change Fairmont Chateau Laurier Hotel, Ottawa, Ontario, Canada, fuula 10, onkoloolessa 2004.

¹⁴⁷ Akkuma miiljalee olii, fuula 83.

¹⁴⁸ Akkuma miiljalee olii

¹⁴⁹ Akkuma miiljalee Olii, fuula 84

Meeshaaleen gargaarsa leenjii yeroo qophaa’an daree leenjii keessatti dhiphina akka hin uumne yaadamuu qaba.¹⁵⁰ Iskriiniin projektarii leenjifamtoota maraaf akka mul’achuu dnda’utti olka’ee teechifamuu qaba. Bal’inni Iskriinii fi dheerinni daree kan walsimu ta’uu qaba. Akka qorannoowwan agarsiisanitti tokkoon tokkoon dheerina daree metra jahaaf bal’inni iskiriinii metra tokkoon dabaluu qaba (1:6). Daree dheerina metra 15 qabuuf, leenjifamtootni guutuu yoo ta’an bal’ina Iskriinii keenya metra 2.5 irratti sirreeffachuu qabna jechuu dha.¹⁵¹


Ibsaan daree leenjii keessa jirus paaworpooyintiin akka dimimisu kan hin goonee fi leenjisaan akka gara leenjifamtootaa hin ilaalle kan godhu akka hin taane leenjii dura ilaallamuu qaba.¹⁵² Leenjisaan xiyyeeffannaa leenjifamtoota maraa akka argatu, dhiyeessaa fi mariidhaaf akkasumas gareen qoqqooduu fi leenjisaan jidduu gareewwanii bilisa ta’ee akka socho’u kan dandeessisu haalli teessuma daree filatamuu qaba. Gareedhaan leenjii dhimmoota xiinxaluu waliin walqabataniif (minjaala iskuweerii ta’ee fi bal’ina qabu yookin minjaala lama walitti maxansuun meeshaalee (sources) waliinii fayyadamuu akka danda’an waan taasisisuuf mala (teessuma) filatamaa dha.¹⁵³

¹⁵⁰ Akkuma Miiljalee 53, 4.7 moojulii 4

¹⁵¹ Akkuma Miiljalee olii

¹⁵² Akkuma Miiljalee olii, 5.1 moojulii 5

¹⁵³ Akkuma Miiljalee olii, 4.9 moojulii 4



Fakkii 1, Kutaa leenjii-daree fi dhiyeessaaf qophaa'e Fakkii 2, Daree xiinxala dhimmaaf qophaa'e

2.6. Moodeloota Leenjii (Models of Training)

Moodeellii leenjii kaayyoo leenjiin tokko yeroo kennamu bu'aa barbaadame argachuuf kan ilaalcha keessa galfamu yeroo ta'u, gosootni moodela leenjii beekamoo ta'anis kanneen armaan gadiiti.


- i. Moodeela leenjii dhuunfaa:* Moodeelli leenjii baramaa ta'e kun gochaa (shaakallii) baruumsaa irraa kan dhufe yoo ta'u, kaayyoon isaas namootni dhuunfaa hojii ta'e tokko akkamitti raawwachuu akka qaban barsiisuu dha¹⁵⁴. Moodeelli leenjii kun bu'a qabeessa kan ta'u odeeffannoo fi/ykn ogummaan leenjifamtootni qabatan hojii isaanii waliin rogummaa yoo qabaatee fi hojiin sunis amala jijjiiramuu kan hin qabne yoo ta'e dha.

Moodeelli leenjii namoota dhuunfaa (individual training model) durii jalqabee kan ture yoo ta'u, innis ilaaluu fi shaakalliidhaan (*hand-eye skills*) mala ogummaan

¹⁵⁴ Peter Bramley, Models of training, Evaluating Training Effectiveness, The Mc Graw-Hill raining series 1993, Reader Ethiopian Ministry of Justice (2004).

ittiin argamaa ture dha. Keessattuu leenjiin daldalaa fi hojiiwwan teknika garagaraa leenjii barmaataa bifa kanaatiin gaggeeffamaa akka turan ni beekama.¹⁵⁵ Fakkiin itti aanu adeemsa leenjii moodelicha kan agarsiisu dha.¹⁵⁶

Fakkii 3



Akka moodela kanaatti xiyyeeffannaan kan godhamu namoota dhuunfaa irratti yoo ta’u, innis adeemsa isaan ittiin waan bu’a qabeessa ta’e itti baran kan jajjabeessu dha.¹⁵⁷ Leenjiin bifa kanaa hoji-gaggeessitootaa (managers) fi hooggantootaafis (supervisors) gosa leenjii yeroo baay’ee kennamu dha.

Akka moodela kanaatti mana hojii tokko keessaa hoji-gaggeessitoota yookin gamisa hojjeetootaa qofa leenjisuudhaan bu’aan barbaadamu ni argama jedhamee hin amanamu.¹⁵⁸ Jijjiiramni mana tokko keessatti kan uumamu, miseensota (hojjetoota) mana hojichaa guutummaan jijjiiruun (leenjisuun) yoo danda’ame dha.¹⁵⁹ Hojjetootni leenjiidhaan gahuumsa barbaadamu argachuun jijjiiraman yeroo hunda jijjiirama yookin fooyya’iinsa mana hojii ni fidu jechuunis hin danda’amu. Sababni isaas hojjetootni

¹⁵⁵ Akkuma miiljalee olii, fuula 7

¹⁵⁶ Akkuma Miiljalee olii, fuula 7


¹⁵⁷ Akkuma Miiljalee olii, fuula 8

¹⁵⁸ Akkuma Miiljalee olii

¹⁵⁹ Akkuma miiljalee Olii

gahuumsa yoo qabaatanillee haalota hojii yeroo waliin jijjiiraman wajjin deemuu dadhabuu danda’u.¹⁶⁰

Fakkii 4



Kanaaf haala hojii mana hojii tokkoo irratti dhiibbaa kan fiduu danda’an gahuumsa hojjetootaan ala sababootni hedduun waan jiraniif, dandeettii raawwattootaa fooyyessuun alatti furmaattotni biroos ni jiru.¹⁶¹ Isaan keessaa inni duraa, raawwattootni haalota uumamaa mara wajjin walbaruu (interact) akka danda’an odeeffannoowwan akka durduubee raawwii mana hojii, haala bulchiinsaa (management briefings) fi sagantaalee hojii (job induction programmes) waliin walqabatan akka argatan dandeessisuu dha. Inni biraa hojjetoota akkaataa irra caalaa qindaa’inaa fi waliigalteen hojjechuu danda’aniin yeroo yerootti ramaddii garee isaanii keessa deebi’anii ilaaluu dha.¹⁶²


ii. Moodela bu’a-qabeessummaa dabaluu (Increased effectiveness model)

Akka moodela kanaatti raawwii hojjetoota mana hojii tokkoo jijjiiruuf jalqabarratti sadarkaa bu’a qabeessummaa barbaadamuu murteessuun barbaachisaa dha. Itti aansuunis,

¹⁶⁰ Akkuma miiljalee Oliy
¹⁶¹ Akkuma miiljalee Oliy
¹⁶² Akkuma miiljalee Oliy, fuula 9

ulaagaalee fooyya'iinsi caalaan ittiin akka argamu safaran adda baasuu dha.¹⁶³ Qabeenya barbaachisu adda baasuu fi ogummaa hojjetootni qaban sakatta'uunis barbaachiisaa dha.

Fakkii 5 Fakkii moodeela bu'a qabeessummaa dabaluu




Moodeelli kun irra caalaa filatamaa kan ta'u gosa hojii raawwattootni hojjetan akka itti mul'atetti aangoo mataa isaaniitiin (discretion) raawwatani fi dha.¹⁶⁴

iii. Leenjiiin akka adeemsa sirnaawaatti: Adeemsi leenjii marsaa sirnaawaa ta'e kan qabu yoo ta'u, yeroo karoorfamus adeemsa fakkii itti aanu irratti mul'atu kan hordofu dha.¹⁶⁵

¹⁶³ Akkuma miiljalee Oliy
¹⁶⁴ Akkuma miiljalee Oliy
¹⁶⁵ Akkuma miiljalee Oliy, fuula 10.


Fakkii 6



iv. **Leenjii akka jijjiirrama /foyya’iinsa/ mana hojiitti:** Leenjiin gahuumsa dhuunfaa hojjettootaa jijjiiruu /fooyyessuu/ bira darbee jijjiirama mana hojii yookin dhaabbattootaa fiduu danda’a. Kana gochuuf adeemsi gargaaru fakkii itti aanuun kan ibsame adeemsa olii irratti dabalataan raawwachuuni dha.¹⁶⁶

¹⁶⁶ Akkuma miiljalee Oliy, Fuula 11.

Fakkii 7



2.7. Qajeeltoowwan Leenjii Gaheessotaa (Principles of Adult Learning)

Gaheessotaaf leenjii bu'a qabeessa ta'e kennuun kan danda'amu amaloota gaheessota leenjifamanii beekuun yoo danda'amee dha. 'Malcom Knowles'iin amalootni leenjifamtoota gaheessotaa (adult learners) adda bahan kanneen armaan gadiiti.¹⁶⁷

i. Gaheessotni ofiin murteessuu fi of-qajeelchuu kan danda'an ta'uu

Gaheessotni bilisa ta'uu fi ofiin of-qajeelchuu barbaadu. Kanaaf leenjistootnis gaheessotni hirmaannaa ho'aa akka taasisan gochuu fi tajaajila haala mijeessuu (facilitator) raawwachuu qabu. Kana yeroo jennu leenjifamtootni (gaheessotaa) dhiyeessa (presentations) akka godhanii fi gareewwan akka gaggeessan gochuu qabu.¹⁶⁸ Gaheessotni muuxannoo jireenyaa, beekumsa gochaawwan hojiin walqabatan, ittigaafatamummaa maatii fi baruumsa dur baratan kan qabani dha. Kanaaf leenjii isaaniif kennamu muuxannoo isaanii kana waliin walqabsiisuu barbaadu. Kanaaf leenjistootni tiworii fi yaadrimee walitti hidhuu fi gatii muuxannoon baruumsa (leenjii) keessatti qabuuf beekamtii kennuu qabu.¹⁶⁹

¹⁶⁷ Akkuma miiljalee Oliy, fuula 14.

¹⁶⁸ Akkuma miiljalee Oliy

¹⁶⁹ Akkuma miiljalee Oliy

ii. Gaheessotni leenjii kaayyowaa kan barbaadan ta'uu (Goal Oriented)

Gaheessotni sagantaa leenjii qindaa'ina qabuu fi qabiyyeen isaa ifatti murtaa'e leenji'uu barbadu.¹⁷⁰ Leenjistootnis hirmaattota isaaniif leenjichi akkamitti kaayyoo isaanii galmaan gahuuf akka isaan gargaaru agarsiisuu qabu. Kaayyoon kun koorsicha keessattis haammatamuu qaba.¹⁷¹

iii. Gaheessotni leenjii roggummaa qabu barbaadu (relevancy oriented)

Leenjistootni leenjiin gaheessotaaf kennamu sababa itti kennamuuf, qabatama hojiirratti rakkoo leenjichi hiikuuf isaan dandeessisu adda baasuun agarsiisuu qabu. Leenjiin kennamus qabatamaa (practical) fi hirmaachisaa ta'uu qaba.¹⁷²

2.7.1. Sagantaa leenjii Leenjifamtoota Giddu-galeessa Godhate Qopheessuu

Kaayyoo leenjii barreessuu

Kaayyoon leenjii bifa gabaabaa fi adda baheen (precise & specific) qophaahuu qaba. Kaayyoon leenjii leenjisaaf fi leenjifamtootaaf eessarraa garamitti akka deeman kallattii ifa ta'e kan agarsiisu dha. Kaayyoo leenjii kanneen ibsuun kan barbachisu sababoota armaan gadiitiifi:¹⁷³

- ✦ Leenjicha irra caala hiika qabeessaa fi hawwataa taasisuuf
- ✦ Leenjicha to'achuun akka danda'amu, safaruuf akka toluu fi cuunfuuf akka tolu gochuu fa'a dha. Kaayyooleen leenjii yaadrimeewwan, ogummaa, amaloota, malawwaniifi ilaalchota leenjicha irraa argaman (baraman) safaruuf ni gargaara.¹⁷⁴

Kaayyooleen leenjii fayidaawwan armaan gadii qabu.¹⁷⁵

- ✦ Adeemsa leenjii karoorsuu keessatti ni gargaara (leenjisaan bu'aan leenjichaa ifa akka ta'ee dhiyaatu waan godhuuf)

¹⁷⁰ Akkuma miiljalee Oliy

¹⁷¹ Akkuma miiljalee Oliy

¹⁷² Akkuma miiljalee Oliy

¹⁷³ Akkuma miiljalee Oliy, Fuula 46.

¹⁷⁴ Akkuma miiljalee Oliy

¹⁷⁵ Akkuma miiljalee Oliy

- Meeshaalee leenjii (syllabus materials) fi gochaawwan yeroo darbe keessatti raawwataman gidduutti hidhatni akka uumamu godha.
- Leenjicha madaaluuf adeemsi sirriin akka uumamu gargaara.
- Akkasumas sirrummaa sakatta'iinsichaa mirkaneessuuf ni gargaara.
- Maloota baruu fi barsiisuu (leenjii) filachuudhaaf gatii olaanaa ni qabaatu.

Kaayyooleen leenjii bifa lama kan qaban yoo ta'u kaayyoo waliigalaa fi kaayyoo addaa jedhamuu danda'u. Hiikkaa kaayyoolee kanneeniif yuunivarsiitii 'Hudders field' tti hayyoota 'Gronlund fi Curzon' jedhamaniin kenname haa ilaallu:

*A general objective is a broad statement of what the learner is expected to achieve as a result of the lesson. While specific objective is a precise and verifiable statement of expected learner behaviour at the end of the lesson. The general objective would direct the teaching whereas the specific objectives would direct the assessment need to verify learning.*¹⁷⁶

Akka yaada beektota kanaatti, kaayyoon waliigalaa yaada bal'aa leenjii kennamu irraa leenjifamaan maal akka argatu ibsu yoo ta'u, kaayyoon addaa garuu yaada adda bahe ta'ee dhuma leenjii irratti amala yookin gahuumsa leenjifamaan ni horata jedhamee yaadamu dha.

Akka ibsa 'Gronlund' tti koorsii leenjii tokko keessatti kaayyoon waliigalaa tokko qofti kan jiraatu yoo ta'u, kaayyooleen addaa garuu afur yookin shan kan gahan jiraachuu danda'u. Beektotni kun galma leenjii (aims) yeroo hiikanis:¹⁷⁷

An aim is a general statement of aspiration usually associated with a course or a group of courses as a whole. It gives direction to a course or subject area overall. Aims are long term (ultimate goals) and are difficult in them selves to observe & measure.

¹⁷⁶ Akkuma miiljalee Oliy, fuula 52

¹⁷⁷ Akkuma miiljalee Oliy

Akka ibsa kana irraa hubatamutti galmi leenjii hima waliigalaa kaayyoo koorsii leenjii tokko yookin tokkoo ol itti kennamuuf kan ibsu yoo ta'u, innis kallattii koorsichaa agarsiisuu keessatti gargaarsa qaba.

Kanaaf galma waliigalaa (overall aims) barreessuuf itti-gaafatamummaa kan qabaatu leenjisa osoo hin taane qaama silabasii qormaataa qopheessuun ykn qaamolee arjoomtotaan ta'uu danda'a.¹⁷⁸

2.8. Leenjii Karoorsuu fi Qopheessuu (Lesson Planning & Preparation)

i. Karoorri Leenjii:- Sanada barreeffamaa qabiyyee meeshaalee fi maateriyaalii leenjii agarsiisu yoo ta'u innis kaayyoo leenjii, qabiyyee leenjii, maloota kenna leenjii, meeshaalee leenjii fi sakatta'a leenjii of keessatti hammachuu qaba.¹⁷⁹

ii. Kaayyoowwan leenjii¹⁸⁰:- Kaayyoon leenjii hima /gochaa/ murtaa'aa leenjifamaan ni raawwata, yookin ni argata yookin yaada jedhamee eegamu dha. Kaayyoowwan leenjii wanta leenjichi galmaan gahuu qabu kan hammachuu qabu ta'ee, ofitti amanamummaa kan dabaluu, beekumsa ida'uu danda'uu leenjichaa agarsiisuu qaba.¹⁸¹

iii. Meeshaalee Leenjii:- Meeshaaleen leenjii meeshaalee oodiyoovizsualii fi Teeknoolojii odeeffannoo, yaadannoo fi meeshaalee biroo leenjifamtootaaf dhiyaatan kan dabalatu dha. Meeshaaleen kunneenis akka barbaadamutti qophaa'uu, qindaa'ina qabaachuu fi leenjifamtootaaf salphaatti kan hubatamuu danda'an ta'uu fi bifa hawwataa ta'een dhiyaachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.¹⁸²

¹⁷⁸ Akkuma miiljalee Oliy, fuula 57

¹⁷⁹ Akkuma Miiljalee 53, 2.1. Moojulii 2

¹⁸⁰ There are three categories of learning objectives: knowledge, skills, and attitudes (KSAs). Knowledge objectives are of three types: declarative, procedural, and strategic. Declarative knowledge is the person's store of factual information. Procedural knowledge is the person's understanding about how and when to apply the facts. Strategic knowledge is used for planning, monitoring, and revising goal-directed activity. Skill reflects one's proficiency at specific tasks such as operating a piece of equipment, giving a presentation, or making a business decision. Attitudes are beliefs and/or opinions about objects and events and the positive or negative affect (feelings) associated with them. Attitudes affect motivation levels, which in turn influence a person's behavior. (*Akka miiljalee lakk. 9*)

¹⁸¹ Akkuma Miiljalee 53, 2.5 Moojulii 2

¹⁸² Akkuma Miiljalee olii, 2.8 moojulii 2

iv. Naannawaa Leenjii Mijataa Gochuu fi Meeshaalee Leenjii Dhiyeessuu : Dareen leenjiin itti kennamu baay'ina leenjifamtootaa qabachuu kan danda'u ta'uu, mijataa fi mala leenjichi ittiin kennamu deeggaruuf kan gargaaru ta'uu mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Kana gochuuf immoo yeroodhaan dursanii bakka leenjiitti argamuun tajaajiloota barbaachisan sirreeffachuun dirqama. Baay'ina leenjifamtootaa fi namootni dursanii leenjii walfakkaataa fudhatan jiraachuu adda baafachuun ni barbaachisa.¹⁸³

2.8.1. Qajeeltoowwan karoorsa leenjii fi kenna leenjii keessatti gargaarsa qaban:-

Karoorsaa fi kenna leenjii kamiyyuu keessatti qajeeltoowwan armaan gadii gargaarsa olaanaa ni qabaatu:

1. Miira guutuun leenjii hordofuu fi dammaqinaan dhiyaachuu jajjabeessuu¹⁸⁴:

Gochaan sammuu qaamolee miiraatiin kan dadammaqu yoo ta'u, qindaa'inni qaamolee miira garagaraa jidduutti hanga cimuu immoo bu'a qabeessummaan leenjii kennamuu ni dabala. Kanaaf leenjifamtootni dhimmoota leenjii akka xiinxalan, gaafatanii fi hojii(shaaakallii) qabatamaa akka godhan jajjabeessuun mala bu'a qabeessummaa leenjii ittiin dabaluu danda'amu dha. Bu'uuruma kanaan namni tokko waan dubbisurraa 10% waan dhagahurraa 20%, waan argurraa 30%, waan dhagahee fi argerraa 40%, waan mari'ate irraa 50%, waan hojjeterraa 70%, waan barsiise irraa 90% baruu akka danda'u qorannoowwan ni agarsiisu.¹⁸⁵

2. Ofitti amanamummaa fi kaka'uumsa leenjifamtootaa dadammaqsuu: Adeemsi waa baruu itti fuufiinsa kan qabu yoo ta'u, sadarkaan adeemsichi ittiin guddataa deemu garuu yeroodhaa yerootti gargara. Yeroon itti saffisaan guddatuu fi yeroon itti laafu ni jira. Kanaaf leenjifamtootni kana hubachuun adeemsi waa baruuf godhan yeroo laafe bifa haaraan akka kaka'an gochuun barbaachisaa dha.¹⁸⁶

3. Xiyyeeffannan Leenjifamtootaa Akka Addaan Hin citne Taasisuu:

Bu'a qabeessummaa leenjii mirkaneessuu keessatti xiyyeeffannaan leenjifamtootaa gahee ol'aanaa taphata. Xiyyeeffannoo leenjifamtoota kanaa mirkaneessuuf immoo

¹⁸³ Akkuma Miiljalee olii, 2.10 moojulii 2

¹⁸⁴ Akkuma Miiljalee olii

¹⁸⁵ Akkuma Miiljalee olii, 1.4 Moojulii 1

¹⁸⁶ Akkuma Miiljalee olii

hirmaannaa isaanii cimsuufi leenjisaan yeroo dheeraaf akka hin haasofne gochuun barbaachisaa dha.¹⁸⁷

4. Yaadaa fi Xiinxaluu Jajjabeessuu

Sirni yaadachuu sammuu namootaa sadarkaawwan lama: yaadachuu yeroo gabaabaa (STM) fi yeroo dheeraa (LTM) jedhaman qaba. Beekumsa tokko argachuuf odeeffannoon namni tokko argate sadarkaa isa lammataa kanatti ce'uu qaba. Kana gochuuf immoo odeeffannichi nama sanaaf hiika kan qabu ta'uu, qindaa'ina kan qabuu fi bulchuuf kan danda'amu ta'uutu irra jiraata. Qorannoowwan akka agarsiisanitti odeeffannoo (factual information) argamuu fi irra deebiin hinxiinxalamne keessaa namni tokko %60 sa'aatii 48 keessatti ni irraanfata. Sadarkaa yaadannoo yeroo gabaabaa irraa kan yeroo dheeraatti hince'u jechuudha. Kanaaf kenna leenjii keessatti haasaa yeroo dheeraaf taasisuu dhiisuu fi leenjifamtootni irra deddeebi'uun dhimma leenji'an yaadachuu fi xiinxaluu akka qaban gochuun daran barbaachisaa dha¹⁸⁸.

5. Leenjifamtootni Leenjii Fudhatanirratti Kaka'uumsa Akka Qabaatan Gochuu:

Leenjifamtootni dhimma leenjiin irratti kennamu irratti fedhii leenji'uu hin qaban yoo ta'e leenjii tokko bu'a qabeessa gochuun hin danda'amu. Kanaaf kenna leenjii hawwataa fi hiika qabeessa taasisuudhaan kaka'uumsa uumuun barbaachisaa dha.¹⁸⁹

6. Maloota (styles) Gara garaa Fayyadamuun Leenjii Deeggaruu:

Akka bu'aa qorannoowwan tokko tokkoo irraa mul'atutti kenna leenjii fakkiiwwan, jechootaa fi diyaagraamotaan agarsiisuun, ibsa kennuu fi hojjetanii agarsiisuudhaan deeggaruun bu'a qabeessummaa leenjii kan dabaluu dha.¹⁹⁰

7. Adeemsa hojii keessatti sirna durduubeen itti argamu mirkaneessuu:

Durduubeen adeemsa kenna leenjii keessatti argamu sadarkaa kenni leenjii irra jiru adda baasuuf, fulduraaf bifa kamiin itti fufuun akka barbaachisu, rakkoolee jiraniif furmaata kenna deemuuf gargaarsa olaanaa qabaata. Kanaaf leenjii kamiyyuu keessatti leenjifamtootni durduubee akka kennan gaafachuun, durduubee sanas

¹⁸⁷ Akkuma Miiljalee olii, 1.5 Moojuulii 1

¹⁸⁸ Akkuma Miiljalee olii

¹⁸⁹ Akkuma Miiljalee olii, 1.6 Moojuulii 1.

¹⁹⁰ Akkuma Miiljalee olii, 1.7 Moojuulii 1

madaaluufi bu'aa argamus leenjii fulduratti kennamu keessatti hammachiisuun barbaachisaadha¹⁹¹.

2.9. Kaarikulamii fi Moojuulii Qopheessuu

2.9.1. Kaarikulamii Leenjii: Maalummaa fi Barbachisummaa

Jechi kaarikulamii jedhu jecha Laatinii 'currere' jedhu irraa dhufe. Hiikni isaas ittiin adeemsisuu (to run) jechuu dha. Akkuma jechicha irraa hubatamu kaarikulamiin dizzaayinii adeemsa leenjii yookin baruu fi barsiisuu qopheessuuf kan gargaaru dha¹⁹².

Barreessaan *Judy McKimm* jedhamu barbaachisummaa kaarikulamii yeroo ibsu:

*Curricula usually define the learning that is expected to take place during a course or programme of study in terms of knowledge, skills and attitudes, they should specify the main teaching, learning and assessment methods and provide an indication of the learning resources required to support the effective delivery of the course.*¹⁹³

Kaarikulamiin leenjii tokko dhimma leenjichaan baramuuf yaadame kan adda baasuuf gargaaru akka ta'e ibsa olii kana irraa ni hubatama. Akkasumas kaarikulamiin maloota leenjiichi itti kennamuufi madaalliin itti gaggeeffamu akkasumas meeshaalee fi qabeenya leenjicha kennuuf dandeessisu kan ibsu ta'uu qaba.

Kaarikulamiin leenjii dhaabbata tokkoo barreeffamaan kan maxxanfamu (official curriculum) yookin kan hin maxxanfamne (hidden or counter curriculum) ta'uu danda'a. Kaarikulamii barreeffamaan hin maxxanfamne yeroo ibsu *Judy McKimm* :

The hidden curriculum describes those aspects of the educational environment and student learning such as values and expectations that students acquire as a result

¹⁹¹ Akkuma Miiljalee olii

¹⁹² Judy Mckimm (Head of curriculum development Imperial college centre for educational development), Curriculum design and development, fuula 2, 2007.

¹⁹³ Akkuma Miiljalee Olii.

*of going through an educational process which are not formally or explicitly stated but which relate to the culture and ethos of an organization.*¹⁹⁴

Akka ibsa barreessaa kanaatti kaarikulamii barreeffamaan hin maxxanfamne kan maxxanfamu irraa kan adda baasu ifatti adeemsa leenjii saxaxuun hojiitti hiikinsaaf kan qophaa’u osoo hin taane haala baruu leenjifatootaa fi naannawaa leenjii kan ibsu dha.

Kaarikulamiin leenjii marsaa mataa isaa (the curricular cycle) keessa naanna’a. Ogeessi kaarikulamii *Judy McKimm* “... the dynamic curriculum requires change and resource management” Jechuun ibsa. Qophiin kaarikulamii adeemsa marsaa kan qabu yoo ta’u sakatta’a fedhii, saxaxuu/design/ fi sadarkaa hojiirra oolmaa keessa kan darbu dha¹⁹⁵.

Qopheessi karikulamii gulantaawwan keessa darbu keessaayis warri hangafootni kanneen armaan gadii ti¹⁹⁶:

- Sadarkaa ogummaa /professional context/ yookin leenjii sagantichi keessatti qophaa’u adda baafachuu
- Fedhii leenjifamtootaa akkaataa safartuulee ogeessaatiin adda baafachuu
- Galmaa /aims/ fi bu’aa sagantaa leenjichaa irraa eeggamu adda baasuu
- Yaadotaa fi daangaawwan /constraints/ adda baasuu
- Haala caaseffama sagantaa leenjichaa bifa waliigalaatiin yaaduu, qabxiilee ijoo leenjii fi duraa duuba matadureewwan ijoo ta’anii hubachuu
- Tokkoon tokkoon mata duree /koorsii/ leenjichaa gadi fageenyaan agarsiisuu, kaayyoolee leenjii fi bu’aa leenjii eeggamu adda baasuu
- Sagantaan leenjichaa akka walsimuu danda’utti /coherence/ qindeessuu, bu’aalee leenjii, gabatee yeroo leenjii, qabiyyee leenjii, mala leenjii fi sakatta’iinsaa sirrii ta’ee fi qabeenya /meeshaalee leenjii/ jiraniin adeemsifamuu danda’u adda baasuu

¹⁹⁴ Akkuma Miiljalee Ollii

¹⁹⁵ Akkuma Miiljalee Ollii, fuula 4.

¹⁹⁶ Akkuma Miiljalee Ollii.

- Saganticha hojiirra oolchuu fi qulqulleessuu /implement and refine the programme/
- Tarsiimoo madaallii sagantaalee leenjii sirrii fi hojiirra ooluu danda’u /deliverable/ diriirsuu
- Akkaataa durduubee argamuutiin koorsichi fedhii leenjifamtootaa fi dhimmaamtootaa guutuu keessa deebi’anii ilaaluu /review and revise/.

B. Tarsiimoowwanii fi moodeelota Qopheessa Kaarikulamii

Kaarikulamiin kamiyyuu yeroo qophaa’u haala qabatamaa dhaabbata leenjichi keessatti kennamuu jiddu-galeessa kan godhate ta’uu qaba. Ijoon tarsiimowaan ilaallamuu qabu koorsiiwwan dizzaaynessuu, kennuu fi bulchuun dhaabbatichaan jiddu galeessummaan (centralized) kan qabame dha moo miti isa jedhu dha. Ogeessi qophii kaarikulamii ‘*Judy McKimm*’ jedhamu kun barruu isaa tokko keessatti yeroo ibsu:

Centralised curricula tend to be more structured and orderly and it is easier to ensure uniformity and a standard approach to teaching and learning. It may allow better access to a wide pool of expertise but be less sensitive to local needs. While decentralised curricula tend to be more appropriate to learner’s local needs and often ensure better ownership of the course by trainers/teachers/¹⁹⁷.

Akka ibsa olii kanatti kaarikulamiin dhaabbata leenjiitiin jiddu galeessatti qabamu kan jiddu galeessatti hin qabamnerra (decentralized) sirnaawaa fi caaseffamaa yoo ta’u fedhii leenjifamtootaa ilaalcha keessa galchuu fi dizzaaynii gara garaatiin dhiyaachuu danda’uu irratti garuu hanga isa boodaa mijataa miti.

Gama biraatiin qopheessii fi dizzaaynessi kaarikulamii moodeloota gurguddoo leenjii lamaan: moodela kaayyowaa /objectives model/ fi moodela adeemsaa /process model// jedhaman waliinis ilaalamuu qaba. ‘*Judy McKimm*’ moodelota kanneen yeroo ibsu:


The objectives model takes as its major premise the idea that all learning should be defined in terms of what students should be able to do after studying the programme in terms of learning outcomes or learning objectives. The process model, on the other hand, assumes

¹⁹⁷ Akkuma Miiljalee olii, fuula 10.


that content and learning activities have an intrinsic value and they are not just a means of achieving learning objectives and that translating behavioral objectives is trivializing¹⁹⁸.

Yaadni armaan olii kun fakkiidhaan akka itti aanutti ibsama¹⁹⁹.

Fakkii 9__ *Moodela kaayyowaa (objectives or outcomes model)*



Fakkii 10__ *Moodela Adeemsa (the Process Mode)*



¹⁹⁸ Akkuma Miiljalee Oliy

¹⁹⁹ Akkuma Miiljalee Oliy, fuula 11 fi 12.

Kaarikulamii dizzayneessuuf ilaalchi sirrii fi hundarra filatamaan qabeenya (resources) leenjii jiru, fedhii leenjifamtootaa, muuxannoo leenjisa fi caaseffama dhaabbatichaa jiddu galeessa ilaalchota lameen irraayyuu walitti fiduudhaani dha.²⁰⁰

2.9.2. Moojuulii Leenjii

Jabana kana keessa leenjiwwan qophaa’an hedduun isaanii moojulii kan bu’uureffatani dha. Hayyootni gara garaa²⁰¹ maalummaa moojulii ibsuuf kan yaalan yoo ta’u hiikkaan hayyuu “Jonathan” jedhamuun kenname akka itti aanutti kan teechifame dha.

A module is typically a short curriculum component which may be linked with other modules or courses to form a coherent programme of learning. It has a fixed length..., a specified title, aim & objectives, agreed content interms of concepts, skills and attitudes, recommended teaching and learning styles and explicit assessment procedures²⁰².

Moojuliin maateriyaalii kaarikulamii gabaabaa mata duree adda bahe qabu, galmaa fi kaayyoo kan qabu, qabiyyee waliigalamaa, bifa leenjichi ittiin kennamuu fi adeemsa madaallii ifa ta’e kan qabu dha.

Hayyuun ‘shackleton’ jedhamtus akka itti aanutti ibsiteerti.

Modules are units of credit which need to be within a system which is competence based. Modules have strong over all design frame work and should enable feasible delivery with a consistent and simple format promoting equality of opportunity and esteem with a support, training and researcher programme.²⁰³

Akka ‘Shakleton’tti moojuliin kenna leenjii bifa salphaa ta’een yaada gabbataa fi caaseffama hawwataadhaan gahuumsa giddu galeessa godhatee kan qophaa’u dha.

²⁰⁰ Akkuma Miiljalee Oliy fuula 12.

²⁰¹ Maalummaa moojuulii hayyuun ‘Farley’ jedhamu yeroo ibsu ‘Module is a set of outcomes, the most potent being competence statements which can directly be related to performance standards for assessment purposes’ jedheera. (Akkuma miiljalee 53, 1.7 moojulii 1)

²⁰² Akkuma miiljalee Oliy

²⁰³ Train the trainers, A compilation by ministry of justice FDRE, Nov 2004, fuula 58.

Akka waliigalaatti kaayyoon moojulii qopheessuu tiworii fi qabatama jiru walnyaachisuun dhiyeessuun akka danda'amu fi dha. Moojulootni waanta beekamuu qabu irra caalaa waanta hojjetamuu qabu (things to be done-performance oriented) irratti kan xiyyeeffatani dha.²⁰⁴

Moojuliin kamiyyuu amaloota bu'uuraa sadi calaqqisiisuu qaba. Isaanis kan walfudhate ta'uu (integrated), kan of danda'ee ta'uu (autonomous) fi raawwii kan giddu galeessa godhate (performance oriented) ta'uu dha.²⁰⁵

Hayyuun 'Tuxworth' jedhamu qabiyyee moojuliin of keessatti qabachuu qabu (danda'u) jedhee kan ibse.²⁰⁶

- Yeroo leenjii, sa'aatii korsichaaf keenname
- Tarree qabiyyee (beekumsa, ogummaa)
- Bu'aa leenjicha irraa eeggamu
- Duraa duuba bu'aa argamuu, bifa ibsa gahuumsaatiin
- Madaallii gahuumsa bu'aa moojuulichaa
- Maloota kenna leenjii ciminaa fi hir'ina isaan qaban

2.10. Koorsii leenjii Qopheessuu (Course development)

Leenjiiin kamiyyuu yeroo qophaa'u qaphxiileen armaan gadii ilaalcha keessa galuu qabu:

- Leenjichi eenyuuf akka kennamu,
- Kaayyoo fi galma maaliif akka kennamu
- Haala qabiyyee fi caaseffama leenjichaa
- Haala bulchiinsaa fi kenna leenjichaa,
- Qabeenyaa fi meeshaalee (recourses) leenjicha deeggaran,
- Lenjiin kennamu akkamitti akka madaalamuu fi
- Leenjifamtootni hammam akka baran akkamitti akka sakatta'amu kan jedhan fa'i.²⁰⁷

²⁰⁴ Akkuma miiljalee Oliy

²⁰⁵ Akkuma miiljalee Oliy

²⁰⁶ Akkuma miiljalee Oliy

²⁰⁷ Akkuma Miiljalee olii, 7.1, moojulii 7

Malli koorsii leenjii /moojulii/ qopheessuu gochaawwan sagal of keessatti qaba. Isaanis gochaawwan gurguddoo 3: xiinxala, saxaxuu fi qopheessuu (design & production), fi madaaluu jedhaman jalatti kan hammatamani dha.²⁰⁸

1. Xiinxala (Analysis)

i. Qorannaa duraa (preliminary study): Naannawaa hojii keessatti jijjiiramootni ni uumamu. Jijjiiramootni kunneen immoo barbaachisummaa leenjii kan uumani dha. Jijjiiramni naannoo hojiitti akka uumamuuf immoo sababa kan ta'an: guddinoota haaraa hojii wajjin walqabatan, meeshaalee hojii haaraa, caaseffama mana hojii haaraa (re-organization), jijjiirama imaammataa, jijjiirama humna namaa mana hojichaa fi rakkooolee raawwii hojjetootaa ti.²⁰⁹

Kanaaf sadarkaa moojulii qopheessuu qorannoo duraa kanatti rakkoo leenjiin qophaa'u furuuf adeemu, sababa isaa fi furmaata leenjichi argamsiisuu danda'u qabxiileen jedhan yeroo adda itti bahani dha. Leenjicha bu'a qabeessa taasisuuf tarkaanfiiwwan bulchiinsaan fudhatamuu qaban kan biraa yoo jiraatanis yeroo itti beekamuu qabu dha.²¹⁰

ii. Xiinxala hojii (job analysis): Xiinxalli hojii gita raawwii barbaadamu adda baasuuf kan raawwatamu yoo ta'u, xiinxala bifa sirnaawaa ta'een gaggeessuudhaan ogummaa, beekumsaa fi ilaalcha raawwii hojii gaariidhaaf barbaadamu agarsiisuun (define) barbaachisaa dha.²¹¹ Kun immoo dhimmoota leenjiin irratti kennamuu qabu keessaa kanneen dursa barbaadan adda baasuu fi itti fayyadama qabeenyaa qisaasa hin qabne uumuuf gargaara. Sadarkaan (standards) raawwii hojiis asitti kan murtaa'u ta'a.²¹²

iii. Xiinxala leenjifamtootaa (Population analysis): Sadarkaa kanatti baay'inni leenjifamtootaa hammam akka ta'u maal akka beekanii fi leenjifamtootni namoota akkamii akka ta'an leenjifamtoota kaadhimaman irratti hundaa'uun yeroo

²⁰⁸ Akkuma Miiljalee olii, 7.2

²⁰⁹ Akkuma Miiljalee olii

²¹⁰ Akkuma Miiljalee olii, 7.3

²¹¹ Akkuma Miiljalee olii

²¹² Akkuma Miiljalee olii

odeeffannoon itti guuramuu fi adda bahu beekumsaa fi ogummaan isaan qaban madda odeeffannoo ni ta'u.²¹³

2. Koorsii leenjii saxaxuu fi qopheessuu (design and production)

i. Karikulamii qopheessuu (design of curriculam): Sadarkaa kanatti tokkoon tokkoon ogummaa leenjichaaran baramanii fi gitni raawwii leenjifamtoota irraa xumura leenjiitti eeggamu adda kan itti bahu dha.²¹⁴ Koorsiin qophaa'u bifa moojuulii kan qabu yoo ta'e, baay'ina moojulootaa, walitti dhufeenya moojulootni wal wajjin qabaatan, qindaa'inaa (organization) fi duraa duuba eeggatee dhiyaachuu qabiyyee (sequencing) moojuloota qophaa'anii dursanii adda baasuufi murteessuun barbaachisaa dha.²¹⁵

ii. Moojulii Qopheessuu (design of modules): Sadarkaa kanatti gochaawwan kenna leenjii fi qabiyyee tokkoon tokkoo moojuliin walqabatee yeroo karoorri gadifageenya qabu (detailed plan) itti gaggeeffamu dha. Akkaataan kenna leenjii (mode of delivery) fi malootni kenna leenjii hojiirra oolan, yeroo fi qabeenyi (recources) tokkoon tokkoo dhimma (moojulii) leenjiitiif barbaachisan adda ni bahu.²¹⁶

Sadarkaa kanatti qabiyyeen moojulii bifa ifaa fi loojikawaa ta'een duraa duuba isaa eegee qindaa'uu fi caaseffamuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Akkasumas, malootnii fi gosti leenjii (techniques & modes of delivery) kennamuu leenjichaaf kan ta'uu malu ta'uu isaa murteessuun barbaachisaa dha.²¹⁷

iii. Qabeenya /waantoota/ leenjiif barbaachisan guutuu fi qindeessuu (production & development testing): Sadarkaa kanatti qabeenyi akkamii fi hammam kenna leenjii keessatti hirmaachuu akka qabu yeroo itti murtaa'u dha. Qabeenyi (wantootni) leenjifamtootni leenjii bu'a-qabeessa akka argatan dandeessisan kunis namoota leenjii kennanii fi qindeessan irraa qabee meeshaalee gargaarsaa, dareewwan leenjii fi maateeriyaalota leenjii kan dabalatu dha.²¹⁸ Kanaaf sadarkaa kanatti maateeriyaalotni

²¹³ Akkuma Miiljalee olii

²¹⁴ Akkuma Miiljalee olii

²¹⁵ Akkuma Miiljalee olii

²¹⁶ Akkuma Miiljalee olii, 7.4 moojulii 7

²¹⁷ Akkuma Miiljalee olii

²¹⁸ Akkuma Miiljalee olii

leenjii akkaataa qajeelfamaa fi foormaatii barbaadamuun, karoorri leenjii (lesson plan) fi k.k.f. yeroo itti qophaa'anii dha²¹⁹.

3. Koorsii leenjii Madaaluu

i. *Mirkaneessuu fi keessa deebi'uu (validation and revision)*: Kenni leenjii jalqabaa leenjifamtootni kaayyoolee raawwii argamsiisuu isaanii kan dandeessise ta'uu fi dhiisuu xiyyeeffannoodhaan ilaallamuu qaba. Leenjisa fi leenjifamtootnis yaada qaban ni kennu. Qabxiileen qormaataas walbira qabamanii ni ilaalamu. Sanaan booda koorsicha mirkaneessuu ykn keessa deebi'uun barbaachisaa dha²²⁰.

ii. *Hojiitti hiikinsa (implementation)*: Sadarkaa kanatti koorsiin qophaa'e akka idileedhaan kennamu haalotni ni mijaa'u²²¹.

iii. *Madaallii (evaluation) yeroo dheeraaf (long-term) bu'a qabeessa jedhamuuf koorsiin tokko.*²²²

- Leenjifamtoota akka barbaadametti kan hirmaachise yoo ta'e.
- Leenjifamtootni akka isaanirraa eeggamutti raawwii kan qabaatan yoo ta'e.
- Raawwii hojiirratti leenjii booda agarsiisaniin fooyya'iinsa barbaadame yoo fidan
- Leenjichi akka kennamuuf rakkoo sababa ta'e furuuf kan dandeessise yoo ta'e dha.

2.11. Fedhii Leenjii

Leenjiin kennamu kamiyyuu fedhii irratti kan hundaa'u yoo ta'u fedhii leenjii irrattis ilaalchota garagaraatu jira. Hiikkaa fedhii leenjiitiif kenname tokko haa ilaallu.

*Need is most commonly defined as a deficiency or a gap between an actual situation and a preferred situation, in terms of job performance, knowledge, skills, abilities and competence.*²²³

²¹⁹ Akkuma Miiljalee olii

²²⁰ Akkuma Miiljalee olii

²²¹ Akkuma Miiljalee olii

²²² Akkuma Miiljalee olii, 7.5 moojulii 7

Akka hiikkaa kanaatti fedhiin leenjii raawwii hojii, beekumsa, ogummaa dandeettii fi gahuumsa ilaalchisee qaawwa haala qabatamaa fi haala osoo uumamee barbaadamu jidduu jiru jechuu dha.

Gama biraatiin ilaalchi qabatamaan fedhii leenjiitiin walqabatee jiru fedhii leenjii filannoo (want or reference) waliin walqabsiisuu dha. Ilaalcha kanarratti mormiin baay'een yeroo ka'u kan mul'atu yoo ta'ellee, sakatta'iinsi fedhii hedduun ilaalcha kana kan bu'uureffatanii gaggeeffamani dha.²²⁴

Ilaalchota gara garaa jiran²²⁵ keessaa inni kan biraa fedhiin hanqina dadhabbina yookin rakkoo hordofsiisuu danda'u dha isa jedhu dha.

Leenjiin ogeessota seeraatiif kennamu kamiyyuu leenjii hojiirraas ta'e leenjii hojiin duraa kennuun dura sakatta'iinsa fedhii leenjii gaggeessuu akka barbaachisu ni amanama.²²⁶ Barbaachisummaa sakatta'a fedhii kana “*Brock Haus*” yeroo ibsu:

*Need assessment is both cost effective and essential for adult education programs which are very expensive to run. Accountability is increased because needs assessments provide a rational basis for decisions and increase the likelihood that programs will be successful. As cost of programs increases the importance of needs assessment increases.*²²⁷

Sakatta'iinsi fedhii leenjii dhimmoota leenjiin walqabatan irratti murtii sirrii kennuuf waan gargaaruuf bu'a qabeessummaa sagantaalee leenjiitiif akkasumas bu'a qabeessummaa baajataatiif deeggarsa olaanaa qaba.

²²³ Livingstone Armytage, The need for continuing judicial education, UNSW law journal, vol 16, no 2, 1993, fuula 538

²²⁴ Akkuma Miiljalee olii

²²⁵ 'Need can be defined in terms of "discrepancy"... discrepancy like the notation of deficiency, involves identification of gap between what is and what ought to be but, additionally, incorporates a developmental or remedial connotation. (*Akkuma Miiljalee Olii*)

²²⁶ Akkuma Miiljalee olii , fuula 549

²²⁷ Akkuma Miiljalee olii fuula 549 fi 550

Sakatta'iinsi fedhii hir'ina rawwii hojiirratti ogeessota seeraa quunnamu leenjiidhaan furmaata kennuun akka danda'amu daataan barbaachisu haala ittiin argamu dha. 'Hudzik' fedhii leenjii sakatta'uu yeroo hiiku:

*Needs assessment helps to identify what should be taught to whom, when, how and why. In a world of limited resources, needs assessment also helps to set educational priorities.*²²⁸

Akka 'Hudzik' tti fedhiin leenjii leenjii kamtu eenyuuf yoom akkamitti maaliif kennama? Isa jedhu akkasumas isa kamtu kam dura dursa argata? Kan jedhu adda baasuuf kan oolu dha.

Akkuma beekamu leenjiin tarsiimoowwan bulchiinsaa kaayyoo dhaabbata /mana hojii tokkoo galmaan gahuuf gargaaran keessaa isa hunda caala bu'a qabeessa ta'e dha.²²⁹ Ogunmaa leenjiin argamuun qaawwa hojii dhaabbilee /manneen hojii/ cufamu irraa bu'aan argamu baasii leenjiif bahu waliin kan walbira qabamu miti. Haa ta'uyyuu malee leenjiin tokko bu'aa barbaadame argamsiisuuf odeeffannoo amanamaa ta'e bu'uureffatee kan qophaa'u ta'uu qaba. Dhaabbileen /manneen hojii/ gara garaas odeeffannoo bifa kanaa akka bulchiinsaatti argachuuf sakatta'a fedhii leenjii ni gaggeessu.²³⁰

Sakatta'iinsi fedhii leenjii kunis dhaabbileen /manneen hojii/ daataa dhaabbata isaanii irraa walitti qabuuf xiinxaluudhaan fedhii leenjii ilaalchisee yaada ta'e tokko irra gahuuf kan isaan dandeessisu dha.²³¹

Leenjiidhaan walqabatee beekamtii ol'aanaa kan qaban 'Mc Gehee fi Thayer' akka jedhanitti sagantaa leenjii tokko qopheessuun dura qaphxiilee gurguddoo armaan gadii irratti odeeffannoo gahaa fi amanamaa ta'e argachuun barbaachisaa dha.²³²

- Eenyu akka leenjifamu (who)
- Maaliin akka leenjifaman (in what)

²²⁸ Akkuma Miiljalee olii, fuula 550

²²⁹ Akkuma miiljalee Olii, fuula 40.

²³⁰ Akkuma miiljalee Olii

²³¹ Akkuma miiljalee Olii

²³² Akkuma miiljalee 53

- Eenyuun akka leenjifaman (by whom)
- Akkamitti akka leenjifaman (How)
- Akkamitti bu'aan leenjii akka madaalamu

Gama biraatiin dhaabbileen leenjii adda addaas odeeffannoo koorsiiwwan leenjii qaamolee biroof kennuuf karoofataniif kan isaan gargaaru sakatta'a fedhii leenjii ni gaggeessu. Sakatta'iinsi fedhii kunis koorsiiwwan kennaman irratti yookin raawwi addaa dhaabbatni yookin manni hojii tokko gonfachuu barbaadu irratti (unique performance requirements) xiyyeeffachuu danda'a.²³³ Sakatta'iinsi gaggeeffamu koorsii kennaman adda baafachuu irratti yeroo xiyyeeffatu odeeffannoon walitti qabamu fedhii hojjetootni koorsii adda bahe (available) irratti leenjii'uuf qaban malee maal baruuf yookin fooyyessuuf fedhu isa jedhu kan sakatta'u miti. Sakatta'iinsi bifa kanaa bifa al-idilaawaa (irregular & infrequent) ta'ee fii turee turee kan gaggeeffamu dha.²³⁴

Malli sakatta'iinsaa kun yeroo hedduu kan fayidaarra oolu waan ta'eef mala baramaa (conventional method) jedhamuun beekama.²³⁵ Mala sakatta'iinsa fedhii kana kan fayyadaman dhaabbilee leenjii hojjetoota qaamolee adda addaaf qopheessani dha.²³⁶

Malli sakatta'iinsa fedhii leenjii inni lammataa mala sirnaawaa (the systematic method) isa jedhamuu dha. Akka mala kanaatti sakatta'iinsi mala baramaadhaan dhaabbileen leenjii adda addaa gaggeessan gahaa miti. Kanaaf qaama bulchiinsa mana hojii leenjifamtootaatiin odeeffannoon eessatii fi yoom leenjiin akka barbaachisu agarsiisuu fi xiinxalu raawwii mana hojichaa irratti xiyyeeffatee bifa walirraa hin cinneen gaggeeffamuu qaba. Sakatta'iinsi bifa kanaas mala sirnaawaa jedhama.²³⁷ Sakatta'iinsi fedhii sirnaawaa to'annaa adeemsa kenna leenjii harka dhaabbilee leenjii kennaniitii baasee harka bulchiinsa mana hojii leenjifamtootaatti kan galchu dha. Malli kun hooggansi mana hojii rakkoolee raawwii bu'a-qabeessummaa dhaabbata isaanii keessa jiru ilaalchisee hubannoo akka argatuu fi of-eeggannoo akka taasisu gargaara.²³⁸ Malichi hooggansi mana

²³³ Akkuma miiljalee Oliy

²³⁴ Akkuma miiljalee Oliy

²³⁵ Akkuma miiljalee Oliy, fuula 41.

²³⁶ Akkuma miiljalee Oliy ,fuula 41 fi 42.

²³⁷ Akkuma miiljalee Oliy, fuula 42.

²³⁸ Akkuma miiljalee Oliy

hojii tokko caaseffamaa fi hojmaata mana isaa akka ilaaluu fi fooyyessu, leenjiin kam kam akka bu'aa buuse akkasumas leenjiin haaraan qophaa'uu malu eessaa fi duraa duuba kamiin akka gaggeeffamuu qabu baruuf kan dandeessisu dha.²³⁹

Malli sakatta'iinsa fedhii leenjii sirnaawaa kun adeemsa sadarkaawwan shanan itti aanuun dhiyaatan bifa ilaalcha keessa galcheen karoorfamuu qaba.²⁴⁰

Sadarkaa 1- Hayyamaa fi Qophaa'ina Bulchiinsaa

Sakatta'iinsi fedhii leenjii kan jalqabu (sakatta'iinsi sirnaawaan) murtii fi hayyamaa bulchiinsa mana hojiitiini. Mana hojii fedhii leenjii hojjettoota isaa adda baafatuuf, gochaan kun haaraa yoo ta'e namoota sakatta'iinsicha gaggeessaniif leenjii kennuun yookin qaama olaanaa gahuumsa kana qabu waliin ta'uun hojjechuun dirqama.²⁴¹ Kanaaf mala sakatta'iinsaa kana keessatti deeggarsi bulchiinsaa cimaa ta'e barbaachisaa dha.²⁴²

Sadarkaa 2- Haala hojii qoruu (scanning the work situation)

Wal-dhabdeewwan hojii waliin walqabatan kan uumamanii fi guddataa deeman haala raawwannaa hojii wallaaluu yookin fedhii dhabuu raawwattoota irraa kan maddani dha.²⁴³ Ka'uumsa, maalummaa fi sadarkaa waldhabdeewwan raawwii hojii keessatti mul'atanis adda baasuun kan danda'amu kuusaawwanii (records) fi gabaasota mana hojichaa ilaallachuun qophaa'an qoruudhaan, raawwii hojii jiru kallattiidhaan ilaaluun yookin yaadota yookin dhugaawwan jiran adda baasuuf gaaffilee gaafachuun yookin maloota biroo fayyadamuun ta'uu danda'a.²⁴⁴

Sadarkaa 3. Wal-dhabdeewwan irratti xiyyeeffachuu

Waldhabdeewwan raawwii (performance discrepancies) mana hojii fi hojii raawwattoota kara adda addaatiin miidhuu waan danda'aniif xiyyeeffannaa fi furmaata argachuu

²³⁹ Akkuma miiljalee Oliy, fuula 42

²⁴⁰ Akkuma miiljalee Oliy

²⁴¹ Akkuma miiljalee Oliy

²⁴² Akkuma miiljalee Oliy

²⁴³ Akkuma miiljalee Oliy

²⁴⁴ Akkuma miiljalee Oliy

barbaadu. Kanaaf wal-dhabdeewwan beekumsaa fi ogummaa dhabuu raawwattootaatiin walqabatan adda bahuun leenjii irratti akka qophaahu godhamuu qaba.²⁴⁵

Sadarkaa 4. Hojiirra oolchuuf karoorsuu (Planning for implementation)

Fedhii leenjii mana hojii tokko irratti hundaa'uun gumeewwan (proposals) adda baasuu fi qopheessuunis hojii karoorsuu of-eeggannoo barbaadu dha. Karoora qophaa'u kessattis fedhii leenjii jiru galmaan gahuuf humnaa fi maallaqa jiru (recources) haala itti fayyadamuun danda'amu irratti tarsiimoon qophaa'uu qaba. Tarsiimoowwan garagaraatiif dursi yeroo kennamus bu'aa inni argamsiisuu danda'u (potential input), baasii, qabatamummaa yookin hojiirra ooluu danda'uu (feasibility) tarsiimichaa giddu galeessa godhachuu qaba.²⁴⁶

Sadarkaa 5. Bulchiinsaaf Gabaasuu

Sakatta'a fedhii leenjii gaggeessuu keessatti gulantaan inni dhuma gabaasa bulchiinsaaf dhiyeessuu dha. Gabaasni kunis bulchiinsi proppoozaalii leenjii irratti murtii kennuuf kan dandeessisuu fi gadifageenya kan qabu, feedhii leenjii kamiifiyyuu odeeffannoo dugda-duubaa kan agarsiisuu fi sadarkaa raawwii leenjichaan bira gahuuf barbaadame kan ibsu ta'uu qaba.²⁴⁷ Dabalataanis gabaasichi tarsiimoowwan leenjichi raawwii barbaadame argamsiisuuf fayyadamuu qabu, duuraa duuba tarsiimoowwan hojiirra ooluu qabaniif odeeffannoo tarsiimoowwan kanneen waliin walqabatan hammachuu qaba.²⁴⁸ Sakatta'iinsi fedhii kunis kan xumuramu tarsiimoo leenjii akeekame hojiirra oolchuuf murtiin bulchiinsaan yeroo kenname dha.²⁴⁹

Hojiirra Oolmaa Sakatta'a Fedhii:- Adeemsa sakatta'a fedhii leenjii gaggeeffamu hojiirra oolchuuf hooggansi olaanaan mana hojii gochaawwan armaan gadii raawwachuu qaba.²⁵⁰

²⁴⁵ Akkuma miiljalee Oliy

²⁴⁶ Akkuma miiljalee Oliy

²⁴⁷ Akkuma miiljalee Oliy

²⁴⁸ Akkuma miiljalee Oliy

²⁴⁹ Akkuma miiljalee Oliy

²⁵⁰ Akkuma miiljalee Oliy

- Kutannoo dhuunfaa fi bulchiinsaa cimaa ta'e qabaachuu,
- Qaama ittigaafatamummaa fudhatee sakatta'a fedhii gaggeessu bakka buusuu
- Sakatta'a gaggeeffamu idileedhaan hordofuu
- Bu'aa sakatta'aa fi yaada furmaataa dhiyaatu dammaqinaan hordofuu.

2.12. Sakatta'a Raawwii Leenjifamtootaa

Adeemsa kenna leenjii keessaa inni murteessaan tokko sakatta'iinsa raawwii leenjifamtootaa gaggeessuudhaa.²⁵¹ Sakatta'iinsi kun kan gaggeeffamu leenjifamtootni kaayyoo moojuuliin leenjichaa qabate galmaan gahuu fi dhiisuu irratti sadarkaa gahuumsa isaanii murteessuu fi dha. Kanaaf adeemsi sakatta'iinsichaa sirnaawaa fi amanamaa (objective) ta'uu qaba, leenjifamaan galma moojuuliin qabate hin dhaqqabne ragaa hin (certificate) argatu waan ta'eef, ulaagaawwan sakatta'iinsa gaarii gati-qabeessummaa (validity) fi fudhatamummaa (reliability) dha.²⁵²

Gati qabeessummaan dhugummaa sakatta'iinsaa waliin kan walqabatudha. Kana gochuuf sakatta'iinsa gaggeeffamuuf safartuulee gargaaratiinii fi haala itti raawwatamu karaa ifaa fi amanamaa (faithfully) ta'een ibsuun barbaachisaa dha. Akkasumas, sakatta'iinsichi gahuumsa ogummaa, beekumsaa fi ilaalcha waliin walqabatan qofa irratti (garuu sadanuu kan hammatu) hundaa'uu qaba.²⁵³

Fudhatamummaa sakatta'iinsa leenjifamtootaa yeroo jennu sakatta'iinsi madaaltota (raters) garagaraatiin yookin qabxiilee garagaraa irratti leenjifamtoota tokkoof osoo kennamee bu'aa walfakkaataa kan agarsiisuu danda'u yoo ta'e dha. Malootni sakatta'iinsa tokko tokko irra caalaa amanamoo ta'an ni jiru. Haala gaariin kan qophaa'an yoo ta'an gaaffileen ibsaa (essay) irra caala gahuumsa leenjifamtootaa isa sirrii agarsiisuu danda'u.²⁵⁴ Qulqullinni ajaja leenjifamtootaaf kennamanis amanamummaa bu'aa madaallii irratti dhiibbaa mataa isaanii ni qabaatu. Kanaaf ajajootni madaalamtootaaf kennaman guutuu fi kan iftoomina qaban ta'uutu irra jiraata. Akkasumas madaalliin gaariin, madaalawaa (bakka irra caala barbaachisaa ta'e irratti kan xiyyeeffate), bu'a-qabeessummaa

²⁵¹ Akkuma Miiljalee olii.

²⁵² Akkuma Miiljalee 53, 5.1 moojulii 5

²⁵³ Akkuma Miiljalee olii, 5.2 moojulii 5

²⁵⁴ Akkuma Miiljalee olii

(efficiency) kan qabu, hojjechuu fi sirreessuuf yeroo baay'ee bal'aa kan hin fudhannee fi yeroo qophaa'us ta'e sirreeffamu leenjifamaa kamiifiyyuu gahuumsa isaa haqa-qabeessummaan kan agarsiisuu fi carraa walqixa kan kennu ta'uu qaba.²⁵⁵

Sakatta'iinsi raawwii leenjifamtootaa kaayyoo garagaraaf kan gaggeeffamu yoo ta'u, bu'aan sakatta'iinsaa inni dhumaa sadarkaa raawwii leenjifamaa agarsiisuuf yookin haala baruuf barsiisuu deeggaruuf kan oolu ta'uu danda'a.²⁵⁶

Sakatta'iinsi leenjifamaa adeemsa leenjifamtootni maalii fi hammam akka hubatan ittiin madaalamu dha.²⁵⁷ Kanaafuu, sakatta'iinsi leenjifamtootaa, karaa leenjifamtootni dubduubee ittiin argatanii fi hordoffii leenjii isaanii ittiin to'atan, gahuumsa isaaniis ittiin mirkaneeffachaa deemani dha. Kanaafuu maloota sirrii fi rogummaa qabaniin sakatta'iinsa raawwachuun leenjicha bu'a qabeessa taasisuufis ta'e raawwii leenjifamtootaa safaruuf gahee olaanaa qaba.²⁵⁸ Sakatta'iinsa leenjifamaatiin walqabachuun qabxiilee ka'uu danda'an tokko tokko akka armaan gadiitti ilaaluun barbaachisaa ta'a.

i. Raga Madaallii (Assessment Evidence).

Ragaan madaallii, hojii leenjifamtootaa sakatta'ame kamiyyuu kan dabalatu yoo ta'u, waraqaan deebii qormaatilee fi assaaymantiwwan, ragaalee namaa, qabxii leenjii duraanii kan fakkaatan ni hammata.²⁵⁹

ii. Mala Madaallii (Assessment Methods)

Malli madaallii gochaalee leenjistootni leenjifamtoota irraa raga madaalli argatan, malootni madaallii beekamoo ta'anis: gaaffilee filannoo, gaaffilee deebii gabaabaa fi dheeraa, Esseyii (essays), Hojii pirojektii, dhimmoota xiinxaluu, fa'a dha.²⁶⁰

iii. Sababa Madaallii (Why assess?)

²⁵⁵ Akkuma Miiljalee olii

²⁵⁶ Akkuma Miiljalee olii

²⁵⁷ Akkuma Miiljalee olii,

²⁵⁸ Akkuma Miiljalee olii

²⁵⁹ Akkuma Miiljalee olii, 5.4 moojulii 5

²⁶⁰ Akkuma Miiljalee olii.

Sababootni sakatta'insi raawwii leenjifamtootaa gaggeeffamuuf hedduu yoo ta'an, isaan gurguddoon, leenjifamtoota sadarkeessuu fi filuuf, sadarkaalee gahuumsaa barbaadamu eeguuf (maintaining standards), rakkoolee kanna leenjii keessa jiran adda baasuuf, kenna leenjii cimsuuf, bu'a qabeessummaa malaa fi tarsiimoo kenna leenjii madaaluuf isaan jedhani dha.²⁶¹

iv. Qabxii Madaalamu (What & how to assess?)

Qabxiileen moojulii keessatti hammataman marti qabxii madaallii ta'uu hin danda'an. Kanaaf moojulii tokko keessatti iddoo irra caalaa barbaachisaa ta'e of-eeggannoon filuudhaan madaalicha raawwachuun gati-qabeessummaa isaafis fayidaa qaba.²⁶² Maloota madaallii qopheessuufi fayyadamuu irratti yaadrimeewwan ijoo fi qajeeltoowwan dhimmi leenjichaa dhaqqabsiisuuf yaade xiyyeeffannaa argachuu qabu. Malootni madaallii kunis sirnaan qindaa'uu qabu.²⁶³ Madaalliin gaggeeffamus dhuunfummaa (subjectivity) irraa bilisa ta'uu kan qabu yoo ta'u bifa alloogessaa fi walfakkaataa (leenjistoota gara garaa jidduutti) ta'een raawwatamuu qaba.²⁶⁴ Bu'aa madaallii leenjifamtootaaf yeroo ibsinus murtii qabxii madaallii irratti kenname ilaalchisee ibsa ifa ta'e waliin kennuun barbaachisaa dha. Leenjifamtootni dhimma leenjii isaaniif hin milkaa'iin irrattis maal raawwachuu akka qaban, akkamiinis baruu akka qaban leenjisaan qajeelfama ifa ta'e kennuufiitu irra jiraata.²⁶⁵ Mala madaallii bu'a qabeessa ta'e filachuu irrattis:

- Ogummaadhaaf - qormaata (madaallii) raawwiitiin (real or simulated),
- Beekumsaaf - qormaata afaanii yookin barreeffamaatiin
- Ilaalchaaf - daawwannaa, madaallii raawwii ykn bargaaffiin ta'uutu filatama.²⁶⁶

²⁶¹ Akkuma Miiljalee olii

²⁶² Akkuma Miiljalee olii, 5.4

²⁶³ Akkuma Miiljalee olii, 5.5

²⁶⁴ Akkuma Miiljalee olii, 5.6

²⁶⁵ Akkuma Miiljalee olii, 5.7

²⁶⁶ Akkuma Miiljalee olii

2.13. Bu'aa Leenjii Madaaluu (Evaluation Training)

Madaalliin leenjii adeemsa fayidaa kenna leenjii irraa argame ittiin sakatta'amu yoo ta'u, innis bu'a-qabeessummaa leenjichi kaayyoo qabate galmaan gahuuf argameen kan safaramuu dha.²⁶⁷

Sakatta'iinsi godhamu kunis hojiirra ooluu danda'uu fi bu'a qabeessummaa sagantichaa irratti murtiiwwan kennuuf kan gargaaru dha.²⁶⁸ Madaalliin gaggeeffamu bu'aa leenjii kallattii sadiin kan safaru yoo ta'u; isaanis gama hawaasummaan, naannawaa fi akka dhaabbataatti dha.²⁶⁹

Hayyuun 'Houle' jedhamu bu'aa leenjii ogummaa kennamu safaruuf ulaagaalee madaallii gurguddoo afurtu gargaara jedha. Isaanis: sadarkaa hirmaannaa, sadarkaa itti quufinsa leenjii famtootaa, raawwannaa karoora leenjii fi raawwii hojii safaruu kan jedhamani dha.²⁷⁰

Akkuma beekamu leenjiin ogeessota gara garaatiif kennamu kamiyyuu bu'aa argamsiisuu hin oolu. Haa ta'uyyuu malee bu'aan argamu yeroo tokkotti kan hin mul'atne yookin safaruuf kan rakkisu ta'uu danda'a.²⁷¹ Sakkata'iinsi bu'aa leenjii kana baruuf godhamu qorannoo mataa isaa kan barbaadu yoo ta'u, madaalliin bu'aa leenjii fayidaa olaanaa qaba. Hayyuun 'Livingston Armytage' fayidaa madaallii bu'aa leenjii abbaa seerummaa yeroo ibsu:

Most directly, evaluation measures the quality of the learning process for the individual judge of equal significance, evaluation measures the impact of continuing education on judicial performance, and provides the means to

²⁶⁷ Evaluation, in common parlance, is the process of judging or assessing worth, and is commonly referred to as the means of assessing success or failure in attaining planned objectives.

(Livingstone Armytage, Evaluating the impact of judicial education, Journal of Judicial Administration, vol.4, no.3, fuula 144)

²⁶⁸ Akkuma Miiljalee olii

²⁶⁹ Evaluation, at a more technical level, is a systematic endeavor to describe, understand and judge the worth of the activities and experience which actually occur within the instructional events of a programme and of the outcomes on the participants delineated in cognitive, affective and/or psychomotor outputs.

(Akkuma Miiljalee olii, fu 144)

²⁷⁰ Akkuma Miiljalee olii, fuula 152.

²⁷¹ Akkuma Miiljalee olii

*demonstrate the judiciary's concern for the development of competence. Thus it integrates the pursuit of competence, and in the evidence of success in that endeavor, a means of social accountability.*²⁷²

Akka ibsa kanaatti madaalliin bu'aa leenjii qulqullina adeemsa leenjii fi raawwii abbaa seerummaa safaruudhaaf gargaarsa olaanaa qaba. Kanaaf sagantaan leenjii kamiyyuu dorgomaa akka ta'u madaalliin leenjii bu'aa fayidaa olaanaa qaba.²⁷³

Sakkatta'iinsi (madaalliin) bu'aa leenjii kanaas maloota garagaraatiin²⁷⁴ gaggeeffamuu kan danda'u yoo ta'u, maddaalee daataa ta'uu kan danda'anis qormaattota kennamaniin, afgaaffiiwwan gaafachuun, daawwannaa taasisuu fi yaada ogeessaa (expert opinions) ilaaluun, bu'aa madaalliiwwan raawwii gaggeeffamanii fi kkf ta'uu danda'u. Madaalliin bu'aa leenjii mala qorannoo lakkoofsa bu'uureffate (quantitative analysis) kan gargaaramuu dha.²⁷⁵ Haata'uyyuu malee kaayyoo madaalichaa irratti hundaa'uun malootni filataman adda adda ta'uu danda'u.²⁷⁶

Madaalliin leenjii bu'aa leenjiin kenname tokko sakatta'uun fulduraaf akkaataa gochaawwan kenna leenjii keessatti raawwataman itti fooyya'anii dha. Kanaaf madaalliin akkasii kun kenni leenjii akka dhaabbatu yookin jijjiiramus akeekuu ni danda'a.²⁷⁷

Kanaaf madaalliin leenjii gaggeeffamu kamiyyuu waantota qabatamaadhaan naannawaa leenjiitti uumamanii fi gochaawwan leenjii adda baasuuf akkasumas dhimma madaalame ilaalchisee murtee tokko dabarsuuf kan dandeessisu odeeffannoo gahaa tokko argamsiisuuf

²⁷² Akkuma Miiljalee olii

²⁷³ Evaluation becomes the watchdog of efficiency in the planning and implementation phases, and the guarantor of effectiveness in the end results. (*Akkuma Miiljalee olii*)

²⁷⁴ Methodologies applicable in judicial education include: experiment, correlation, surveys, client assessment, systematic expert judgement, clinical case studies, and observation. (*Akkuma Miiljalee olii fuula 152*)

²⁷⁵ It can be observed that qualitative data is best for in depth evaluation requirements. (*Akkuma Miiljalee olii fuula 154*)

²⁷⁶ 'Livingston Armytage' yeroo ibsu: 'Quantitative methodology is more appropriate for evaluations which provide for accountability (to stakeholders and funding agents), where a need to demonstrate value to external parties may rely more heavily on objective measurements. On the other hand qualitative methodology is more appropriate to measure the value of the learning experience relying on the learners own perceptual assessment. (*Akkuma Miiljalee olii*)

²⁷⁷ Akkuma Miiljalee 53, moojulii 6

kan gargaaru ta'a²⁷⁸. Madaalliin leenjii, madaalii sagantaa leenjii akka waliigalaatti gaggeeffamu yookin leenjii dhimma tokko qofa irratti gaggeeffamu ta'uu danda'a. Akkasumas, meeshaa leenjii tokkoon walqabatee gaggeeffamuu danda'a.²⁷⁹

Leenjii baaqqee tokko irratti madaalii gaggeessuuf kutaa leenjii inni kamtu madaalamuu akka qabuu fi odeeffannoo rogummaa qabu argamsiisuuf malli kamtu gargaarsa akka qabaatu of eeggannoon fi xiyyeeffannaan ilaaluun barbaachisaa dha. Akkasumas durduubee bu'aa madaalii irraa argamuuf deebiin yookin murtiin akkamii kennamuu akka qabu kan jedhus qabxii xiyyeeffannaan ilaallamuu qabu dha.²⁸⁰

Kutaalee yookin qabiyyeewwan leenjii madaalamuu qaban keessaa gurguddoon: Rogummaa kaayyoon leenjichaa leenjifamtoota waliin qabu, qindaa'inaa fi yaa'insa eeggachuu qabiyyee leenjichaa, bu'a qabeessa ta'uu maloota kenna leenjii, qulqullina kenna leenjii fi meeshaalee gargaarsaa, gati qabeessummaa maloota madaalii leenjifamtootaa, raawwannaa leenjifamtootaa fa'a.²⁸¹

Madaalliin tokko yeroo gaggeeffamu odeeffannoon funaanamuu qabu; leenjichi leenjifamtootaan akkamitti akka fudhatamee fi raawwii qabatamaa isaan leenjii irratti agarsiisan waliin walqabachuu qaba. Akkasumas leenjifamtootni leenjicha erga fudhatan booda hammam bifa gaariin hojii isaanii idilee raawwachaa jiru isa jedhus kan dabalatu dha. Daataa bifa kanaan madaalii irraa argamuuf hiikkaan sirrii (critical) ta'e kennamuufi qaba.²⁸²

Odeeffannoo madaalii funaanuuf gaaffileen barreeffamaa fi afaanii, daataan qormaataa, daawwannaa fi raawwii irraa argamanis hangafoota. Madaalii gaggeeffamu irratti hundaa'uun gosa daataa fi mala funaansa daataa madaalliif gargaaru adda baafachuun barbaachisaa dha. Madda odeeffannoo madaalii leenjii ta'uu kan danda'anis: durduubee

²⁷⁸ Akkuma Miiljalee olii

²⁷⁹ Akkuma Miiljalee olii, 6.2 moojulii 6

²⁸⁰ Akkuma Miiljalee olii, 6.2

²⁸¹ Akkuma Miiljalee olii

²⁸² Akkuma Miiljalee olii

leenjifamtootaa, raawwii leenjifamtootaa, ofiin of madaaluu leenjistootaa (trainers self-evaluation) fa'a²⁸³.

²⁸³ Akkuma Miiljalee olii, 6.3 moojulii 6

BOQONNAA 3

3.1. MAALUMMAA, QABIYYEE FI BARBAACHISUMMAA IMAAMMATA LEENJII: MUUXANNOO DHAABBILEE BIYYA KEESSAA FI BIYYA AMBAA

Seensa

Barreessaan '*Tom Bartiridge*' jedhamu barruu isaa tokko keessatti maalummaa imaammata mana hojii akka itti aanu kanatti ibseera.

*A Policy is a predetermined course of action which is established to provide a guide toward accepted strategies and objectives. i.e it is a direct link between an organization's "Vision" and their day-to-day operations. Policies identify the key activities and provide a general strategy to decision-makers on how to handle issues as they arise. ... I like to think of "policies" as a globe where national boundaries, oceans, mountain ranges and other major features are easily identified.*²⁸⁴

Imaammata, mul'ata mana hojii tokkoo fi hojii idilee manichaa haala tarsiimowaa ta'een walitti hidhuuf /strategic link/ kan gargaaru, raawwattootni gahee fi itti gaafatamummaa isaanii salphaatti akka hubatan, qaamoleen hooggansaas dhiibbaa fi jiddu-lixiiinsa karaa adda addaa dhufuun osoo hin raafamne hojii isaanii gaggeessuu akka danda'an qajeelchuuf meeshaa gargaaru dha.

3.1.1. Maalummaa fi Qabiyyee Imaammata Leenjii

Imaammata leenjii barbaachisummaa leenjii, daangaa fi qabiyyee, haala karoora fi caaseffama, bulchiinsa leenjii fi kkf sirna hoogganuuf gargaaru dha. '*Livingston Armystage*' yeroo ibsu:

A range of issues in continuing judicial education policy development includes: the purpose of continuing judicial education, its scope; and content, how far should

²⁸⁴ Tom Bartiridge, *Why are policies and procedures so important?*, Kan argamu toora intarneetii www.ameinfo.com/55422.html irratti. Kan ilaalame gaafa guyyaa 14/01/2004, fuula 1 fi 2.

*it go? Prescription or choice? How should it be planned? How should it be structured? How should it be provided? And how should it be managed?*²⁸⁵

Akka yaada armaan olitti hayyuu kanaan kaa'ame irraa hubatamutti, leenjii qaama abbaa seerummaatiif kennamuun walqabatee imaamatni qophaa'u barbaachisummaa, daangaa fi qabiyyeen leenjichaa maal ta'uu akka qabu akkasumas haala karoorsa, caaseffamaa fi hooggansa leenjichaa kan haammate ta'uutu irraa eeggama.

Adeemsi imaamatni leenjii seeraa itti qopheeffamu haala qabatamaa leenjichi keessatti kennamu irratti kan hundaa'u dha²⁸⁶. Fakkeenyaaf, haallii abbootiin seeraa itti calalamanii fi muudaman yeroo imaamatni leenjii qophaa'u waantota ilaalcha keessa galuu qaban keessaa isaan ijoo dha.

Imaamatni leenjii barreeffamaan yookin barreeffama malee jiraachuu kan danda'u akka ta'e barreessitootni tokko tokko ni ibsu. 'Steve True Love' akka itti aanutti kaa'a.

*A statement of policy (written or unwritten) is a general statement by senior management on how it wishes certain situations to be dealt with.*²⁸⁷

Akka 'Steve True Love' tti dhimmi leenjii ilaallatuu fi bulchiinsa isaan walqabatu kamiyyuu imaammata leenjii keessatti hammatamuu qaba. Isaan keessaas: leenjiiwwan gahuumsa hojii barbaachisu yookin jijjiirama uumuuf yookin hojii waliin walbarsiisuuf kennaman yoo jiraatan imaammata leenjii keessatti uwwisa argachuu qabu. Akkasumas leenjiiin akkamitti bifa qabeessa akka ta'uu fi naannawaa leenjii mijataa gochuun akka danda'amu imaamatni leenjii uwwisuu qaba.

Dabalataanis imaamatni leenjii tokko kaayyoo fi galma tajaajila leenjii ni qabata. Akkasumas imaamatichi carraan walqixa ta'e kennamuu hima ibsu (an equal opportunities statement) of keessatti ni qabata.

²⁸⁵ Livingston armystage, policy development in continuing judicial education: an assessment of some approaches taken in N.S.W, USA, UK and CANADA, Journal of professional legal education, Vol.11 No.1 fuula (Akkuma Miiljalee olii, fuula 52)

²⁸⁶ Akkuma Miiljalee olii

²⁸⁷ Steve True Love, handbook of training and development, third edition, 1998, fuula 236.

Fedhii leenjii adda baasuuf, karoora leenjii qopheessuuf akkasumas bajataa fi qabeenya leenjiif barbaachisu qopheessuu waliin walqabatee imaammata leenjii waanti ibsu jiraachuu qaba.²⁸⁸

3.1.2. Barbaachisummaa Imaammata leenjii

Imaammata leenjii kenna tajaajila leenjii ammayyaa keessatti barbaachisummaa olaanaa akka qabu beektotni hedduun kan irratti waliigalani dha. ‘Livingstone Armytage’ barbaachisummaa imaammata leenjii yeroo ibsu:

*The purpose of education/or training policy is broadly to define the goals, scope, direction and purpose of that education programme and the means with which to ensure effective implementation. Thus, the exercise of examining the policy-setting process focuses attention on a range of issues which are fundamental to the nature of the education program, such as: why do we have (need) continuing judicial education or training? What is it supposed to do? How is it put in to effect?*²⁸⁹

Akka ibsa Armytage’tti imaammata leenjii galma, daangaa, kallattii fi barbaachisummaa sagantaa leenjii adda baasuuf akkasumas akkaataa hojiirra oolmaan sagantaa leenjichaa bu’a qabeessa itti taasifamu gochuu keessatti fayidaa olaanaa akka qabu hubachuun rakkisaa miti. Imaammata leenjii gosa qabiyyee leenjii kennamuu, amalaa fi bu’aa leenjichi buusuu danda’uu fi maloota leenjichi ittiin kennamu ibsu qaba.

Dabalataanis qaamoleen adeemsa kenna leenjii keessatti hirmaatan gahee fi itti-gaafatamummaa qaban adda baasuu qaba.²⁹⁰

²⁸⁸ Akkuma Miiljalee olii, fuula 237 fi 238.

²⁸⁹ Akkuma Miiljalee olii

²⁹⁰ Akkuma Miiljalee olii .

3.2. Imaammata Leenjii: Muuxannoo Dhaabbilee fi Manneen Hojii Biyya Keenyaa Fi Biyyoota Ambaa

3.2.1. Muxannoo Biyya Keenyaa

A. Imaammata Leenjii Instiitiyuutii Manaajimentii Itoophiyaa.

Instiitiyuutiin Manaajimentii Itoophiyaa Instiitiyuutii mootummaa Itoophiyaatiin guddina manaajimentii biyattiitiif bara 1984 ALA ‘tti hundeeffame dha. Instiitiyuutichi gahuumsa manaajimentii dhaabbilee mootummaa guddisuuf kan hundaa’e yoo ta’u, dabalataanis yeroo ammaa dhaabbilee dhuunfaa fi dhaabbile miti-mootummaa waliinis ta’uun hojjechuu irratti argama²⁹¹. Instiitiyuutiin Manaajimentii Itoophiyaa dhaabbilee biyya keenyaa tajaajila leenjii kennan keessaa isa hangafa dha. Instiitiyuutichi imaammata leenjii qopheessuun sirna kenna leenjii bifa ammayyaatiin kan diriirse A.L.I. tti bara 1997 dha. Imaammata kunis yeroo qophaa’e kana irraa eegalee hojiirra oolaa kan jiru yoo ta’u, kutaawwan shan of keessatti qabateera. Kutaa seensaa, hiikkaa fi kaayyoo, hima imaammatachaa kutaa daangaa raawwatamiinsa imaammatachaa kan jedhamani dha.²⁹²

Instiitiyuutiin kun erga hundeeffame jalqabee hojii gaggeessitoota (managers) seektaroota dhuunfaa, mootummaa fi dhaabbilee miti-mootummaa keessatti argamaniif sagantaalee leenjii hedduu qopheessaa tureere.²⁹³

Gosootni leenjii Instiitiyuutichi kennu imaammatachaa akka itti aanutti kan ibsamani dha.

...training programs include open courses and tailor made courses. Open course refers to training program prepared on the basis of marketing information system and is designed for and open to a specified target group in the market. Whereas tailor made course refers to a training program designed and delivered for specific target group in specific client organization based on their clearly identified training needs.²⁹⁴

²⁹¹Toora, intarneetii; http://209.217.97.140/cetaa/index.php?option=com_content&task=view&id=43&Itemid=69 irratti kan argamu, kan ilaalame onkoloolessa, 2011 ALA

²⁹² Imaammata Leenjii Instiitiyuutii Manaajimentii Itoophiyaa, Fuula 2, 2005. (Kan Hin Xaxxanfame),

²⁹³ Akkuma Miiljalee olii.

²⁹⁴ Akkuma Miiljalee olii

Akkuma ibsa imaammatachaa armaan olitti caqasame irraa hubatamu leenjiiwwan Instiitiyuutii kanaan kennaman bifa lama kan qaban yoo ta’u, isaanis²⁹⁵

- koorsii garee adda bahe tokkoof qophaa’ee fi banaa ta’e (open course) fi
- koorsii fedhii leenjii adda bahee garee murtaa’e tokkoof qophaa’e (tailor-made course) kan jedhani dha.

Falaasamaa fi duudhaalee kenna tajaajila leenjii dhaabbatichaa adda baasuun kaayyoolee imaammatachaa keessaa isa duraa ti. Gama biraatiin imaammatachi qulqullina kenna tajaajila leenjii mirkaneessuuf akka qajeelfamaatti itti fufiinsaan akka gargaaru yaadameeti. Dabalataan imaammatachi raawwattootnii fi hooggansi adeemsichaa fi Instiitiyutichaa dirqama isaanirraa eeggamu hubachuun hojiittis hiikuu akka danda’an imaammatachi ni qajeelcha²⁹⁶.

Himni imaammata leenjii Instiitiyutichaa bifa lama kan qabu yoo ta’u himoota waliigalaa fi himoota addaa imaammataa (general and specific policy statements) jedhamuun beekamu.²⁹⁷

Himoota waliigalaa imaammata Instiitiyutichaa kan ta’anis:²⁹⁸

- leenjiin Instiitiyuutichaan kennamu akka waliigalaatti yeroo gabaabaaf ta’ee fedhii kan bu’uureffate, rakkoo bulchiinsaa fi gurmaa’inaa jiddu galeessa kan godhate ta’uu
- turtiin yeroo leenjii fedhii leenjii leenjifamtootaa fi kaayyoolee koorsichi qabate kan bu’uureffate ta’u
- sagantaaleen leenjii yeroo qophaa’anii fi leenjiin kennamu gahuumsa leenjifamaa cimsuun waljalaan mana hojii yookin dhaabbata isaa keessatti jijjiirama fiduu kaayyeeffachuu akka qabu

²⁹⁵ Akkuma Miiljalee olii

²⁹⁶ Akkuma Miiljalee olii fuula 3

²⁹⁷ Akkuma Miiljalee olii

²⁹⁸ Akkuma Miiljalee olii

- Sagantaaleen leenjii qophaa'an bulchitoota (managers) muuxannoo qabanii fi haaraa ta'an akkasumas kanneen bulchitoota ta'uuf deemaniifi hojjetoota biroo irratti kan xiyyeeffatu ta'uu.
- Leenjiin kennamu sagantaa banaa, sagantaa fedhii leenjii bu'uureffate garee murtaa'e tokkoof qophaa'e (tailor made) fi sagantaa leenjii gorsa dabalatu ta'uu.
- Meeshaalee gargaarsaa Oodiyoo-viizsualii dabalatee meeshaaleen barbaachisoo mara kan gargaaramu ta'uu
- Bu'a qabeessummaa leenjii dabaluuuf jecha qaamolee alaa maamila ta'an koorsii haaraa qopheessuu fi bu'aa leenjii sakatta'amu keessatti akka hirmaatan gochuu
- Kanfaltiin leenjii baasii sakatta'a fedhii leenjii, qopheessaa, kenna madaallii fi simannaa (accommodation) dhaaf bahu hir'ifamee kan murtaa'u ta'uu
- Carraawwan leenjii argaman leenjistoota ilaallatuun gareen ta'amee kan qooddaman ta'uu.

Kaayyooleen addaa imaammatachaa qabxiilee gurguddoo armaan gadii kan of keessaa qabu dha.

- *Sirna odeeffannoo gabaa* (marketing information system): Instiitiyutichi kenni tajaajila leenjii qulqullina akka qabaatu sirna odeeffannoo gabaa cimaa ta'e kan bu'uureffatu ta'a.²⁹⁹
- *Karoora waggaa*: Instiitiyutiin Manaajimentii Itoophiyaa karoora isaa waggaa waggaa kan qopheessu yoo ta'u, odeeffannoo barbaachisus sirna odeeffannoo gabaa fi adeemsa qophii leenjii irraa bu'aa argatu irratti kan hundaa'u ta'a. Adeemsi karoora leenjii waggaa karoora tarsimowaa Instiitiyutichaa waliin kan walsimu (integrated) ta'uu qaba.³⁰⁰

²⁹⁹ The marketing information system shall include internal audit of our training service performance and marketing intelligence.

(Akkuma Miiljalee olii, fuula 5.)

³⁰⁰ Akkuma Miiljalee olii

- *Uummataaf ifa gochuu (publicity)*: Institiyutichi sagantaalee waggaa fi kurmaanotaa biroosharootaan, websaaytii fi karaalee biroo rogummaa qabaniin ifa ni godha.³⁰¹
- *Xiinxala fedhii leenjii (training need analysis)*: Sagantaan leenjii Institiyutichaa kamiyyuu fedhii maamilaa ifatti adda bahe bu'uurefachuu qaba.³⁰² Sakatta'iinsi fedhiis qo'annaa gabaa fi gaaffii maamilaa ka'uumsa godhachuun gaggeeffama.³⁰³ Baasiin sakatta'a fedhii leenjii sagantaa banaadhaaf (open programs) Institiyuutichaan kan uwwifamuu yoo ta'u, sagantaan leenjii qaama murtaa'uuf qophaa'uuf (tailor made) garuu maamilaan uwwifama.³⁰⁴
- *Leenjii qopheessuu (training design)*: Sagantaawwan leenjii Institiyuutichaan qophaa'an bu'aa sakatta'a fedhii leenjii irratti kan hundaa'an fedhii maamilaa garaagahuu irratti kan xiyyeeffatan ta'u.³⁰⁵ Leenjiiwwan sagantaa banaadhaan (open course) qophaahan hammam yoo ture waggaa 5niif kan hin dabarre yoo ta'u, fedhii maamilaa fi eenyummaa qaama leenji'uu irratti hundaa'uun yeroo yeroottis kan fooyya'uu danda'u ta'a.³⁰⁶
- *Galmee (registration)*: Institiyuutichi iyyata /gaaffii/ leenjii maamiltootaa bilbilaan, qaamaan, poostaa fi I-meeliidhaan kan simatu yoo ta'u, namootni leenjiiif filatamanis ulaagaa seenaa duubaa (profile) barbaachisu kan guutaniifi kanfaltii duraa kanfaluu kan danda'an yoo ta'e dha. Yeroo galmeen taasifamus tokkoon tokkoon leenjifamaa ilaalchisee pirofaayilii isaa irratti odeeffannoo guutuun fudhatamuu qaba.³⁰⁷
- *Qophii leenjiin duraa (pre-training preparation)*: Leenjisaan Institiyutichaa kamiyyuu leenjichi kennamuuf torban tokko (yoo xiqqaate) dursee seenaa duubaa (profaayilii) leenjifamtootaa xiinxaluu qaba,

³⁰¹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 6

³⁰² Akkuma Miiljalee olii

³⁰³ Akkuma Miiljalee olii

³⁰⁴ Akkuma Miiljalee olii

³⁰⁵ Akkuma Miiljalee olii, fuula 7

³⁰⁶ Akkuma Miiljalee olii

³⁰⁷ Akkuma Miiljalee olii

meeshaalee fi qabeenyi (recources) barbaachisaan qophaa'uu ni mirkaneeffata.³⁰⁸

➔ *Kenna leenjii (training delivery)*: Sadarkaa kanatti leenjistootni beekumsa, ogummaa fi ilaalcha leenjifamtootaa barbaadamu gonfachiisuuf ni hojjetu, leenjifamtootnis gahumsa argatan akkaataa itti dabarsanii fi bakka hojjittis hojiitti hiikuun jijjiirama fiduuf yeroo itti karoofatanii fi itti of qopheessani dha.³⁰⁹ Malootni leenjii, meeshaalee fi sagantaan leenjii kaayyoolee koorsiiwwaniitiin walsimu akka danda'anii fi fedhii maamilaa garaa gahuu akka danda'anitti kan fooyyeeffaman (flexibly adapted) ta'uu qabu. Leenjifamtootni Instiitiyutichaa maloota kenna leenjii koorsiichaa qophaahan ni hordofu, adeemsi kenna leenjiis leenjifamtoota giddu galeessa kan godhate ta'a. Sadarkaa kanatti, kenni leenjii, kayyoolee leenjichi itti kennamuuf kan galmaan gahu ta'uu isaatiif madaalliin leenjii ni gaggeeffama.³¹⁰

➔ *Madaallii leenjii (training evaluation)*: Madaalliin leenjii korsii kamiifiyyuu sadarkaa afuritti gaggeeffama. Sadarkaa leenjiin duraatti, yeroo leenjiitti, dhuma leenjii irrattii (at the end of the training) fi leenjiin booda (post training). Baasiin madaallii leenjiif bahu akka baasii leenjiitti lakk'ama. Madaalliin dhuma leenjii irratti taasifamu (end of course evaluation) maloota rogummaa qaban tokkoo oliin kan gaggeeffamu yoo ta'u argannoon isaas hatattamaan fooyya'iinsa gaggeessuuf oola. Madaalliin leenjiin boodaa (after or post training evaluation), sagantaa leenjii dhuma irratti kan gaggeeffamu yoo ta'u yeroo fi baajatni (recources) gahaa ta'e ramadamuufi qaba. Sakatta'iinsi bu'aa leenjii tajaajila qorannoo instiitiyutichaa keessatti kan hammatamu dha.³¹¹

³⁰⁸ Akkuma Miiljalee olii

³⁰⁹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 8

³¹⁰ Akkuma Miiljalee olii

³¹¹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 9

- *Ragaa kennuu (certification)*: Leenjii Instiitiyuutichaan kennamu kamiifiyyuu beekamtiin kan kennamu yoo ta’u, leenjifamtoota ulaagaa koorsichi barbaadu guutaniif waraqaan ragaa ni kennama.³¹²
- *Geejjiba*: Instiitiyutichi tajaajila geejjibaa leenjistootaaf kan kennu yoo ta’u leenjifamtoota sagantaa ‘tailor-made’ tiifis gaaffiin yoo dhiyaateef ni kenna. Yeroo kana baasiin geejjibaa baasii leenjii irratti kan dabalamu ta’a.³¹³
- *Koorsii leenjii fooyyessuu fi irra deebi’anii ilaaluu (training revision or correction)*: Sagantaan leenjii banaa (open courses) qophaa’an itti fufiinsaan irra deebiin ilaalamuu kan qaban dubduubee leenjisaan yeroo leenjii, leenjii dhumaa fi booda madaallii taasisu bu’uureffachuun ta’a. Koorsiin martinuu yoo xiqqaate waggaatti yeroo tokko ni fooyyeffama.³¹⁴
- *Leenjisa keessaa filachuu, ramaduu fi qopheessuu (selecting, assigning and developing internal trainer)*: Sagantaa haaraa qopheessuuf leenjisaan kan ramadamu ulaagaa ifatti adda bahe (clearly established criteria) irratti hundaa’uun ta’a.³¹⁵ Kenna leenjiitiifis leenjisaan kan ramadamu ulaagaa yeroo sagantaan leenjii qophaa’u (during design phase) adda bahe kan bu’uureffate ta’a. Leenjisaan kamiyyuu gahuumsa isaa akka guddifatu qopheessaa (design) fi kenna leenjiitiif gahuumsa barbaachisu akka gonfatu sagantaan humna cimsuu (development program) ni kennama.
- *Leenjistoota alaa filachuu fi ramaduu (selecting and assigning external trainer)*: yeroo barbaachisaa ta’ee argametti Instiitiyuutichi leenjistoota alaa gahuumsa qaban ulaagaa dursee adda baafamu irratti hundaa’uudhan filatee ni gargaarama. Instiitiyutichi raawwii leenjistoota kanaa itti fufiinsaan ni hordofa; akka barbaachisaa ta’etti tarkaanfiis ni fudhata.³¹⁶
- *Walitti dhufiinsa (integration) leenjiin qorannoo fi gorsa waliin qabaatu*: Hojiiwwan gurguddoo Instiitiyutichaa sadan baasii fi dhamaatii hin malle hambisuuf akka danda’amu, akkasumas tokko isa biroo waliin wal utubaa

³¹² Akkuma Miiljalee olii

³¹³ Akkuma Miiljalee olii

³¹⁴ Akkuma Miiljalee olii, fuula 10

³¹⁵ Akkuma Miiljalee olii

³¹⁶ Akkuma Miiljalee olii

akka deemuu danda’utti ni gaggeeffama. Keessattuu qorannoo fi leenjiiin sakatta’a fedhii leenjii, sakatta’a bu’aa leenjii (out come and impact assessment), kenna leenjii fi sarveyingii irratti, kkf wal wajjiin hidhata uumuun (linking and integrating)³¹⁷ hojjetu. Leenjii fi gorsis kenna gorsaa bifa leenjiin kennamu irratti, sakatta’a fedha leenjii gorsaan deeggaruuf akkasumas gorsa sakatta’a fedhiitiin deeggaruu irratti, sakatta’a bu’aa leenjii fi gorsaatiin, kkf walqabatee hidhataan hojjechuu qabu.³¹⁸

B. Imaammata Leenjii Yunivarsiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa

Yunivarsiitiin Siivil Sarvisii Itoophiyaa bara 1995 A.L.A tti mootummaadhaan kan hundeeffame yoo ta’u, kaayyoon yuunivarsiitichi itti hundeeffames leenjii, barnootaa fi gorsa adda ta’e kennuudhaan akkasumas qorannoowwan gaggeessuudhaan humna hojjetoota siivil sarvisii biyyattii ijaaruu dha. Yuunivarsiitichi mul’ataa fi ergama³¹⁹ isaa galmaan gahuuf kaayyoowwan qabate keessaa inni tokko akka itti aanutti kan taa’e dha: “...to design training and educational programs and provide same using various modalities” kan jedhu dha’’. Kaayyoo isaa gama tajaajila leenjiitiin qabate galmaan gahuufis yuunivarsiitichi Imaammataa fi qajeelfama leenjii qopheeffachuun ittiin gaggeeffamaa jira.

Yuunivarsiitichi yeroo hundaa’e irraa eegalees humna pabliik sarvisii sagantaalee leenjiin ijaaruu keessatti gahee olaanaa taphataa jira.³²⁰ Koorsiiwwan leenjii adda addaa irratti dhaabilee sadarkaa federaalaa fi naannoleetti jiraniin leenjiwwan kennamaa turaniru. Leenjii kana gaggeessuu irratti Instiitiyuutichi bu’aa barbaadame argachuuf mul’ataa fi ergama qabate bu’uurefachuun socho’aa tureera. Yeroo dhiyyoo asittiimmoo

³¹⁷ Akkuma Miiljalee olii, fuula 11.

³¹⁸ Akkuma Miiljalee olii

³¹⁹ According to the Re-establishment Proclamation of (2006) :ECSU Vision is: Excellence in public sector capacity building

ECSU Mission: is Building the capacity of the public sector through education, training, research, consultancy and professional certification services.

³²⁰ Akkuma miiljalee olii, fuula 4

Yuuniversiitichi sagantaa fooyya'iinsaa tajaajila leenjii qulqullina qabuu fi bu'a qabeessa ta'e hojiirra oolchuu danda'eera.³²¹

Yuuniversiitichi Imaammata leenjii Caamsaa 2009 A.L.A irraa jalqabee kan hojiirra oolche yoo ta'u, kutaalee imaammatachaa murtaa'anis ilaaluun barbaachisaa dha.³²² Imaamatni leenjii Yuuniversiitii Sivil Sarvisii kutaawwan gara garaa; fuula duraa (preface), seensaa fi qaama imaammatachaa jedhaman kan of keessaa qabu dha. Fuullii duraa imaammatachaas, kaayyoo, qabiyyee akkasumas akkaataa imaammatacha itti argachuun (dhaqqabuun) danda'amu fi kkf gabaabbinaan kan qabate dha.³²³ Seensi imaammatachaas hojiiwwan gama leenjiitiin yuuniversiitichi hundeeffama isaa irraa ka'uun hojjetee fi hojjetaa jiru, muul'atnii fi ergamni yuuniversiitichaa akkasumas kaayyooleen leenjiin itti kennamuuf maal fa'a akka ta'an kan hammatu dha.³²⁴

Barbaachisummaa Immaamatichaa³²⁵ (the rationale for the policy): Imaamatni leenjii Yuunivarsiitichaa kan qophaa'eef sirna leenjii jiru fooyyeessuuf akka danda'amu haala mijataa uumuuf yaadamee yoo ta'u leenjiin kennamus gochaa giddu galeessa kan godhate (activity oriented) akka ta'uu fi maateriyaaliin leenjiin ittiin kennamu qulqullina akka qabaatan dandeessisuufi dha.³²⁶

Bulchiinsa leenjii³²⁷ (training management): Yuuniversiiticha keessatti tajaajilli leenjii akka adeemsa hojii tokkootti dameewwan gara garaa jalatti kan gurmaa'e dha. Bu'uuruma kanaan raawwattootni hojii barsiisummaa tajaajila leenjii deeggaruuf dirqama kan qaban yoo ta'u, tajaajilli leenjiis raawwattoota mataa isaa ni qabaata. Leenjiin Yuunivarsiitichaan kennamu bulchaa (manager) leenjii sa'aatii guutuu hojjetuun kan gaggeeffamu yoo ta'u, innis dura-taa'aa damee barnootaa waliin ta'uun koorsiiwwan leenjii ni karoorsa. Yuuniversiitichaan leenjiin kennamu waliigaltee dhaabbilee maamila ta'an waliin mallattaa'u bu'uureffateetii dha. Waliigaltichis qulqullina tajaajilichaa, baasii ogummaa fi

³²¹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 2 fi 3

³²² Akkuma Miiljalee , fuula 4

³²³ Imaammataa fi Qajeelfama Yuuniversiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa, Caamsaa 2009 (Kan Hin Maxxanfamne), Fuula,1.

³²⁴ Akkuma Miiljalee olii, fuula 2 fi 3

³²⁵ Akkuma miiljalee olii.

³²⁶ Akkuma Miiljalee olii, fuula 2

³²⁷ Akkuma Miiljalee olii, fuula 5

baasiwwan biroo kan of keessatti qabatu ta'a.³²⁸ Leenjii fi maateeriyaaliin barruu kan raawwatamu bu'uura qulqullina (TOR) yaada ka'uumsaa keessatti taa'eeni dha. Leenjisaan fi Yuunivarsiitiicha gidduuttis waliigalteen keessaa ni mallattaa'a. Leenjisaan /raawwataan leenjii/ tokko akka leenjisu osoo hin ramadamiin dura leenjii leenjistummaa fudhachuu qaba. Leenjistootnis leenjifamtootaan, hojii gaggeessaa leenjii fi dursaa garee addaa (specialized team leader) tiin madaalliin ni kennamaaf.

Sagantaa leenjii qopheessuu³²⁹(program design or inception): Sagantaan leenjii Yuunivarsiitichaa kan qophaa'u qaawwa bu'aawwan qorannootiin adda bahu irratti hundaa'ee fedhii yookin gaaffii maamiltootaa irraa kan madde, mul'ataa fi ergama Yuunivarsiitichaa kan galmaan gahu ta'uu qaba. Yeroo sagantaan leenjii qophaa'us maamiltootni mariisifamuu qabu.

Maateriyaalii Leenjii Qopheessuu³³⁰: Meeshaaleen leenjii Yuunivarsiitichaan qophaa'an dhimmoota qabatamoo ta'aniin kan deeggaraman, haala qabatamaa waajjira yookin mana hojii leenjifamtootni irraa dhufaniitiin kan wal simsiifaman ta'uu qabu. Meeshaaleen leenjiif qophaa'an kunis tiworii fi qabatama /hojii/ kan wal nyaachisan ta'uutu irraa eegama. Dabalataanis meeshaaleen leenjii dubbistootaaf michummaa kan qabanii /reader friendly/ fi ofiin baruu /self-learning/ kan jajjabeessan ta'uu qabu.

Kenna Leenjii³³¹: Yuunivarsiitiichatti leenjiin kennamu leenjii fuullee /face to face/ yookin toora intarneetiitiin /online delivery/ ta'uu danda'a. Leenjiin fuullee kennamu moora Yuunivarsiitichaa yookan bakka maamilli barbaade kamittiyyuu ta'uu danda'a.

Sadarkaa kenna leenjiitti leenjisaan leenjifamtootni akka hirmaatan carraawwan /interaction opportunities/ uumuudhaan gahee haala mijeessuu / facilitation role/ qofa taphata. Gulantaan kun leenjii kennuu, meeshaalee leenjii ibsuu, yaadota waljijjiiruu fi gareen mari'achuu kan hammatu yoo ta'u, hojiiwwan bulchiinsaa kan akka meeshaalee

³²⁹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 6 fi 11

³³⁰ Akkuma Miiljalee olii, fuula 6

³³¹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 7

leenjii baay'isuu,gabatee haala tajaajilli itti kennamu qopheessuu,odeeffannoo hordoffii leenjifamtootaa /attendance/ walitti qabuu fi kkf'nis of keessatti qabachuu danda'a.

Leenjiin kamiyyuu rakkoo kan furu ta'uu qaba. Kanaaf kenni leenjii Yuunivarsiitichaa rakkoo qabatamaa qaamolee haqaa keessatti mul'atan maqsuuf kan kaayyeffatu ta'a. Kenna leenjii irrattis yeroo fi xiyyeeffannoon olaanaan kan kennamu leenjii qabatamaa gochuun leenjifamtootni hojii irratti rakkoo walfakkaataa isaan mudatan salphaatti akka hiikan dandeessisuu dha.

Leenjiin kamiyyuu daran hirmaachisaa fi leenjifamaa giddu galeessa kan godhate ta'uu qaba. Leenjifamtootni ogeessota muuxannoo fi hubannoo qaban akka ta'aniitti ni fudhatamu. Leenjifamtootni wayita leenjiin kennamutti yaada, ilaalchaa fi muuxannoo isaanii bilisaan akka waljijjiiran jajjabeeffamuu qabu. Leenjifamtootni saganticha hordofuuf sababaa fi fedhii qabaachuun isaanii mirkanaa'uu qaba. Leenjifamtootni maxxantummaan osoo itti hin dhagahamiin miirri ofiin murteessuu akka isaan keessatti uumamu leenjisaan hojjechuu qaba. Kanaaf leenjiin kennamu qajeeltoowwan leenjii gaheessota hirmaachisaa kan hordofu ta'a. Malootni kenna leenjii bifa adda addaa³³² fi rogummaa qabanis hojiirra ni oolu.

Madaallii Bu'aa³³³: Bu'aan leenjiwwan Yuunivarsiitichaan kennamanii bifa idilaawaa ta'een waggaa lamatti al tokko sakatta'amuu qaba. Sakatta'a gaggeeffamu irratti hundaa'uun sagantaawwan leenjii akka fooyya'an yookin akka jijjiiraman ni godhamu. Sakattaani bu'aa kunis wayita leenjiin kennamu, kenna leenjiin duraa fi booda gaggeeffamuu danda'a.

Madaalliin leenjiin dura gaggeeffamu bu'uura fedhii dhiyaateen leenjichi qindaa'uu fi dhiisuu irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, haalli sagantichi ittiin qophaa'e hirmaachisaa ta'uu, haalli sagantichi ittiin qophaa'e rakkoo qabatamaa maamiltootaa waliin rogummaa kan qabu ta'uu, qophiin maateeriyaalii leenjii dugda duuba leenjifamtootaa ilaalcha keessa kan galche ta'uu, waliigalteewwan godhamuu qaban sirnaan yeroo sirrii keessatti kan

³³² Lecture,discussion,simulation,brainstorming,case study.role play,etc (*Akkuma miiljalee olii*)

³³³ Akkuma Miiljalee olii, fuula 20-22.

guuttaman ta'uu, karoorii leenjii sirnaan qophaa'ee mirkanaa'uu isaa ilaalcha keessa galchee kan gaggeeffamu dha. Madaalliin wayita leenjiin kennamu gaggeeffamus;

- tajaajillii fi meeshaaleen leenjii jiran leenjifamtootni hirmaannaa ho'aa akka godhan dandeessisuu fi dhiisuu,
- leenjichi teeknoolojii odeeffannootiin deeggaramuu,
- leenjifamtootni haala qabataamaa jiru irratti carraa shaakaluu /mari'achuu/ argachuu fi leenjichi bu'aa barbaadame argamsiisuu,
- leenjifamtootni tiwoorii jiru muuxannoo isaanii waliin walqabsiisuu danda'uu fi haalaa hojiitti hiikinsa isaa irratti yaada burqisiisuu danda'uu,
- leenjifamtootni hundi, garee fi dhuunfaadhaan, hirmaannaa akka qabaatan maloota adda addaa fayyadamuu danda'uu fi hirmaatanii argamuu leenjifamtootaa,
- maateriyaalotni leenjii ofiin baruu /self learning/ kan dandeessisan ta'uu fi hojiitti hiikinsa leenjichaas deeggaruu danda'uu,
- sagantaa fi gabateen yeroo akkaataa fedhii leenjifamtootaan sirreeffamuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu akka qabu imaammatichi ni ibsa.

Madaalliin leenjiin boodaa sakatta'a bu'aa leenjichaa guutummaatti kan xiinxalu yoo ta'u, leenjifamtooni rakkoowwan mana hojii isaanii mudachuu danda'an furuuf gahuumsa barbaadamu argataniiruu? yaadota jedhan kan bu'uureffatu dha.

Itti-Gaafatamummaa Leenjistootaa³³⁴: Leenjisaan kamiyyuu ergama leenjii Yuunivarsiitichaa galmaan gahuuf kan hojjetu, ogummaa fi kutannoo /skilled and dedicated/ barbaachisu qabaachuutu irra jiraata. Leenjisaan kamiyyuu kenna leenjii fi leenjii karoorsuu irratti bu'a qabeessa ta'uu danda'uu qaba. Kanaaf leenjistootni Yuunivarsiitichaa kaayyoo adeemsa tajaajila kenna leenjii galmaan gahuuf kutannoo barbaachisu qabaachuuf, leenjii qaamaan /face to face training delivery/, toora intarneetiin leenjifamtootaaf gareenis ta'e dhuunfaan kennaman raawwachuuf, seektaroota

³³⁴ Akkuma Miiljalee olii, fuula 9.

mootummaa garagaraa keessatti bakkeewwan adda duraan furmaata barbaadan adda baasuuf, qorannoowwan barbaachisoo ta’anii argaman gaggeessuu fi karoora raawwii /Akshin plaanii/ qopheessuuf itti-gaafatamummaa ni qabu.

3.2.2. Imaammata Leenjii Muuxannoo Biyyoota Ambaa

A. Muuxannoo Kaawunsilii Istaaford Booroo (Stafford Borough Council)

Istaaford Booroo’n kaawunsiloota biyya Inglizzi keessaa ishii tokko dha. Bulchiinsi *Staafoord Booroo* jiraattoota 120,000 qaba. Kaawunsilichi maqaa isaas kan argate teessoo kaawunsilichaa kan taate magaalaa Staafoord irraa yi³³⁵.

Imaammata leenjii Staafoord Booroo

Imaammatani kun kutaawwan gurguddoo 5tti hiramee jira. Kutaaleen kunneenis: fayidaa leenjii, adeemsa leenjii, qabeenya leenjii (resources), itti gaafatamummaa, fi dhimmoota leenjii (areas of training) kanneen jedhanii dha.³³⁶

Kutaa jalqabaa isaa keessatti imaammatachi barbaachisummaan leenjii fedhii dhaabbata keenyaa fi itti quufinsa hojii dabaluuuf akka danda’amu humna raawwatootaa cimsuu akka ta’e ni ibsa. Kaawunsilichi hojjetoota isaa sadarkaa kamirrattiyyuu argamaniif sakkatta’a fedhii fi kaayyoolee isaa irratti hundaa’uun leenjii ni kenna.³³⁷

³³⁵ Insaaykilooppidiyaa Wiikipidiyaa, [http://en.wikipedia.org/wiki/Stafford_\(borough\)](http://en.wikipedia.org/wiki/Stafford_(borough))


³³⁶ Imaammata leenjii staafoord brough.

Kan argamu: <http://www.staffordbc.gov.uk>

³³⁷ Akkuma Miiljalee olii

Adeemsi leenjii kaawunsilichaas kan fakkii armaan gadiitiin ibsame dha³³⁸.

Fakkii 8



Akkuma chaartiin kun mul'isu fedhiin leenjii kaayyoolee dhaabbataa, tajaajila kennamuu fi kaayyoo dhunfaa irraa madda. Sirmichi leenjiin kennamu fedhii dhaabbataa jiddu galeessa

³³⁸ Akkuma Miiljalee Oliy

akka godhatuu fi taateewwan leenjii ta'e gumaachi inni kaayyolee dhaabbatichaa dhugoomsuu keessatti qabu safaramuu akka qabu agarsiisa.³³⁹

Adeemsi leenjii kaawunsilichaa qabeenya fedhii leenjii dhiyaatu quubsuuf barbaachisu adda ni baasa; leenjichi xiyyeeffannaa barbaachisu argachuus ni hordofa.³⁴⁰

Qaamoleen biroo kenna leenjii keessatti itti-gaafatamummaa qaban garee bulchiinsa leenjii (management team), manaajara leenjii, ofisera leenjii fi hojjetoota mara dha.

Gareen manaajimentii hojjetoota leenjisuuf kutannoo hojjechuu fi leenjiin kennamus kaayyolee dhaabbatichaa waliin kan deeman ta'uu mirkaneeffachuu qaba. Karoorri leenjii qophaahus fedhii kan bu'uureffate ta'uu ni mirkaneessa.³⁴¹

Manaajarri leenjii fi suupparvaayzarootni leenjiitis qophii leenjii hojiin duraatiif, fedhii leenjii sakatta'uuf, karoorra leenji qopheessuuf, bakka hojiitti leenjii hordoffii kennuuf (on job instruction and coaching), carraa leenjii irratti hubannoo hojjetootaa cimsuuf akkasumas leenjiifamtootni hojjetoota hin leenjineef ogummaa argatan akka qoodan gochuu fi bu'aa leenjii madaaluuf itti gaafatamummaa qabu.³⁴²

Ofiiserri leenjii kaawwunsilichaas adeemsa imaammata leenjii irratti qajeelfama ni kenna, fedhii leenjii adda baasuu fi karoorra qopheessuu, gochaawwan leenjii adda bahan qopheessuu, qindeessuu fi ifa gochuu, maanaajerotni itti-gaafatamummaa isaanii akka bahachuu danda'an gorsuu fi leenjisu, madaallii bu'aa leenjii gaggeeffamuuf haala mijeessuu kanneen jedhan ni raawwata.³⁴³

Hojjetootni kaawunsilichaas dhimma fedhii leenjii irratti qaban adda baasuu fi gaafachuun, bu'a-qabeessummaa leenjichaa sakatta'uu fi ogummaa leenjiirraa argatan waliif qooduu akka qaban imaammatichi ni ibsa.³⁴⁴

³³⁹ Akkuma Milljalee olii, fuula 2

³⁴⁰ Akkuma Milljalee olii, fuula 2

³⁴¹ Akkuma Milljalee olii

³⁴² Akkuma Milljalee olii

³⁴³ Akkuma Milljalee olii, fuula 3

³⁴⁴ Akkuma Milljalee olii, fuula 4

Kaawunsilicha keessatti gosootni leenjiiwwan kennamanii leenjiiwwan ogeessota haaraaf kennaman leenjiiwwan ogummaa fi teeknikaa, koompitaraa fi kkf akka ta'an Imaammatachi ni ibsa.

B. Muuxannoo Pappuwaa Niwu Giinii (Papua New Guinea)

Paappuwaa Niwu Giiniin biyyoota Oshiiniyaa keessaa tokko yoo taatu, kibba lixa galaana paasifiikitti argamti. Magaalaan muummicha Niwu Giinii '*Port Moresby*' jedhamti. Niwu Giiniin uummata miliyoona 7 ta'u kan qabdu yoo ta'u, afaan 850 ta'antu keessatti dubbatama.

Paappuwaa Niwu Giiniin bara 1975 Awustraaliyaa irraa bilisummaa ishii kan gonfatte yoo ta'u uummatni ishee baay'een yeroo ammaa hiyyummaa keessa jiraatu.³⁴⁵

Niwu Giiniin sirna seera '*koman loo*' kan qabdu dha. Niwu Giiniin biyyoota guddataa jiran kessatti kan ramadamtu yoo ta'ellee, haala adda ta'een, qaamni abbaa seerummaa ishii bilisummaa kan qabuu fi mootummaaleen yeroo garagaraatti biyyittii bulchanis aangoo manneen murtii kan kabajan ture. Seerotni biyyattii baay'een isaanii Inglizii fi Awustraaliyaa irraa kan fudhatamani dha.³⁴⁶

Manneen murti sadarkaa garagaraa qaban kan jiran yoo ta'u isaanis: mana murtii gandaa, mana murtii aanaa , mana murtii biyyoolessaa fi mana murtii waliigalaa ti.³⁴⁷

Bara 1980'oota irraa eegalee sagantaaleen leenjii abbaa seerummaa qaama 'Hawaasa seeraa Papuwa Niwu Giinii' (Papua New Guinea Law Society) jedhamu waliin ta'uun kan kennamaa turan yoo ta'u, bara 1990'oota keessa garuu mataa isaan qaama koree barnootaa abbaa seerummaa (judicial education committee) jedhamu hundesseera.³⁴⁸

³⁴⁵ <http://en.wikipedia.org/wiki/law-of-papua-new-guinea-Guinea#courts>.

³⁴⁶ Akkuma Miiljalee olii

³⁴⁷ Akkuma Miiljalee olii

³⁴⁸ Imaammata fi karoora tarsiiimowaa Koree Abaa seerummaa Niwu Giinii (JEC), 2003

Koreen kunis sagantaalee leenjii abbootii seeraa fi hojjettoota mana murtiitiif kennamu qindeessuuf kan hundaa'e yoo ta'u, bara 2003 imaammata leenjii qopheeffachuun hojiitti galeera³⁴⁹.

Imaammata Leenjii Koree Leenjii Abbaa Seerummaa Niwu Giinii (Judicial Education Committee)

Koreen leenjii abbaa seerummaa Niwu Giinii seminaarota, workshooppiwwan, konfiransiiwwan akkasumas leenjiiwwan ogeessota haaraa fi hojiirra jiraniif kennamu (orientation and refresher courses) fi leenjiiwwan ogummaa hojjettoota mana murtiif ni qopheessa, ni qindeessa.³⁵⁰

Koreen leenjii abbaa seerummaa kun sagantaalee leenjii qopheessu irratti kan kennu leenjistoota abbootii seeraa keessaa bakka bu'amaniin, dursaa haqaa fi itti aanaa dursaa haqaatiini. Leenjistootni koree kanaa lakkoofsaan 10 yoo ta'an isaanis leenjii leenjistummaa gaheessotaa kan fudhatani dha. Leenjistootni koree kanaa leenjii kan argatanis qaamolee gara garaa waliin ta'uun yoo ta'u, isaan keessaas sagantaa leenjii abbaa seerummaa paasifik (PJEP) fi Instiitiyutii Abbaa Seerummaa Kaanada (CJI) kan jedhaman fa'a dha.³⁵¹

Akka imaammatahaatti tajaajila leenjichaa deeggaruuf qaamoleen adda addaa itti gaafatamummaa qaban kan hundeeffaman yoo ta'u, isaanis.³⁵²

Koree leenjii (JEC): koreen kun waggootii 5f kan tajaajilu yoo ta'u,dhimmoota leenjiin walqabatan kamiifiyyuu dursaa haqaatiif qaama itti gaafatamu dha.

Sekretariyaatii Korichaa: sekretariyaatiin korichaa daarikteeraan kan qajeelfamu yoo ta'u,innis seera kan baratee fi bulchiinsa abbaa seerummaa irratti muuxannoo kan qabu ta'ee kontraata waggaa sadiitiin kan qacaramu dha. Seekreetariyaatiin koree leenjii kunis

³⁴⁹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 2

³⁵⁰ Akkuma Miiljalee olii, fuula 2

³⁵¹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 2

³⁵² Akkuma Miiljalee olii, fuula 5-7

sagantaawwan leenjii qophaa’an mara ni bulcha, murtiiwwan koree leenjiitiin (JEC) kennaman ni raawwachiisa.³⁵³

Leenjistoota (Faculty of Trainers): Ogummaa leenjistummaa hojii abbaa seerummaa kan qaban yoo ta’an sagantaalee leenjii ni qindeessu, ni dhiyeessu akkasumas ni mijeessu. Leenjistootni korichaan filatamanii dursaa haqaa naannichaan muudamu. Leenjistootni yaadannoo qopheessuu irrattii fi dhiyeessa irratti daarikteeraa fi ofisaroota biroo irraa deeggarsaa fi gorsa ni argatu.³⁵⁴ Koreen leenjii leenjistoota alaa ogummaa fi beekumsa addaa qaban leenjistoota akka gargaaran ykn leenjii akka kennan hirmaachisuu ni danda’a.³⁵⁵ Koreen leenjii leenjiin qophaa’uun dura sakatta’iinsi fedhii leenjii akka gaggeeffamu akkasumas karoorri yookin kalaandarri leenjii akka qophaa’u ni taasisa. Baajatni sochiiwwan leenjii fi deeggarsa loojistikiitiif barbaachisu baajata waggaa qaama abbaa seerummaa keessatti kan hammatamu ta’a³⁵⁶.

Sagantaalee leenjii qophaa’an irrattis leenjifamtootni hirmaatan itti-gaafatamaa Mana murtii Waliigalaatiin yookin koree leenjiitiin kan afferaman ta’uu danda’a. Dhuma leenjii kamii irrattiyyuu raawwiin hirmaattota leenjiis ta’e leenjistootaa (mijeessitootaa) ni madaalama; bu’aa isaarrattis pirezdaantii mana murtii waliigalaatiin ni mallattaa’a. Akka Imaammataachaatti, hirmaattotaaf leenjicha fudhachuun akka dirqamaatti lakkaa’ama.³⁵⁷

Dhuma leenjii irratti hirmaattota leenjii fi mijeessitoota sagantichaaf (leenjistoota dabalatee) waraqaan ragaa dursaa haqaa (chief justice), koree leenjii fi walitti qabaa koreetiin mallattaa’e ni kennamaaf.³⁵⁸

C. Muuxannoo Ministeera Pablik Servisii Rippablika Ugaandaa

Biyya Ugaandaatti hojjettoota mootumma kan bulchu, hojii ijaarsa dandeettii (leenjii dabalatee) hojjettoota mootummaa cimsuuf qaamni mootummaa itti gaafatamummaa qabu Ministeera Pablik Sarvisii biyyattii ti.³⁵⁹

³⁵³ Akkuma Milljalee olii

³⁵⁴ Akkuma Milljalee olii, fuula 7

³⁵⁵ Akkuma Milljalee olii, fuula

³⁵⁶ Akkuma Milljalee olii, fuula 8

³⁵⁷ Akkuma Miiljalee olii, fuula 4

³⁵⁸ Akkuma Miiljalee olii

Ministeerri Pablik Servisii Ugaandaa kun ergamaa fi mul'ata mataa isaa kan qabu yoo ta'u,³⁶⁰ bara 2006 'tti imaammatta leenjii mataa isaa qopheessuun hojiirra olcheera.

Imaamatni leenjii kun seensa /preface/ isaa keessatti maalummaa imaammatachaa yeroo ibsu akkas jedha.

*This training policy provides a practical framework within which all government officials will acquire the necessary competencies to perform their duties with creativity, efficiency, effectiveness and due diligence, in accordance with government's commitment to improve service delivery to its populace. The policy introduced changes in the way public officials will be trained and how the training function will be managed in the public service, with emphasis on a demand driven approach.*³⁶¹

Imaamatni leenjii ministeerichaa hojjetootni kenna tajaajila hojii isaanitti kenname kalaqummaadhaan, saffisaa fi bu'a qabeessummaadhaan akka bahatan gahuumsa barbaachisu akka argatan akka ka'uumsaatti /as a practical framework/ kan tajaajilu dha. Imaamatni leenjii kun kutaalee garagaraatti qoqqoodamee argama.

Seensi imaammatachaa rakkoolee imaammata leenjii sana qopheessuun dura qophii fi kenna leenjii Pablik Sarvisii keessa ture gabaabbinaan kan ibsame yoo ta'u, rakkoowwan kunneen imaammatachi furuuf deemus hammatamaniiru. Isaanis: ogummaa (professionalism) fi karoori dhabamuu, qindaa'ina laafaa, leenjiin raawwannaa hojii irratti xiyyeeffachuu ooluu, hojiiwwan leenjii keessatti qaamoleen itti-gaafatamummaa garagaraa qaban ifatti taa'uu dhabuu, leenjiwwan fedhii irratti hundaa'uu dhabuu, carraa leenjii

³⁵⁹ The Uganda public service act, chapter 288, Article 12,1669

'Mission: *to provide policies, systems and structures that facilitates efficient and effective public service performance for national development and improved quality of life in Uganda'.*

'Vision: *a public service that is affordable, efficient and accountable in steering rapid economic growth and social transformation.'* <http://www.public-service.go.ug/>

³⁶¹ The Public Service Training Policy of the Republic Of Uganda, Feb. 2006. (Preface)

Available At: www.Publicservice.Go.Ug

kennuurratti loogii gochuu, fi baasii mootummaatiin osoo hin angeffamiin abbootiin aangoo leenjii qopheessuu fa'a kan jedhani dha.³⁶²

Akkasumas imaammatachi qajeeltoowwan gurguddoo jaha of keessatti qabateera. Isaanis³⁶³:

- Ogummaa (professionalism) - leenjiin karoofamuu, hordofamuu akkasumas madaalamuu qaba.
- Iftoomina - carraan leenjii dhimmamtoota maraaf ifa godhamuu qab, murtiin kennamus haqa-qabeessa (fairness) ta'uu qaba.
- Carraa walqixa (equal opportunity)- carraa leenjii kennuu irratti loogiin tokko illee hingodhamu
- Mirga addaa (affirmative action) - gareen miidhamaa ta'an (disadvantaged group) bifa addaatiin keessummaahuu qabu.
- Fedhii kan bu'uureffate (demand driven approach) - leenjiin sakatta'a fedhii mootumma fi leenjifamtoota bu'uureffachuu qaba.
- Maallaqaaf gatii kan kennu ta'uu (value for money or funds optimally utilized).

Sanadichi kaayyoo waliigalaa imaammata leenjiichaa yeroo ibsu akka itti aanutti kaa'era.

*The policy aims at building and maintaining the public service as an efficient, effective and professionally competitive administrative machinery of government, capable of originating and implementing government programmers.*³⁶⁴

Imaammatachi humna pablik sarvisii gahuumsa qabu, bu'a qabeessa ta'e, ogummaadhaan dorgomaa ta'ee fi sagantaalee mootummaan hordofu maddisiisuu fi raawwachiisuuf danda'an uumuuf kan kaayyeffate dha.

Akkasumas immaammatachi kaayyoolee addaa kan qabu yoo ta'u, isaan keessaas:³⁶⁵

³⁶² Akkuma Milljalee olii, fuula 1

³⁶³ Akkuma Milljalee olii, fuula 2

³⁶⁴ Akkuma miiljalee olii

³⁶⁵ Akkuma Milljalee olii, fuula 3

- Abbootii aangoo hojii mootummaa raawwachiisan ogummaa, beekumsaa fi ilaalcha sirrii fi yeroo isaa eeggate (up to date) qabsiisuu
- Qabeenyaa fi maallaqa mootummaa leenjii irratti bahu sirritti fayyadamuu mirkaneessuu
- Haala caaseffamaa fi kenna leenjii sirnaawaa ta'e diriirsuu
- Bulchiinsa leenjii haqa-qabeessa ta'e diriirsuu

Imaammata hojiitti hiikuu fi tajaajila leenjii qindoomina qabu kennuuf qaamoleen garagaraa kan caaseffaman yoo ta'u isaanis itti-gaafatamummaa adda addaa qabu.

i. Gahee Ministeera Pablik Sarvisii³⁶⁶

- Imammatni leenjii hojiitti hiikamuu isaa ilaaluu fi hordofuu
- Murtiiwwan leenjii waliin walqabatee qaamolee gara garaatiin kennaman raawwachisuu
- Sagantaalee leenjii dhaabbilee garagaraa, madaaluu qindeessuu fi karoorsuu, fi k.k.f.

ii. Koree leenjii (training committees)

Koreewwan leenjii sadarkaa garagaraatti hundeeffaman gumeewwan leenjii (training proposals) ni mirkaneessu, sagantaalee fi karoorri leenjii akkasumas imaammatni leenjii hojiitti hiikamuu ni mirkaneessu.³⁶⁷

iii. Ofisera ittigaafatamaa (the responsible officer)

Ofiserrri kun dhaabbata yookin mana hojii isaa keessatti imaammatni leenjii hojiitti hiikamuu ni murkaneessa, hojjetootni mana hojii sanaas leenjii isaan ilaallatu fudhachuu ni mirkaneeffata.³⁶⁸

iv. Supparvaayzarii(line manager or supervisor)

Supparvaayzarootni namootni isaan jalatti bulan sakatta'a raawwii isaanii itti fufiinsaan gaggeeffamu irratti hundaa'uun leenjifamuu isaanii ni mirkaneeffatu.³⁶⁹

³⁶⁶ Akkuma Milljalee olii, fuula 4

³⁶⁷ Akkuma Milljalee olii, fuula 5

³⁶⁸ Akkuma Miiljalee olii

v. Ofisera leenjii qindeessu (the training liason officer)

Ofiserri kun immoo murtiiwwan leenjii ilaaluun darban hojiirra ooluu isaanii akkasumas gochaawwan leenjii ilaallatan ni raawwachiisa; ni qindeessa.³⁷⁰ Akka imaammatahaatti hirmaataan leenjiidhaaf filame kaka'uumsaa fi fedhii guutuun leenjicha hordofuuf itti-gaafatamummaa qaba.³⁷¹

Leenjiiwwan imaammataha keessatti hammatamanis gosoota gurguddoo afur qabu: isaanis leenjii ogeessota hojiif haaraa ta'aniif kennamu, leenjiin gahuumsa ogummaa guddisuuf kennamu, leenjii raawwii ofii fooyyeessuuf kennamuu fi leenjii soorama dura kennamu.³⁷²

Leenjiin ogeessota hojiif haaraa ta'aniif kennamu hojjetaa haaraa kamiifiyyuu kan hojiin dura kennamu yoo ta'u, leenjiin rawwii fooyyeessuuf kennamu hojjetaa tokkoof yoo xiqqaate waggaa sadi keessatti al tokko kan kennamu dha. Leenjiin gahuumsa ogummaa guddisuuf kennamu gama biraatiin yeroo gabaabaaf yookin yeroo dheeraaf, osoo gariin hojiirra jirani yookin hojiirraa deemuun kan kennamu ta'uu danda'a. Leenjiin soorama duraas hojjetaan kamiyyuu soorama bahuun dura akka of qopheessuu ni kennama.³⁷³ Carraan leenjii kennamus; maallaqaa fi baajata leenjii jiru, ro gummaa sagantaan leenjii kaayyoo waajjira hojjetootaa waliin qabu, mijachuu yeroon leenjii fedhii mana hojichaa waliin qabu giddu galeessa kan godhate ta'a.³⁷⁴

Ogeessota leenjii kennan filachuunis iddoo guddaan dhimma kennamuufii qabu akka ta'e imaammatachi ni ibsa.³⁷⁵ Bajatni leenjiis maddi isaa bajata mootummaan ramadamu ta'uu danda'a yookin dhuunfaa dhaan leenjifamtootni haalli itti of danda'an jiraachuu mala.

³⁶⁹ Akkuma Miiljalee olii, fuula 6

³⁷⁰ Akkuma Miiljalee olii,

³⁷¹ Akkuma Miiljalee olii

³⁷² Akkuma Miiljalee olii

³⁷³ Akkuma Miiljalee olii, fuula 6 fi 7.

³⁷⁴ Akkuma Miiljalee olii fuula 8


³⁷⁵ Akkuma Miiljalee olii ,fuula 9

Akkumas leenjifamtootni yeroo leenjii fudhatan durgoo oolmaa, toopp-aappii /top-up/ fi fayidaa isaaniif barbaachisu argachuu qabu. Erga leenjii xumuraniis akkuma haala isaatti guddinnii fi fooyya'iinsi mindaa barbachisu kennamuu danda'a.³⁷⁶

Imaammachi haala hordoffii fi madaallii leenjiitis kan hammatu yoo ta'u, gochaan leenjii kamiyyuu kaayyoo isaa galmaan kan gahe ta'uu, bu'a-qabeessa ta'uu fi bahii maluun qofa raawwatamuu isaa madaalamuu akka qabu ni ibsa.³⁷⁷

Haalli waliigala hordoffii fi madaallii leenjii Minsteera Pablik Sarvisii Ugaandaa kunis chaartii itti aanuun kan mul'ifame fakkaata³⁷⁸.

Fakkii 9



³⁷⁶ Akkuma Miiljalee olii, fuula 9 fi 10

³⁷⁷ Akkuma olii

³⁷⁸ Akkuma Miiljalee Olii.

BOQONNAA 4

IMAAMMATA LEENJII INSTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

4.1. Hundeeffama Instiitiyuutichaa

Sirna haqaa biyya yookin naannoo tokko keessatti dagaagsuufis ta'e tursiisuuf ogeessota qaamolee haqaa amala addaa kenniinsa tajaajila haqaa biyya /naannoo/ sanaa waliin walbaran, seerota naannicha keessatti yeroo yeroon bahan irrattis hubannoo qabaniifi haala gaariin leenji'an horachuun dirqama.³⁷⁹ Galma gahiinsa kaayyoo kanaaf immoo leenjii garaagaraa ogeessota qaamolee haqaatiif kennuun karaa isa duraa ta'uu danda'a. Sadarkaa ogummaa, dandeettii, naamusaa fi ilaalcha ogeessota qaamolee haqaa kana ijaaruun qaamolee haqaa mirgoota bu'uuraa lammiwwaniif wabii ta'an, iftoominaa fi amantaa uummataa qaban horachuun gaaffii yeroo akka ta'e ni beekama.³⁸⁰ Kana waan ta'eefis sirna haqaa biyya tokkoo fi naannoolee dagaagsuuf yoo barbaadame leenjii sirnaawaa fi itti fufiinsa qabu kennuuf qaamni kallattiin itti gaafatamummaa fi ergama kana fudhatu jiraachuun dirqama.³⁸¹

Yaada bu'uuraa kanarraa ka'uudhaan Instiitiyutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa dambii lakk 77/1999 ta'een kan hundaa'e yoo ta'u, ogeessota qaamolee haqaa adda dureedhaan abbaa seeraa, abbaa alangaa, rejistraarota, gargaartota isaanii fi abukaattota ittisaatiif leenjii ni kenna.³⁸² Itti-waamamni Inistiitiyuutichaa M/M/W/Oromiyaatiif ta'ee,³⁸³ hojii Inistiitiyuutiichaa kan qindeessuu fi to'atu Gumii miseensota sagal of-keessaa qabu dha.³⁸⁴ Walitti-qabaan gumii kanaas pirezidaantii M/M/W/Oromiyaa ta'ee itti aanaan walitti qabaa hogganaa B/H/Oromiyaa ti.³⁸⁵ Hoogganaan biiroo ijaarsa dandeettii, itti gaafatamaan qajeelcha qorannoo fi qo'annoo M/M/W/Oromiyaa, itti gaafatamaan qajeelcha dhimma seeraa fi qo'annoo Biiroo Haqaa, Perezdaantiin

³⁷⁹ Menberetsahay Tedese, Expected missions and objectives of the professional legal training institute for the Ethiopian justice system, qorannoo bara 2003 dhiyaate (kan hin maxxanfame), fuula 122-123.

³⁸⁰ Dambii lakk 77/1999, ILOQHQS hundeessuuf bahe, galma (preamble).

³⁸¹ Akkuma Miiljalee olii kana

³⁸² Akkuma Miiljalee olii, kewt.1 fi 2(2)

³⁸³ Akkuma Miiljalee olii, kewt 4(2)

³⁸⁴ Akkuma Miiljalee olii, kewt 9

³⁸⁵ Akkuma Miiljalee olii

M/M/Olaanaa M/M/ Waliigalaatiin bakka bu’u tokko, I/G/Q/Haqaa godinaa Biiroo Haqaatiin bakka bu’u tokkoo fi diiniin faakaaltii seeraa yuunivarsiitii tokko miseensa gumiichaati.³⁸⁶ Daarikterri Instiitiyuutichaa walitti qabaa gumiitiin dhiyaatee gumichaan kan muudamu yoo ta’u gumichaafis barreessaa fi miseensa dha.³⁸⁷ Daarikterri Instiitiyuutichaa hoogganaa Instiitiyuutichaa ta’a. Hojii Instiitiyuutichaas bu’uura qajeelfama gumiitiin kan gaggeessuufi qindeessu daarikteera Instiitiyuutichaa ti.³⁸⁸

Danbii Instiitiyuuticha hundeessuuf bahe irraa akka hubatamu, Instiitiyuutichi kaayyolee armaan gadii qaba:³⁸⁹

- Ogeessota seeraa kabajama sirna heera mootummaatiif kutannoodhaan dhaabbatan baayinaa fi qulqullina barbaadamuun akka horataman taasisuu;
- Sirna haqaa naannichaa ogeessota dandeetti ol’aana fi naamusa gaarii akkasumas amantaa ummataa fi quuqama qabaniin akka ijaaramu gochuu;
- Kenniinsa tajaajila haqaa qajeltoowwan ol’aantummaa seeraa, iftooma fi ittigafatamummaarratti hundaa’e qindoomnaa fi bifa tokkummaa qabuun mirkanessu, fi
- Naannicha keessatti sirna haqaa bu’aa qabeessa ta’e, si’oomnaa fi haqummaa qabu mirkanessuu, kanneen jedhaniidha.

4.2. Ergama, Kaayyoo fi Gosoota Leenjii Instiitiyuutichaa

4.2.1. Ergama Adeemsa Hojii Ijoo Leenjii fi Tajaajila Gorsaa

Ergamni adeemsichaa kenna leenjii fi tajaajila gorsaa fedhii qorannoon adda bahe irratti hundaa’e gaggeessuu fi dandeettii raawwachiisummaa abbootii seeraa fi abbootii alangaa ol guddisuun rifoormii sirna haqaa naannoo Oromiyaa keessatti hojiirra oolu haala itti fufiinsa qabuu fi amansiisaa ta’een dhugoomsuu dha.³⁹⁰

³⁸⁶ Akkuma Miiljalee olii

³⁸⁷ Akkuma Miiljalee olii

³⁸⁸ Akkuma Miiljalee olii, kewt 13(2)

³⁸⁹ Akkuma miiljalee olii, kewt.6

³⁹⁰ Chaarterii ittiin bulmaata adeemsa hojii ijoo kenna leenjii fi tajaajila gorsaa, 2002, kan hin maxxanfame.

4.2.2. Kaayyoo

Adeemsi hojii ijoo kenna leenjii kaayyoowwan qabate keessaa; jijjiirama adeemsifamaa jiruu fi kan haaraa maddan leenjii fi gorsaan deeggaruun tajaajila si'aawaa, qulqullinaa fi gahuumsa qabu kennuu, rakkoolee haqaa naanicha keessa jiran qorannoon adda baasuudhaan leenjii fi gorsaan furuu kan jedhan warra ijoo dha.³⁹¹

Kaayyoon karoora tarsiimoo Instiitiyuutichaan taa'es 'Gaaffii hanqina gahuumsaa guutuuf maamiltoota irraa ka'e akka ciicataatti fudhachuudhaan qophii leenjii gochuun, leenjifamtoota simachuun, leenjicha kennuu fi leenjifamtoota gaggeessuudhaan hanqina dandeettii leenjiidhaan guutuudhaan dandeettii raawwachiisummaa isaanii guddisuu' kan jedhuu dha.³⁹²

4.2.3. Gosoota Leenjii

Leenjiin Instiitiyuutichaan kennamu sagantaa lama of keessaa kan qabu yoo ta'u; isaaniis Sagantaa Leenjii Hojiin Duraa fi Sagantaa Leenjii Hojii Irraa ti. Leenjiin hojiin duraa leenjii abbooti seeraa, abbootii alangaa, rijistraara, abukaattoo ittisaa akkasumas hojjatoota seektara qaamolee haqaa ta'uudhaan gara sirnichaatti haarawaa makamaniif sagantaa yeroo dheeraatiin kennamu³⁹³ yoo ta'u, leenjiin hojii irraa immoo ogeessota hojiiwwan armaan olii kana irratti bobba'anii argamaniif ga'uumsa isaanii cimsuuf yaadamee kan kennamu dha.³⁹⁴

Hojiin abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa beekumsaa fi ogummaa barnoota koolleejjiiitiin fi Yuunivarsiitiin argaman ala gahuumsa addaa kan gaafatu ta'uu ni beekama. Barbaachisummaan leenjichaas, gabaabumatti, ogeessota seeraa beekumsa seeraa bu'uura warra qaban kana itti gaafatamummaa fi gahuumsa olaanaa gama beekumsa, ogummaa, naamusaa fi ilaalchaatiin hojii A/seerummaa fi A/alangummaatiif barbaachisu gonfachiisuu dha.³⁹⁵ Ogeessota sirna heeraa hojiirra oolchaniin fi eegan, sirni haqaas kan lammiilee garaa gahuu danda'u akka ta'u ogeessota dandeessisan horachuun mul'ata saganta leenjichaati.

³⁹¹ Akkuma miiljalee olii, fuula 7

³⁹² Sanada SMBKT ILOQHQS, 2003.

³⁹³ Danbii ILOQHQS hundeessuuf bahe lakk. 77/1999 kewt 7(1).

³⁹⁴ Miiljalee olii, kwt 7(2).

³⁹⁵ Karikulamii sagantaa leenjii hojiin duraa irratti yaada fooyya'ee dhiyaate, fuul.2

Gabaabaatti, leenjiiin hojiin duraa akka kaayyoo dursaatti kan qabate leenjifamtoota haaraa qaamolee haqaa kana rakkoolee hojiirratti isaan quunnaman waliin wal barsiisuudhaan gahuumsa furmaata rakkoolee kana hiikuuf isaan dandeessisu akka qabaatan gargaara.

Adeemsi leenjii hojii irraa gama biraatiin vershinii sadiin kan raawwatamu akka ta'e chaarteriin ittiin bulmaata adeemsichaa ni ibsa. Isaanis: leenjii fedhii adda bahe irratti kennamu (supply driven), leenjii gaaffii maamila irraa dhiyaatuun kennamu (demand driven), leenjii iddoo maamilli jirutti kennamu kan jedhani dha³⁹⁶.

4.3. Bulchiinsa Kenna Tajaajila Leenjii Instiitiyuutichaa

Tajaajila kenna leenjii adeemsichi raawwatu galmaan gahuuf qaamoleen gara garaa itti gaafatamummaa adda addaa kan qaban akka ta'e ni beekama. Caaseffama jiru chaarteriin ittiin bulmaata adeemsichaa akka armaan gadiitti ni ibsa.

- ✦ Gaggeessaa Adeemsa Hojii: Gaggeessaan adeemsichaa hojiilee akka deeggarsa ogummaa hojii (coaching), adeemsawwan haaraa maddisiisuu (redesigning), walquunnamtii keessaa fi alaa cimsuu, adeemsicha qorachuun kallattii fooyya'aa kaa'uu fi dhimmoota murteessaa ta'an hooggansa olaanaaf dhiyeessuun murteessisuu fi kkf raawwachuuf itti gaafatamummaa qaba³⁹⁷.
- ✦ Raawwattoota Waliigalaa Leenjii fi Gorsaa: Raawwattootni adeemsichaas fedhii leenjii gaggeessuuf, leenjifamtoota safartuu kaa'ameen simachuuf, leenjii kennuuf, atteendaansii to'achuuf, naamusa leenjifamtootaa hordofuu, gorsuu, sirreessuu fi yoo humnaa ol ta'e gabaasuuf, maateriyaalii leenjii qulqullina qabu qopheessuufi k.k.f raawwachuuf itti gaafatamummaa qabu³⁹⁸.
- ✦ Garee Xiqqaa Leenjii Hojiin Duraa fi Hojii Irraa: Gareen kun miseensota 6 kan of keessatti qabatu yoo ta'u hojiiwwan simannaa fi tajaajila leenjifamtootaatiin walqabatan kan raawwatani dha.

³⁹⁶ Akkuma miiljalee lakk.375, fuula 28 fi 29

³⁹⁷ Chaarterii adeemsa leenjii fi gorsaa, fuula 21, 2002 (kan hin maxxanfamne).

³⁹⁸ Akkuma miiljalee olii

- Ofisera Leenjii Hojiin Duraa fi Hojiirraa : Ofiserrri leenjii hojiin duraa leenjistoota ramaduuf,gargaaruuf,naamusa leenjistootaa fi leenjifamtootaa hordofuuf,gabaasa waliigalaa fudhachuuf qindeessuuf,leenjii kennuuf,maateriyaaliin qulqullina isaa eeggate akka qophaa’u gochuuf,mata duree fi sagantaa hojii leenjistoota waliin ta’uun qopheessuuf,komii leenjifamtootaa simachuu fi akka sirratu gochuufi k.k.f raawwachuuf itti gaafatamummaa akka qabu chaarterichi ni ibsa³⁹⁹.
- Raawwataa Kaarikulamii fi Pirojektii: Raawwataan kaarikulamii fi pirojektii karoora fi sagantaa leenjii qopheessuuf, karikulamii garee leenjii waliin qopheessuuf, sagantaa leenjii qopheessuuf,maateriyaalii leenjii raabsuu fi k.k.kf raawwachuuf itti gaafatamummaa ni qabaata⁴⁰⁰.
- Raawwataa Olaanaa Dhimma Leenjifamtootaa: Raawwataan kun immoo karoora fi sagantaa leenjii qopheessuuf, ragaa leenjifamaa kuusuuf, waraqaa raga qopheessuu fi k.k.f raawwachuuf itti gaafatamummaa qaama qabu dha⁴⁰¹.
- Raawwataa Olaanaa Hojii Leenjii: Raawwataan kunis karoora fi sagantaa leenjii hojiirraa qopheessuuf, uunkaa to’annoo fi hordoffii fi duub-deebii raabsuu fi fudhachuuf, leenjisaan yeroon kutaa leenjii galuusaa hordofuu fi k.k.f raawwachuuf itti gaafatamummaa qaba⁴⁰².

4.4. Imaammata Leenjii ILOQHQSO

Institiyutichi yeroo gabaabaa hojii jalqabe kana keessatti hojii bal’aa ta’e, keessattuu gama kenna tajaajila leenjiitiin, hojjachaa akka jiru ni beekama. Institiyuutichi yeroo hundeeffame irraa jalqabee hanga bara 2003’ tti sagantaa leenjii hojii duraatiin leenjifamtoota 875 ol, leenjii hojiirraa yeroo gabaabaatiin ogeessota qaamolee haqaa garaa garaa 10,346 ol ta’aniif akkasumas leenjii hojiirraa yeroo dheeraatiinis ogeessota 587’f leenjii kennee jira.⁴⁰³

³⁹⁹ Akkuma miiljalee olii

⁴⁰⁰ Akkuma miiljalee olii, fuula 24

⁴⁰¹ Akkuma miiljalee olii

⁴⁰² Akkuma miiljalee olii, fuula 25

⁴⁰³ Gabaasa raawwii hojii Institiyuutichaa, bara 1999-2003(kan hin maxxanfamne)

Institiyyuutichi fooyya'iinsa sirna haqaa nannichaa keessatti bu'aa olaanaa argamsiisaa kan jiru yoo ta'ellee, uwwisnii fi qulqullinni kenna tajaajila leenjii akka barbaadametti raawwatamaa jira jechuuf kan nama dandeessisu miti. Akka sababaatti waantota ka'uu danda'an keessaa inni duraa kenni tajaajila leenjii bifa sirnaawaa ta'een imammata mataa isaatiin kan gaggeeffamu ta'uu dhabuu isaa ti. Akkuma beekamu imaamatni leenjii akkaataa ergama Institiyyuutichaa galmaan gahuun danda'amu, keessattuu qajeeltoowwanii fi kaayyoo kenna leenjii addatti baasee kan agarsiisuu fi kallattii kan qabsiisu waan ta'eef dhabamuun imaammata leenjii galma gahiinsa ergamaa fi mul'ata Institiyyuutichaa irrattis dhiibbaa olaanaa qaba.

Kana malees kenni tajaajila leenjii imaammata leenjiitiin hin gaggeeffamu yoo ta'e, bu'a-qabeessummaa baajataa mirkaneessuun hin danda'amu; qabeenyi leenjiis qisaasa gara garaatiif ni saaxilama. Qisaasa maallaqa, maateriyaalii, humna namaa fi yeroo Institiyyuuticha irra gahu malee hirmaattotni leenjii fi dhaabbileen yookin manneen hojii hojjettoota isaanii leenjiif ergan bu'aa barbaadan waan hin arganneef qisaasa kanaaf ni saaxilamu⁴⁰⁴.

Gama biraatiin sakatta'iinsi xiinxala yaada maamilaa, qorannoo sirna madaallii bu'aa karoora tarsiimoowaa akka agarsiisutti bara 2003 tti ka'uumsi itti quufinsi maamilli kenna leenjii irratti qabu dhibbantaa torbaatama qofa.⁴⁰⁵ Akka sababaatti kan ka'uu danda'u, imaamatni leenjii fi haalli hoggansa kenna leenjii qulqullina, iftoominaa fi si'aayina qabu dhabamuu dha. Imaamatnii fi qajeelfamni leenjii ifa ta'e waan hin jirreef hooggansis ta'e raawwatootni kenna leenjii sadarkaa sadarkaadhaan jiran gahee fi dirqama isaanii hubachuu fi bahachuu irratti rakkina uumamu irraa kan ka'e jechuu dha.

Kanaaf hoggansa leenjii cimaa ta'e uumuuf kan dandeessisu, raawwatoota naamusa hojichaa hubatanii fi horatan qabaachuufi haala qopheessaa fi gahuumsa qabiyyee maateriyaalota leenjii /moojulii/ ifatti adda baasuuf kan gargaaru, akkasumas itti

⁴⁰⁴ Gaaffii afaanii hoji-gaggeessaa misooma humna namaa Institiyyuutii Manaajimentii Itoophiyaa obbo Zannaba waliin gaggeeffame, 06/02/2004, waaree booda sa'a 8:00.


⁴⁰⁵ Sanada Sirna Madaallii Bu'aa Karoora Tarsiimoo, Institiyyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa, fuula 146, 2003 (Kan hin maxxanfame).

gaafatamummaa tokkoon tokkoon qaamolee kenna tajaajila leenjii keessatti shoora qabanii kallattii agarsiisuun barbaachisaa dha⁴⁰⁶.


Hojiiwwan kunneen imaammata sirnaawaa ta'een osoo hin taane yaada hooggansaa fi raawwattootaatiin qofa kan gaggeeffaman yoo ta'e, uwwisa, qulqullinaa fi ga'umsa kenna tajaajila leenjiis ta'e gara gahiinsa maamilaa akka barbaadamutti mirkaneessuun hin danda'amu. Rakkoon kun Instiitiyuuticha keessattis rakkoo qabatamaa kan ture yoo ta'u, fakkeenyaaf, hojiirra oolmaa JBHA Instiitiyuutichaan dura toorri xiyyeeffannoo adeemsichaas ta'e ulaagaleen qulqullina maateriyaalii leenjii ifatti beekamuu dhabuu, kenna leenjiitiif adeemsi wal fakkaataa ta'e tokko jiraachuu dhabuu, haalaa fi ulaagaa ramaddii gulaaltotaa fi barreessitootaa ilaalchisee adeemsi ifa ta'e jirachuu dhabuu fi kkf ni caqasamu. Kun immoo kallattiinis ta'e al-kallatiidhaan uwwisa, qulqullinaa fi bu'a-qabeessumma leenjii irratti dhiibbaa akka uumaa ture ifa dha. Bu'uura qorannoo JBAH'tiin adeemsi kenni tajaajila leenjii hojiin duraa fi leenjii hojiirraa Instiitiyuutichaa keessa darbu, duraa duubaan, kan fakkii itti aanuun dhiyaate fakkaata.

⁴⁰⁶ Obbo Ahmad Jamaal, leenjisa ILOQH mootummaa Federaalaa fi abukaattoo seeraa, 05/02/2004.

Fakkii 9. Adeemsa kenna LHD



Fakkii 10. Adeemsa kenna LHI



Hojiirra oolmaa JBAH boodas rakkooleen armaan olitti ilaalaman gutumaan guutuutti furamaniiru jechuun hin danda'amu. Kallattii waliigalaa qorannoo JBAH'tiin kaa'ameen rakkoolee kanneen ilaalchisee haalli yaadotni furmaata ta'uu danda'an itti haammatamuuf yaalaman yoo jiraatanillee, tokkoon tokkoon rakkinoota kanaaf sirnii fi qajeelfamni ifa ta'ee fi bifa adda bahee fi akkaataa barbaachisuun taa'e hin jiru. Fakkenyaaf, qorannoon JBAH Instiitiyuutichaa ulaagaa qopheessaan moojulii fi gulaaltotni ittiin filaman, ulaagaa fi akkaataa leenjisaan koorsii leenjii tokko kennu ittiin filatamu⁴⁰⁷, akkaataa, eenyuu fi yeroo hammamiitti sakatta'iinsi bu'aa leenjii akka gaggeffamu⁴⁰⁸, akkaataa sakatta'iinsi fedhii leenjii itti raawwatamu⁴⁰⁹, itti-gaafatamummaa hooggansi, raawwattootni leenjii fi qaamoleen biroo bahachuu qabanii fi k.k.f ifatti adda baasee kaa'era jechuuf hin danda'amu. Kanaaf adeemsi kenna leenjii dhimmoota kanneen irratti haaluma baratama ta'een kan gaggeefamu dha.

Kana malees akkaataan qabiyyeen maateriyaalota leenjii itti murtaa'uu fi qaamni qulqullina isaanii to'atu sirnaan hundaa'e jiraachuu dhabuun rakkoo isa biraati. Keessattuu leenjiiwwan qaama alaa /maamila/ waliin ta'uun qophaa'an ilaalchisee madaallii, gamaaggamaa fi bulchiinsa sagantaawwan kanneenii irratti qaamoleen kunneen haalli itti hirmaatan uumamee hin jiru.⁴¹⁰ Akkasumas leenjiiwwan kennaman malawwan leenjii kam kam bu'uureffachuu akka qabanii fi naannawaa mijataa maloota leenjii ammayyaa hojiirra oolchuuf gargaaran ilaalchisee sirni ittiin hojjetamu hin jiru⁴¹¹. Kenna leenjii Instiitiyuutichaan walqabatee leenjifamtootni kaka'uumsa, fedhii fi xiyyeeffannoo

⁴⁰⁷ Filannoo fi calalliin leenjistootaa ogummaa fi beekumsa kan bu'uureffatu ta'ee, haalli itti ogeessotni qabatama hojiirraa hin fagaanne affeeraman jiraachuu qaba.

(Gaaffii afaanii hoji-qaggeessaa misooma humna namaa Instiitiyuutii Manaajimentii Itoophiyaa obbo Zannaba waliin qaggeeffame, 06/02/2004)

Dabalataanis calalliin leenjistootaa adda dureedhaan fedhii irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.

(Gaaffii afaanii obbo Tacaan Margaa, (MMWO)waliin taasifame, 23/02/2004)

⁴⁰⁸ Sakatta'iinsi bu'aa leenjii hammam yoo ture waggootii 2-3 keessatti hin gaggeeffamu yoo ta'e bu'a-qabeessummaa leenjii mirkaneessuu irratti dhiibbaa ni qabaata.

(Gaaffii afaanii hoji-qaggeessaa misooma humna namaa Instiitiyuutii Manaajimentii Itoophiyaa obbo Zannaba waliin qaggeeffame, 06/02/2004)

⁴⁰⁹ Fedhii leenjii sakatta'uu irratti instiitiyuutiin qofaa isaa qorannoo hanga gaggeessu hooggansa qaamolee maamila ta'anii fi dhimmamtootaa waliin ta'uun hojjechuu qaba.

(Gaaffii afaanii obbo Tacaan Margaa, (MMWO)waliin taasifame, 23/02/2004)

⁴¹⁰ Miiljalee olii kana.

⁴¹¹ Birhaanee Boggaalaa, Leenjistuu ILOQHQS, Gaaffii afaanii gaafa 15/05/2004 taasifame.

barbaachisu horachuuf kan dandeessisu haallii fi naannawaan jiru hanga barbaadamu mijataa miti⁴¹². Kaarikulamii leenjii qopheessuu, hojiirra oolchuu fi yeroo yeroon fooyyessaa deemuu waliin walqabatees kallattiin ifatti agarsiifame tokko hin turre.⁴¹³

Akkaataa calallii leenjifamtoota leenjii hojiirraa fi hariiroo hojii maamiltootaa fi qaamolee dhimmamtoota biroo waliin uumamuu qabu irrattis sirni ifa ta'e hin jiru.⁴¹⁴ Kenni tajaajila leenjii Instiitiyuutichaa hojiiwwan ijoo Instiitiyuutichaa kan ta'an tajaajila gorsaa fi gaggeessa qorannoo waliin akkaataan itti walitti hidhamee ('integrated') raawwatamuu danda'u bifa sirnaawaa ta'een kaa'amee hin jiru⁴¹⁵. Akkasumas leenjiin Instiitiyuutichaan kennamu bilisummaa abbaa seerummaa irratti dhiibbaa bifa hin uumneen akkaataa itti kennamuu fi haala carraan leenjichaa ogeessota seektara haqaa gara garaaf carraa walfakkaataa fi haqa-qabeessa ta'een itti kennamuu danda'u sirni ibsu ifatti taa'ee hin jiru⁴¹⁶. Maloota leenjiin ittiin kennamuu qabuu⁴¹⁷ fi akkaataa odeeffannoon qophii fi kenna leenjiif ciicata ta'u itti argamu ilaalchisees sirni kenna leenjii ifa ta'e hin turre⁴¹⁸. Gama biraatiin haalli leenjifamtootni leenjii hojiirraa itti filatamanii fi akkaataa kanneen dursa

⁴¹² Leenjifamtootni leenjii kennamuuf fedhii olaanaa fi miira dorgommiitiin hordofuu akka danda'an haalotni dandeessisoo ta'an uumamuu qabu. Akkasumas dhaddacha fakkii, waltajiiwwan marii fi falmiiwwan irratti gaggeeffaman (Colloquium) qopheessuu waliin walqabatee hojiiwwan dabalataa hojjetamuu qabu.

(Tasfaayee Nuwaay, qorataa seeraa ILOQHQS, waliin gaaffii afaanii gaafa 16/5/2004 qaqqeeffame.)

⁴¹³ Adduyaa Fullaas, leenjisa ILOQHQS, Gaaffii afaanii gaafa 15/05/2004 taasifame.

⁴¹⁴ Sagantaa leenjii Instiitiyuutiin kennuuf karoofatu manni murtii dursee beekuu fi karoorsa leenjii qophaahu irrattis haalli itti hirmaatu jiraachuu qaba.

(Gaaffii afaanii abbaa adeemsaa bulchiinsaa fi misooma humna namaa MMWO, obbo Bisoo Baqqalaa waliin godhame, 23/02/2004.)

⁴¹⁵ Gaaffii afaanii leenjisa ILOQHQS, obb. Shaambal Hordofaa, waliin gaafa 15/05/2004 taasifame.

⁴¹⁶ Leenjiin Instiitiyuutichaan kennamu qaamolee haqaa keessaa mana murtii irratti xiyyeeffachuun isaa gaarii ta'ullee qaamoleen haqaa kaan osoo hin dagatamiin ogeessotni isaaniis haalli leenjii madaalawaa ta'e itti argachuu danda'an uumamuu qaba. *(Gaaffii afaanii leenjistoota ILOQHQS, obb. Hasan Damissee, Kabbabaw Birhaanuu fi Dajanee Gammachuu waliin taasifame, Amajjii 15, 2004.)*

⁴¹⁷ Maloota kenna leenjii muraasa qofa gargaaramuudhaan kenna leenjii hawwataa fi bu'a qabeessa ta'e uumuun hin danda'amu. Kanaaf leenjistootni maloota kenna leenjii ammayyaa gara garaa fayyadamuudhaan akkaataan leenjii itti kennuu danda'an uumamuu qaba. Kunimmoo galma gahiinsa ergama adeemsa hojii leenjii Instiitiyuutichaatiif bakka olaanaa kan qabuu dha. *(Obbo Misqaanuu Mul'ataa, Haasaa waltajjii qamaaqqama raawwii hojii Instiitiyuutichaa kan kurmaana 1ffaa bara 2004 irratti taasisan irraa kan fudhatame.)*

⁴¹⁸ It is very important for training institutes to conduct timely workshops for training inputs.

(Gaaffii afaanii obbo Zakkaariyaas Qana'aa, Diinii Faakaltii seeraa Yuunivarsiitii Finfinnee waliin taasifame, 24/02/2004.)

argatanii leenjii irratti hirmaachuu qaban dursi itti kennamuuf kallattiin agarsiifame hin jiru.⁴¹⁹ Bu'a qabeessummaa baajata leenjii mirkaneessuuf sirni ifa ta'ee diriirees hin jiru⁴²⁰. Dhumarrattis sirna ture keessatti kaayyoowwan leenjii gara garaa galmaan gahuuf qajeeltoowwan kenni tajaajila leenjii ittiin gaggeeffamuu⁴²¹ fi tarsiimoowwan Instiitiyuutichi fayyadamu kan adda bahanii beekaman miti.

⁴¹⁹ Gaaffii Afaanii Obbo Tsaggaayee Maammoo Waliin Gaafa 24/02/2004 Godhame.

⁴²⁰ Akka fakkeenyaatti kaasuuf moojulii afaan amaariffaatiin qophaa'e gara afaan Oromootti kan hiikame waan hin taaneef, yaadannoo addaa qopheessuu fi kkf 'niif yeroo yerootti qabeenyii fi yeroon qisaasaaf saaxilamaa waan jiruuf bu'a qabeessummaa baajataa mirkaneessuun rakkisaa dha. (Obb. Waaqushee Duulee, Leenjisa ILOQHQS, waliin gaaffii afaanii gaafa 15/05/2004 taasifame irraa kan argame.)

⁴²¹ Leenjii Instiitiyuutichaan kennaman qajeeltoowwan ergamaa fi mul'ata Instiitiyuutichaa milkeessuuf dandeessisaniin gaggeeffamuu qabu. (Tafarii Baqqalaa, Qorataa seeraa ILOQHQS, gaaffii afaanii gaafa 17/05/2012 taasifame.)

4.5. YAADA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

4.5.1. Yaada Guduunfaa

Leenjiin adeemsa hanqina ogummaa raawwannaa hojii tokko irratti ogeessa mudatu yeroo gabaabaa fi giddu-galeessa keessatti furuuf fayyadu dha. Leenjiin kennamu tokko immoo bu'a qabeessa akka ta'u, sirna leenjichi itti kennamu diriirsuu fi haala mijataa ta'e uumuun qulqullinaa fi uwwisa leenjii mirkaneessuuf daran barbaachisaa dha. Hoggansaa fi adeemsa kenna leenjii ilaalichisees halli iftoomina qabu jiraachuun dirqama dha. Kana raawwachuudhaaf immoo itti gaafatamummaan hooggansaa fi raawwattoota leenjii akkuma jirutti ta'ee, jiraachuun imaammataa fi qajeelfama leenjii shoora olaanaa qaba.

Wiirtuulee fi dhaabbattootni tajaajila leenjii ammayyaa kennan hojiin isaanii bu'a-qabeessa, iftoomina kan qabuu fi sirnaawaa akka ta'u mirkaneessuf imaammata leenjii qorannoo irratti hundaa'uun qophaa'e qabu.

Instiitiyuutiin keenya garuu imaammata leenjii mataa isaa qopheeffatee hin qabu. Kun immoo haalli adeemsa kenna leenjii fi hoggansi leenjii iftoomina kan hin qabnee fi baratama qofa irratti akka hundaa'u taasiseera. Kanaaf leenjiin Instiitiyuutichaan kennamaa jiru hir'inoota gama qulqullina, ga'uumsaa fi uwwisa leenjiitiin jiran irraa kan ka'e, hanga irraa eegamu bu'aa barbaadame argamsiisuu hin dandeenye.

Kenniinsi tajaajila leenjii sirnaawaa ta'e bakka hin jirretti immoo sirna leenjii fedhii maamilaa bu'uureffate, waayitaawaa ta'e, dhaqqabummaa fi haqummaa qabu diriirsuun hin danda'amu. Kun immoo leenjiin qindaa'ina qabuu fi Walhubannaan gaggeeffamu akka hin uumamne gochuu irra darbee bu'a qabeessummaa baajataa mirkaneessuun akka hin danda'amne taasisa. Jecha waliigalaatiin dhabamuun imaammata leenjii bu'aan tarsiimowaa toora xiyyeeffannoo leenjii akka hin milkooofne, mul'atnii fi ergamni Instiitiyuutii galma akka hin geenye kan taasisuu dha.

4.5.2. Yaada Furmaataa

Institiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa hanqina gahuumsaa ogeessota qaamolee haqaa naannichaa leenjiidhaan furuudhaan dandeettii raawwachiistummaa isaanii cimsuun, toorawwan xiyyeeffannoo tarsiimowaa qabatee ka'e keessaa isa duraa ti. Itti gaafatamummaa isaa kana akkaataa barbaadameen bahachuuf hojii isaa bifa saayinsawaa ta'ee fi qulqullina qabuun raawwaachuutu irraa eeggama. Institiyuutichi leenjii gahuumsi olaanaan irratti calaqqise (excellence) kennuudhaan fooyya'iinsa kenna tajaajila haqaa naannichaa deeggaruudhaaf imaammata leenjii gahuumsa qabuun gaggeeffamuun daran murteessaa dha. Kanaaf akka yaada furmaataatti, leenjii kennamu ammayyaawaa fi sirnaawaa taasisuuf akkasumas rakkoowwan armaan olitti eeraman furuun akka danda'amu imaammata leenjii fi qajeelfamoota imaammatacha bu'uureffachuun qophaa'an qabaachuun dirqama dha.

Imaammatnii fi qajeelfamootni qophaa'anis rakkoolee gama qulqullinaa fi gahuumsa kenna leenjiitiin wal qabataniin mul'atan kanneen hundee irraa furuuf akkaataa dandeessisuun wiixineeffamuu qabu. Akkasumas imaammatachi uwwisni leenjii haqa-qabeessaa fi dhaqqaabummaan isaa mirkanaa'e akka jiraatu, hooggansii fi kenniinsi tajaajila leenjii sirnaawaa, walfakkaataa, si'aawaa, bu'a qabeessaa fi iftoomina kan qabu ta'uu akka danda'u kan gargaaru ta'uu qaba.

Dabalataanis imaammatni leenjii qophaa'u, akkaataa naannawaan leenjii mijataa ta'e itti uumamuu danda'u, leenjiin Institiyuutichaan kennamu meeshaalee, maateriyaalota leenjii qulqullina qabaniin fi leenjistoota gahuumsaa fi kaka'uumsa hojii qabaniin akka kennamu, tarsiimoowwanii fi qajeeltoowwan kenna tajaajila leenjii ammayyaawaa taasisaniifi sirni haqaa naannichaa akka guddatu gargaaran of keessatti hammatee wixneeffamuu qaba.

Qajeelfamni leenjii qophaa'uu qabus, kallattiiwwan imaammata leenjii keessatti akeekaman raawwachiisuuf kan gargaaru ta'ee wixineeffamuu qaba. Kanaan alattis, qajeelfamichi ulaagaa qopheessaan moojulii fi gulaaltotni ittiin filaman, ulaagaa fi akkaataa leenjisaan koorsii leenjii tokko itti kennu ittiin filatamu, akkaataa, eenyuunii fi

yeroo hammamiitti sakatta'iinsi bu'aa leenjii akka gaggeffamu, akkaataa sakatta'iinsi fedhii leenjii itti raawwatamu fi k.k.f ifatti adda baasee kaa'uu qaba.

Kana malees akkaataan qabiyyeen maateriyaalota leenjii itti murtaa'uu fi qaamni qulqullina isaanii to'atu qajeelfama leenjii kanaan ifatti adda bahuu qaba. Leenjiiwwan hariiroo qaama alaa /maamila/ waliin uumamuun qophaa'an ilaalchisees madaallii, gamaaggamaa fi bulchiinsa sagantaawwan kanneenii irratti qaamoleen kunneen haalli itti hirmaachuu danda'an ifatti adda bahee tumamuu qaba.

Akkaataa calallii leenjifamtoota leenjii hojiiirraa fi akkaataa hordoffii fi to'annaan leenjii mooraa keessatti kennamuu fi bakka shaakalliitti itti gaggeeffamuu danda'u imaammatachi uwwisuu danda'uu qaba. Kenni tajaajila leenjii Instiitiyuutichaa hojiiwwan tajaajila gorsaa fi gaggeessa qorannoo walitti dhufeenyi qabaachuu qaban akkasumas haalli haqa-qabeessummaan carraa leenjii itti mirkanaa'uu danda'u qajeelfamichaan bitamuu qaba. Maloota leenjiin ittiin kennamuu qabuu fi bu'a qabeessummaa baajata leenjii mirkaneessuuf sirni garagaaru akkasumas qajeeltoowwan kenni tajaajila leenjii ittiin gaggeeffamuu fi tarsii moowwan Instiitiyuutichi fayyadamuu qabu qajeelfamichaan adda bahanii agarsiifamuu kan qabanii dha.

Hooggansi Instiitiyuutichaas akkaataa imaammataanii fi qajeelfamni leenjii qophaa'u hojiiirra itti ooluu fi qaamoleen gara garaa sirna haaraa imaammatachaa diriiru raawwachiisuuf barbaachisan itti hundaa'an irratti kutannoodhaan hojjechuu qaba.

=====//=====